

سُورَةُ الْأَعْرَافِ  
Suuraa A`raaf

\*Dura dursoo suuran tun suuratu a`raaf je'anti.

قبل كل شيء هذه هي سورة الأعراف

\*Isiin suuraa makkaati aayata 163 - 170 malee isiin ta madiina'aati

وهي مكية الا الآيات ١٦٣ الي ١٧٠ فهي مدنية

\*Aayaanni isi'ii 206

وآياتها مائتين وست آية ٢٠٦

\*Lakkooyi isi'ii torba 7

وترتيبها { ٧ }

\* Isiin eega suuran {sgaad} buutee buute

نزلت بعد سورة {ص} .

\*Jalqabni dubbi'ii maqaa Rabbii qanani guddo'oo xiqqo'oon waa qananiisuti.

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ

1} \*Makgnaa jecha kanaa Rabbumaatu dhuga'aan beekha.

الْمَصِّ

\*Inni kun kitaaba qur'aanaa kan sirratti buufame,

كُنْتُ أَنْزِلَ إِلَيْكَ

\*Qur'aana kanarraa qalbiin tee sin rakkatin, yoon ummatatti geesse narraa qeebaluu didaniiti na kijibsiisan jettee,

فَلَا يَكُنْ فِي صَدْرِكَ حَرَجٌ مِنْهُ

\*Wanni qur'aanni sirratti buufameef akka azaaba inni dubbatuun warra amanuu dide sodaachiftu'uufi

لِنُنذِرَ بِهِ

2} \*Akka qur'aanni kun warra Rabbitti amaneef gorsa qajeello'oo kan addunya'aa aakhira'aa tayuufi sirratti buufne.

وَذَكَرَى لِلْمُؤْمِنِينَ

\*Wanni ummata keetin jettu waan Rabbii keessanirraa isinii dhufe qabadhaa jala deema sun qur'aanafii hadiisa nabiitii,

اتَّبِعُوا مَا أَنْزَلَ إِلَيْكُمْ مِنْ رَبِّكُمْ

\*Rabbii achitti awliyaa qabattanii isaan hin ibaadinaa waan Rabbiin irraa dhoowwe kan jinni'iifii namni itti isin ajaju hin dhagayinaa,

وَلَا تَتَّبِعُوا مِنْ دُونِهِ أَوْلِيَاءَ

3} \*Haa tayuu namni isinirraa gorfamu xiqqaadhaa nama xiqqa'aatu gorfamee azaaba Rabbii jalaa bayaa, gorsa qabadhaa .

فَلَيْلًا مَا تَذَكَّرُونَ

\*Warra gandaa yookaa biyyaa meeqaata-miitu jira, kan gorsinee gorfamuu didanii, balleessuu isaanii feenee,

\*Duuba garii isaanii azaaba keenya halkan

isaanitti dhufee isaan fixe, kan akka ummata nabi {luux} kan isaanii rafu, yookaa halkan dachiin isaanin gara galtee dhuman, sababaa isaan dilii irraa dhowwaman dhiisuu didaniif,

4} \*Ammoo garii isaanii azaabni guyyaa keessa itti dhufee balleesse, kan akka ummata nabi {shukgayb}.

\*Duuba jarri azaabni keenya itti bu'e sun , hoggaa azaaba argan waan biraa kan je'an hin qaban,

5} \*Numaatu dubbii Rabbii keenyaa dhagayuu didee if miidhee tanaaf azaabni nutti bu'e jechaa malee waan biraa hin je'an.

\*Guyyaa boruu warra anbi Yoonni itti ergame, dubbii ergamoota kiyyaa dhageessannoo hin dhageenye jenneeti gaafatu'uuf jiraanna,

6} \*Anbiyoota isaanitti ergames waanin an isiniin je'e ummatatti geessitan moo hin geessine jenneeti gaafatu'uuf jiraanna.

\*Waan isaan dalagan hunda ni beynaa isaanitti odeessu'uu teenya,

7} \*Waan isaan dalaganirraa nuti fagoo hin jirruu, hunda quba qabnaa isaanif odeessu'uu teenya, waan isaan jiddu'utti argame hunda.

\*Guyyaa qiyaamaadhaa dalagaa namaa

Miizaanun ,matuma dalaga'aa yookaa waan dalagaan keessatti katabamte miizaanun, miizaana haqaatin miizaanun, waan dhufaa jiraati kan shakkii hin qabne haqa,

\*Namni dalagaan isaa gaarin isaaf ulfaatte, dalagaa hamtuu inni dalagerraa caalu'uun,

8} \*Isaan sun warra milkaaye.

وَكَمْ مِنْ قَرِيْبٍ أَهْلَكْنَاهَا

فَجَاءَهَا بِأَسْنَابِنَا

أَوْ هُمْ قَائِلُونَ ﴿٤﴾

فَمَا كَانَ دَعْوَاهُمْ إِذْ جَاءَهُمْ بِأَسْنَا فَمَا كَانَ دَعْوَاهُمْ إِذْ جَاءَهُمْ بِأَسْنَا

إِلَّا أَنْ قَالُوا إِنَّا كُنَّا ظَالِمِينَ ﴿٥﴾

فَلَنَسْتَلَنَّ الَّذِينَ أُرْسِلَ إِلَيْهِمْ

وَلَنَسْتَلَنَّ الْمُرْسَلِينَ ﴿٦﴾

فَلَنَقُصَّنَّ عَلَيْهِم بِعَابٍ

وَمَا كُنَّا غَائِبِينَ ﴿٧﴾

وَالْوَزْنَ بِمِيزَانٍ يُسَبِّحُ

فَمَنْ تَقَلَّتْ مَوَازِينُهُ فَمَنْ تَقَلَّتْ مَوَازِينُهُ

فَأُولَئِكَ هُمُ الْمُفْلِحُونَ ﴿٨﴾

\*Ammoo namni miizaanni dalagaa isaa saphlate dalagaan isaa hamtuun dalagaa isaa gaari'irra caaltee saphlate,

\*Isaan warra lubbuu isaanii Khasaare ,takkaayuu balleesse, waan ibbidda isii geessaniif jecha,

9} \*Sababaa isaan aayata keenya dura dhabbataniif yookaa itti kafaraniif, addunya'aa aakhira'atti khasaaraman.

\*Yaa ilmaan aadam dhugu maan akka addunyaa tannarra qubattan isin goone, takkaa isinii mijeesine,

\*Waan jiraattaniin kan akka nyaataa dhugaati'ii uffataa, waan keessa galtanii isinii uumnee

10} \*Duuba sanumaan wajji namni qananii tanarratti galata nuu galchu nama xiqqa'.

\*Nutu abbaa keessan aadam uumneti, biyyee bordodorraa kan suuraa hin qabne

\*Eegasii suuraa namatti isa sawwarree isinii ruuhgin teessan dudda isaa keessa jirtu,

\*Duuba eega aadam akkasitti uumnee, malaaykaadhan aadamiif gad je'aa, yookaa sujuudaa jenne,sujuuda kabaja'aa, mata'aan gad je'uudhan,

\*Duuba malaaykonni dubbii Rabbii isaanii dhagayanii sujuudan

\*Ibliis malee,inni nama ibaadaa Rabbii keessatti akkaan hoonga gaye,

11} \*Inni warra sujuuderraan taane, inni hin sujuunne jechu'.

\*Duuba Rabbiin ibliisiin akki je'e; hoggaa-dhan aadamii sujuudu'utti si ajaje maaltu sujuuduu si dhoowwe je'een? .

\*Jennaan wannin isaa hin sujuudiniif anaatu isarra caala, nama naa gadiitii gad hin je'uu, je'e,

12} \*Maalif ana aara ibiddarraa na uumtee

وَمَنْ حَفَّتْ مَوَازِينُهُ

فَأُولَٰئِكَ الَّذِينَ خَسِرُوا أَنفُسَهُمْ

بِمَا كَانُوا بِآيَاتِنَا يَظْلِمُونَ ﴿٩﴾

وَلَقَدْ مَكَّنَّاكُمْ فِي الْأَرْضِ

وَجَعَلْنَا لَكُمْ فِيهَا مَعَالِيشَ ۗ

فَلِيْلًا مَّا تَشْكُرُونَ ﴿١٠﴾

وَلَقَدْ خَلَقْنَاكُمْ

ثُمَّ صَوَّرْنَاكُمْ

ثُمَّ قُلْنَا لِلْمَلَائِكَةِ اسْجُدُوا لِآدَمَ

فَسَجَدُوا

إِلَّا إِبْلِيسَ

لَمْ يَكُنْ مِنَ السَّاجِدِينَ ﴿١١﴾

قَالَ مَا مَنَعَكَ أَلَّا تَسْجُدَ إِذْ أَمَرْتُكَ ۗ

قَالَ أَنَا خَيْرٌ مِنْهُ

خَلَقَنِي مِنْ نَّارٍ وَخَلَقْتَهُ مِنْ طِينٍ ﴿١٢﴾

ammoo aadam bordodarraa uumtee je'e, akkana jechuun isaa ibiddaatu biyye'erra caala jechu', haa tayuu yaanni isaa kun dhuga'aa miti waa heddu'uuf sanirraa biyyeen wahi magarsitii ibiddi waan magarsu.

\*Duuba Rabbiin ibliisiin akki je'e: jannatarraa bu'i, yookaa sami'irraa bu'i,

قَالَ فَاهْبِطْ مِنْهَا

\*Jannata keessatti if guddiftee ,dubbii tiyya diduu hin qabduu jannaanni bakka dubbii Rabbii itti dhagayan malee, bakka dubbii Rabbii itti didanii mitii,

فَمَا يَكُونُ لَكَ أَنْ تَتَكَبَّرَ فِيهَا

13} \*Jannatarraa bayi ati warra xiqqeenya haqa godhaterraayii je'een.

فَأَخْرَجَ إِنَّكَ مِنَ الصَّغِيرِينَ ﴿١٣﴾

14} \*Jennaan ibliis wanni je'ee Rabbii kha-dhate; yaa Rabbii hanga guyyaa kaafamanitti na dhiisi ,booda na aansii nan ajjeesinii.

قَالَ أَنْظِرْنِي إِلَى يَوْمِ يُبْعَثُونَ ﴿١٤﴾

15} \*Jennaan ati warra hanga guyyaa qiyaa-ma'atti du'arraa maaramee deemi ,je'een.

قَالَ إِنَّكَ مِنَ الْمُنظَرِينَ ﴿١٥﴾

\*Jennaan ibliis wanni je'e; yaa Rabbii waan ati na jallifteef,

قَالَ فِيمَا آغَاوَيْتَنِي

16} \*Ilmaan aadamiif karaa kee qajeela'arra taa'etan irraa isaan jallisa.

لَأَقْعُدَنَّ لَهُمْ صِرَاطَكَ الْمُسْتَقِيمَ ﴿١٦﴾

\*Eegasii gama fuula isaanitiinan itti dhufa,

ثُمَّ لَا تَبِيبُهُمْ مِنْ بَيْنِ أَيْدِيهِمْ

\*Gama boodatiinis ittin dhufa ,

وَمِنْ خَلْفِهِمْ

\*Gama mirgaa bitaa isaanitiinis ittin dhufa ,akkana jechuun; karaa hundaanan isaanitti dhufee isaan jallisaa jechu'u, karaa lama malee sun karaa gubba'aafii jalaatii,

وَعَنْ أَيْمَانِهِمْ وَعَنْ شَمَائِلِهِمْ

17} \*Duuba irra hedduu ilmaan aadam kan sitti amanu hin agartu yaa Rabbii je'een.

وَلَا تَجِدُ أَكْثَرَهُمْ شَاكِرِينَ ﴿١٧﴾

\*Jennaan Rabbiin ibliisiin akki je'e: xiqqeenyan,

قَالَ أَخْرَجَ مِنْهَا

\*Rahgmatarraa fageeffama'aa jannatarraa bayi je'een,

مَذْمُومًا مَدْحُورًا

\*Nama ilmaan aadamirraa dubbii tee dhag-ayee karaa kiyyarraa maqee si jala deeme,

لَمَنْ يَبْعَكَ مِنْهُمْ

18} \*Isaanifii isin hundaanan mana azaabaa guutaa deemi je'een.

لَأَمْلَأَنَّ جَهَنَّمَ مِنْكُمْ أَجْمَعِينَ ﴿١٨﴾

\*Rabbiin eega aadam uumee jaartii isaa hawwaa uumee,wanni aadamiin je'e; yaa aadam siifii jaartin tee jannata keessa taa'aa yookaa qubadhaa,

وَيَتَادَمُ أَسْكُنُ أَنْتَ وَزَوْجُكَ الْجَنَّةَ

\*Waan Rabbiin jannata keessatti uume akka feetanitti bakka feetanirraa waan feetan nyaadhaa,

فَكُلَا مِنْ حَيْثُ شِئْتُمَا

\*Muka tokkicha kanatti hin dhiyaatinaa malee, sun muka qamadi'iiti isa hin nyaatinaa

وَلَا تَقْرَبَا هَذِهِ الشَّجَرَةَ

19} \*Yoo muka kana nyaattan warra if miidherra taatanii waan biraa dhiisii, if miidhuu keessa, wayaan isin uffattan tun isinirraa buuteti qaanoytanii beekaa je'een.

فَتَكُونَا مِنَ الظَّالِمِينَ ﴿١٩﴾

\*Duuba sheyxaanni yookaa ibliis kan saba-

فَوَسَّوَسَ لَهُمَا الشَّيْطَانُ

baa aadamiin rahgmata Rabbirraa darbame,kan aadamiifii ilmaan isaa hanga guyyaa qiyaama'atti karaa Rabbirra jallisu'uu kakate aadamiifii hawwaa waswaasee, takkaayuu waan hin jirre itti fakkeessee, akka muka Rabbiin irraa isaan dhoowwe san nyaatan isaan godhe,

\*Akka isaan lamaanif mul'isuuf,

لِيُبْدِيَ لَهُمَا

\*Waan namni irraa saalfatu kan qaama

مَا وَرَى عَنْهُمَا مِنْ سَوَاءٍ تَيْهَمَا

isaanirraa duraan isaanirraa dhokate hoggaa muka san nyaatan huccuun irraa buutee, qaamni isaanii mul'atee, haa qaanawani'iif jecha, muka san nyaatu'utti isaan kaase,

\*Ibliis wanni isaanin je'e; Rabbiin waan biraatif qamadii nyaatu'urraa isin hin dhoowwine,

وَقَالَ مَا نَهَاكُمَا رَبُّكُمَا عَنْ هَذِهِ الشَّجَرَةِ

\*Akka isin malaaykaa taatan jibbansaafi malee ,yoo {malikayni} jennee qaraane magnaan isaa akka muka san nyaattanii motummaa argattan jibbansaafi malee jechu',

إِلَّا أَنْ تَكُونَا مَلَائِكَةً

20} \*Takkaa wanni Rabbiin muka san

أَوْ تَكُونَا مِنَ الْخَالِدِينَ ﴿٢٠﴾

nyaatu'urra isin dhoowwef muka san nyaattanii warra zalaalamii jannata keessa taa'ee qanani'urraa tayuu keessan jibbansaafi malee waan biraatif irraa isin hin dhoowwine je'een.

21} \*Duuba sheyxaanni yookaa ibliis Rabbiin isaanif kakatee akki je'e; an nama waan gaarii isiniif yaaduu, dubbiin akkan isiniin

وَقَالَ لَهُمَا إني لَكُمَا مِنَ النَّاصِحِينَ ﴿٢١﴾

je'e kanaa muka san nyaadhaa je'een.

\*Akkasitti {ibliis} aadamiifii hawwaa waan Rabbiin irraa isaan dhoowwe keessa buuse, waan hin jirre itti odeessee muka nyaatu'utti isaan kaasee,

\*Duuba hoggaa muka sanirraa waa nyaatan, yookaa dhandhaman

\*Isaan lachuufuu bakki irraa Qaanfatan tan isaan lamaanii isaanif mul'atte, isaan lachuu ta ifiitifii ta kaanillee arganii,

\*Duuba baala muka jannataa bakka qaani`ii

tan qaama isaanirraa mul'atetti maxxansu'utti seenan, dawoo godhatu'uu, jecha xafiqaa jechuun ;seenan jechu', {yakhsgifaani} jechuun ; maxxansan jechu',

\*Duuba hoggaa aadamiifii hawwaan muka irraa dhoowwaman nyaatan, Rabbiin isaan yaamee akki je'een; maalif nyaattan?,

\*An muka isin lamaan nyaattan sanirraa isin hin dhoowwinee,

**22** \*Sheyxaanni xilaata yookaa diina keessan mul'ata'aa dubbii isaa hin dhagayinaa isin jallisaa isiniin hin jennee? Je'een.

\*Jennaan aadamiifii hawwaan sheenayanii rifatanii ,yaa Rabbii keenya nuti sitti ball-eessinee lubbuu teenya miinee,

\*Yoo balleessaa teenyarra nuu dabartee nuuf araaramuu baatte

\*Ammallee yoo rahgmata nuuf godhuu baatte

**23** \*Warra badee khasaaramerraa taanaa yaa Rabbi nuuf araaramii rahgmata nuuf godhi je'anii Rabbii ifii khadhatan.

\*Duuba Rabbiin aadamiifii hawwa'aan jannataa bu'aa ,ilmaan horu'uu teessaniin wajji je'een

\*Gariin ilmaan keessanii garii isaanitiif xilata yookaa diinaa

\*Bakkeen isin qubattan dachiidhaa,

فَدَلَّهُمَا بِغُرُورٍ

فَلَمَّا ذَاقَا الشَّجَرَةَ

بَدَتَ لَهُمَا سَوْءَٰهُمَا

وَطَفِقَا يَخْصِفَانِ عَلَيْهِمَا مِن وَرَقِ الْجَنَّةِ

وَنَادَاهُمَا رَبُّهُمَا

أَلَمْ أَنهَكُمَا عَن تِلْكَ الشَّجَرَةِ

وَأَقُلَّ لَكُمَا إِنَّ الشَّيْطَانَ لَكُمَا عَدُوٌّ مُّبِينٌ ﴿٢٢﴾

قَالَا رَبَّنَا ظَلَمْنَا أَنفُسَنَا قَالَا رَبَّنَا ظَلَمْنَا أَنفُسَنَا

وَإِن لَّمْ تَعْفِرْ لَنَا

وَتَرْحَمَنَا

لَنَكُونَنَّ مِنَ الْخَاسِرِينَ ﴿٢٣﴾

قَالَ أَهْبِطُوا

بَعْضُكُمْ لِبَعْضٍ عَدُوٌّ

وَلَكُمْ فِي الْأَرْضِ مُسْتَقَرٌّ

24} \*Ammallee bakkeen isin itti hanga jirtan qananiitan wanni isin qananiitaniin dachii keessatti isinii uumnee gama dachi'ii bu'aa je'een.

وَمَتَّعْنَا إِلَىٰ حِينٍ ٢٤

\*Ammas Rabbiin akki je'e; isin lafarra jiraattan, yookaa jiruun teessan lafarra

قَالَ فِيهَا تَحْيَوْنَ

\*Lafa keessatti duutan, bakki isin itti awwaalamtan lafa , yookaa dachi',

وَفِيهَا تَمُوتُونَ

25} \*Bakkeen guyyaa qiyaama'aa irraa

وَمِنْهَا تُخْرَجُونَ ٢٥

kaatanii jannatatti deebitanis lafa yookaa dachi'ii, asii bayaa yoo isin lamaan qofti ar'a jannataa baatan boru heddommaattaniiti itti debitaniin, anbiya'aa awliyaa ilmaan keessaniitin wajji ,qananiin jannataatin qanani'uudhaa jecha, kun aadamiifii hawwa'aa rahgmata godhuu je'ama ,silaa odo isaana qixaaxee isaan ajjeesee dabranii ,takkaa jannatuma keessatti isaan dhiisee, qananiin nabi aadam ilmaan isaatin wajji argatu hin argamtu, addunyaan tun hin jaaramtu, qananiin Rabbiin addunya'arratti uume abbaan argattu akkasuma jannataafii azaabni warra isaan guutu hin argatu namni gaari'iiifii hammalleen addaan hin beekamu.

\*Yaa ilmaan aadam waan uffattan isinii uumnee jirra, jibrii tayuu, gogaa tayuu, rifeensa tayuu

يَنبِيِّءَ آدَمَ قَدْ أَنْزَلْنَا عَلَيْكَ لُبَاسًا

\*Kan bakka qaani'ii, yookaa waan qaama keessanirraa mul'atuu qaanfattan isinii dhooysu, kan ifiin bareechitan,

يُوزَىٰ سَوَاءَ تَكْتُمُ

\*Akkasuma baallii isinii uumnee jirra

وَرِدِيْنَا

akka ifiin bareechitaniif jecha, uffanni gariin kan uffatuun isaa dirqi'iiti ,kan akka waan jilbaafii handhura jiduu jiru dhoysuudhaa uffatanii, maalif waan jilbaafii handhura jiduu jiru waan jaartii ifiin tayinirraa dhoysuun dirqi', akkasuma salaata keessatti dhoysuun gididi'ii, akkasuma dhalaan alaga'arraa qaama ifii hunda dhoysan dirqi', akkasuma dhalaan dhiirarraa qaama isi'ii dhoysuun isi'iratti jira jaarsa isi'ii malee, ammoo dhalaan waan fuulafii shanachan tayin dhoysuu , salaata keessatti, ammoo waan akka imaamataa uffatuun sunna', waa-jibaa miti,

\*Haala gaari'iin yookaa dalagaa gaari`iin

وَلِبَاسِ التَّقْوَىٰ ذَٰلِكَ خَيْرٌ

if boonsu'uutu yookaa if bareechu'uutu wayaa yookaa huccuu uffataniin if boonsu'urraa caala, namni gaarin wayuma taate yoo uffate irraa bareeddi, ammoo namni haala hammaatu huccuu bareeddullee uffatu inni waan bareedu,

\*Waan uffatan waan saala isaanitiin dhoy-  
fatanii isaan boonan isaanii uumun,

\*Alaamaa dandeytii Rabbiiti milikkata Rab-  
biin rahgmata isaanii godhu'uutii, isaan yaa-  
dachiisi,

26} \*Akka yoo kana beekan galata Rabbii  
galchaniiti itti amanan.

\*Yaa ilmaan aadam,

\*Sheyxaanni isin hin jallisin, isa jala de-  
mtanii hin jallatinaa jechu',

\*Akka abbaadhafii haadha teessan jannataa  
baasetti, waan Rabbiin irraa isaan dhoowwe  
dalaysiisee isaan aadamiifii hawwa'aa,

\*Isaa sababaa sanii uffata isaanirraa fuudhu,  
kafana isaanirraa fuudhu,

\*Waan isaan irraa qaanfatan isaan garsi isu-  
'uu jecha, huccuun irraa buutee, duraa duuba  
walii arganii, duuba akka isaan lamaan qa-  
anessetti waan hamtuu isiin dalaysiisee isin  
hin qaanessin,

\*Sheyxaanafii cifraan isaa jinniin isin argan

\*Kan isin isaan hin agarre, waan isaan akka  
qilleensaa tayaniif, yookaa bifa dhabaniif  
jecha

27} \*Nutii sheyxaana awliyaa warra Rabbitti  
hin amanneeti goone kan waan hamtu'utti  
isaan yaamee isan gargaaru.

\*Warri Rabbittin amanne sun, hoggaa waan  
hamtuu dalagan, kan akka Rabbitti waa qi-  
ndeesu'uu faa, duuba maalif waan kana da-  
laydan je'anii gaafatan,

\*Abbootii teenya dalagaa ta narratti agarree  
isaan jala deemnee dalayne je'en,

\*Ammas akki je'an; waan hamtuu sanitti  
Rabbiitu nu ajajee jira je'an

\*Rabbiin waan hamtu'utti nama hin ajaju  
ji'iin

28} \*Si waan hin beyne kijiba Rabbirraa ke-  
essanii? Isaatu waan kana dalagaa nuun je'e

ذَلِكَ

مِنْ آيَاتِ اللَّهِ

لَعَلَّهُمْ يَذْكُرُونَ ﴿٣٦﴾

بَيْنِي وَآدَمَ

لَا يَفْنَىٰ تَعْمَلُونَ الشَّيْطَانُ

كَمَا أَخْرَجَ أَبَوَيْكُم مِّنَ الْجَنَّةِ

يَنْزِعُ عَنْهُمَا لِبَاسَهُمَا يَنْزِعُ عَنْهُمَا لِبَاسَهُمَا

لِيُرِيَهُمَا سَوْءَٰتِهِمَا

إِنَّهُ يَرَبُّكُمْ هُوَ وَقَبِيلُهُ

مِنْ حَيْثُ لَا تَرَوْنَهُمْ

إِنَّا جَعَلْنَا الشَّيْطَانَ أَوْلِيَاءَ لِلَّذِينَ لَا يُؤْمِنُونَ ﴿٣٧﴾

وَإِذَا فَعَلُوا فَحْشَةً

قَالُوا وَجَدْنَا عَلَيْهَا آبَاءَنَا

وَاللَّهُ أَمَرَنَا بِهَا

قُلْ إِنْ أَرَادَ اللَّهُ لَا يَأْمُرُ بِالْفَحْشَاءِ

أَتَقُولُونَ عَلَى اللَّهِ مَا لَا تَعْلَمُونَ ﴿٣٨﴾



jettannii? ji'ii.

\*Ammas akki jettuun; Rabbiin qixxuma'atti ammare, yookaa ajaje ji'iin, duuba waan inni je'u dhagayaa,

\*Rabbii keessaniif sujuudaa ibaadaa isaaf qulqulleessaa, waan biraatii hin salaatina'aa isumaaf salaataa bakka hundatti,

\*Isuma ibaada'aa, isuma yaammadhaa,

\*Iimaana keessan isaaf qulqulleysaa, waan

biraa hin ibaadinaa dubbii isaa dhagayaa, namni tokkumaa Rabbii yaadee, salaata shanan guutee salaatee, zaka'a guutee baafatee, soomana ramadgaanaa soomanee, hgajji'ifii umraa godhe, dhugumaan Rabbii isaa dhagayee jannata Rabbii isaa seenuu haqa godhate, akka nabi Muhammad nageenyi isarratti haa jiraatuu nuu odeessan,

\*Rabbiin akkuma isinii hin jirre isin uumee, isin jiraachisee eegasii isin ajjeesu,

**39** \*Akkuma sanitti eega duutani deebitan, Rabbiin keessan isin jiraachisee isin deebisa, guyyaa qiyaama'aa.

\*Garii keessan karaa gaarii qajeelchee hanga jannata argatutti,

\*Ammoo garii keessan jallinni itti muraamee, hanga azaaba seenu takkatti,

\*Wanni Rabbiin jallina isaanitti mureef isaanu Rabbi achitti waan biraatin Rabbi je'ee qabate owliyaa yookaa aanaa godhatee, waan akka mukaa {taabotaa} yookaa jini'ii yookaa namaa,

**30** \*Jarri Rabbi dhiisee waan biraatin Rabbi je'u sun sun oduma akkatti jallinarra jiranuu waan qajeelan if seyan.

\*Yaa ilmaan aadam wayaa owraa takkaa

saala isin dhoysitu fudhadhaa uffadhaa, yoo dhiira taate waan qaama keessanirraa handhuraafii jilba jiduu jiru dhoysu', yoommoo dhalaa taate waan qaama isiidharraa shananchaafii fuula malee jiru dhoysu',

\*Bakka salaattan hundatti akkasuma hoggaa xawaaftan, kakgbaadhan hoggaa torba naa-

قُلْ أَمَرَ رَبِّي بِالْقِسْطِ

وَأَقِيمُوا وُجُوهَكُمْ عِندَ كُلِّ مَسْجِدٍ

وَادْعُوهُ

مُخْلِصِينَ لَهُ الدِّينَ

كَمَا بَدَأَكُمْ

تَعُودُونَ ﴿٣٩﴾

فَرِيقًا هَدَىٰ

وَفَرِيقًا حَقَّ عَلَيْهِمُ الضَّلَالَةُ

إِنَّهُمْ اتَّخَذُوا الشَّيَاطِينَ أَوْلِيَاءَ مِن دُونِ

اللَّهِ وَيَحْسَبُونَ أَنَّهُم مُّهْتَدُونَ ﴿٣٠﴾

يٰٓبَنِي آدَمَ خُذُوا زِينَتَكُمْ

عِندَ كُلِّ مَسْجِدٍ

nnoytan huccuu yookaa wayaa qaama isin  
dhoysitu uffadhaa,

\*Waan Rabbiin halaal isinii godhe nyaadhaa ammas dhugaa,

\*Wasanaa yookaa daanga'aa hin bayinaa nyaataa dhugaatii keessatti ifirra dabarsu'uun ,takkaa horii bakka hin malletti hin baasinaa jechu',

**31** } \*Rabbiin warra daangaa yookaa wasanarraa bayu hin jaalatu.

\*Eenyu namni faaya Rabbii, uffata, haraam yookaa dhoowwama godhe?,

\*Kan Rabbiin gabroottan isaatif uume

isaatif uume. uffata mukarraa uume kan akka jibri'iitayuu, kan hori'irraa uume kan akka rifeensaa tayuu, kan akka raamo'orraa uume, kan akka hgariiraa tayuu,

\*Eenyu namni waan mi'ooytuu nyaataa dhugaati'irraa Rabbiin gabroottan isaatii hire isaanirratti haraam godhe? ji'iin,

\*Yoo gaafii tanaa deebisaa kennuu baatan

nyaanni gaari'iifii uffanni gaarin addunyaa tanarratti kan warra Rabbitti amanee ji'iin, isaantu qananii Rabbii isaanii haqa godhataa, tanaaf jecha warri Rabbitti kafare waan inni uume nyaatanii uffatuun haqa warra Rabbitti amanee saamuu je'ama,

\*Ammoo guyyaa qiyaama`aa nyaanni gaar-

i'iifii uffanni gaarin hundinuu wannummaan qananii Rabbii teye hundi tan warra Rabbitti amanee qofa, waa takka warri Rabbitti balleesse qooda irraan fudhatu, qooda irraa fudhatuu dhiisii waan addunyaa keessatti ittiin qanani'an hundarraa gaafatamaniiti qixaaxaman,

\*Akkasitti dubbii teenya yookaa aayata keenya ibsina,

**32** } \*Warra waa beekhu kan dubbii qabaatuuf, yookaa warra waan dhagayee akkaan laalee baruuf.

\*Wanni Rabbiin kiyya irraa dhoowwe dilii gurguddoo hamtuu akka zina'aa, yookaa gumna'aafa'a ji'iin,

وَكُلُوا وَاشْرَبُوا

وَلَا تَسْرِفُوا

إِنَّهُ لَا يُحِبُّ الْمُسْرِفِينَ ﴿٣١﴾

قُلْ مَنْ حَرَّمَ زِينَةَ اللَّهِ

الَّتِي أَخْرَجَ لِعِبَادِهِ

وَالطَّيِّبَاتِ مِنَ الرِّزْقِ

قُلْ هِيَ لِلَّذِينَ آمَنُوا فِي الْحَيَاةِ الدُّنْيَا

خَالِصَةً يَوْمَ الْقِيَامَةِ

كَذَلِكَ نَفْصَلُ الْآيَاتِ

لِقَوْمٍ يَعْلَمُونَ ﴿٣٢﴾

قُلْ إِنَّمَا حَرَّمَ رَبِّي الْفَوَاحِشَ

\*Dilii sanirraa waan mul'isanii dalaganiifii  
,waan dhoysa'aan dalaganillee

مَا ظَهَرَ مِنْهَا وَمَا بَطَّنَ

\*Ammallee cubbuu haraam godhe,

وَالْآيَاتِ

\*Haqaan male'etti nama miidhuu Rabbiin  
dhoowwe yookaa haraam godhe,

وَالْبَغْيَ بِغَيْرِ الْحَقِّ

\*Ammas wanni Rabbiin haraam godhe  
Rabbii isin uumetti waa qindeessu'

وَأَنْ تُشْرِكُوا بِاللَّهِ

\*Waan ragaa ittin qabne yookaa ragaa isaa  
Rabbi hin buusin,

مَا لَمْ يُزَلِّ بِهِ سُلْطَانًا

33} \*Ammas wanni haraam godhe waan

وَأَنْ تَقُولُوا عَلَى اللَّهِ مَا لَا نَعْمُونَ ﴿٣٣﴾

Rabbiin hin je'in Rabbiitu je'e jettanii waan hin beyne kijiba Rabbirra kaayu',  
waan Rabbiin haraam hin godhin Rabbiitu haraam godhe jettanii, waan kana  
fakkaataa isarra keessanii, kun waan irratti qixaaxa haqa godhattan ji'iin.

\*Ummanni hundinuu waytii yookaa yaroo  
isii keessa balaan isaanitti buutu yookaa  
keessa dhuman qaban,

وَلِكُلِّ أُمَّةٍ أَجَلٌ

\*Duuba hoggaa waytiin isaanii geesse wa-  
ytiin Rabbiin balaa isaanitti buusu'uu yoo-  
kaa isaan ajjeessu'uu qabe yoo dhufte ,

فَإِذَا جَاءَ أَجْلُهُمْ

\*Saa'aa takka irraa boodan aanan, booda  
aanuu barbaadullee hin qaban,

لَا يَسْتَأْخِرُونَ سَاعَةً

34} \*Waytii san durallee hin dabran wanni  
Rabbiin fedhe waytii inni fedhe keessatti  
arganti.

وَلَا يَسْتَفِيدُونَ ﴿٣٤﴾

\*Yaa ilmaan aadam,

يَا بَنِي آدَمَ بَسِّئْ أَدَمَ

\*Yoonif isinitti dhufe,

إِمَّا يَأْتِيَنَّكُمْ

\*Ergamoonni isinirraa taye kanneen ilmaan  
aadamirraa ilmaan aadamitti ergine yoo  
isinitti ergaman

رُسُلٌ مِنْكُمْ

\*Kan qur'aana kiyya isinirratti qara'an, kan  
dubbii tiyya isinitti geessan yoo isinitti dhu-  
fan dubbii isaanii dhagayaa,

يَقُصُّونَ عَلَيْكُمْ عَائِيًا

\*Duuba namni isinirraa dubbii ergamoota  
kiyyaa dhagayee Rabbi sodaatee, Rabbitti  
waa qindeessuu dhabee,

فَمَنْ أَتَقَى

\*Waan hamtuu dhiisee waan gaarii dalagee  
waa hunda tolche

وَأَصْلَحَ

\*Addunya'arratti waan sodaatan hin qaban, sababaa waan qixaaxa addunya'arratti isaanitti fidu hundarraa fagaataniif jecha

فَلَا خَوْفٌ عَلَيْهِمْ

35} \*Aakhira'attis hin yaaddawan waan, waan fedhan hunda argataniif jecha.

وَلَا هُمْ يَحْزَنُونَ ﴿٣٥﴾

\*Ammoo jarri isinirraa shari'aa Rabbii yookaa aayata keenya kan ergamoonni dhufeen takkaa ergameen khijibiise,

وَالَّذِينَ كَذَّبُوا بِآيَاتِنَا

\*Natti amanuu didanii, dubbii tiyya qeebal-u'urraa if guddisan

وَأَسْتَكْبَرُوا عَنْهَا

\*Isaan warra ibiddaati,

أُولَئِكَ أَصْحَابُ النَّارِ

36} \*Isaan warra zalaalamii ibidda azaabaa keessa taa'ee gubatu, kan hoggaa qaamni isaanii bilchaate hunda ,qaamni isaanii jirjiramee haarawoomfamu akka laalaa arguuf jecha.

هُمْ فِيهَا خَالِدُونَ ﴿٣٦﴾

\*Eenyu namni nama kijiba Rabbirra kaaye-

فَمَنْ أَظْلَمُ مِمَّنْ افْتَرَىٰ عَلَى اللَّهِ كَذِبًا

rra cubbuu dalage, nama rabbiin fakkaataa qaba yookaa ilma qaba je'ee waan rabbiin hin qabne ni qaba je'ee kijiba Rabbirra kaayerra namni dilii yookaa cubbuu dalage, eenyu? namni isarra cubbuu dalage hin jiru jechu', waan Rabbitti waa qindeessun irra guddoo dili'ii taatef jecha,

\*Takkaa nama qur'aana Rabbii kijibiiserra namni cubbuu dalage eenyu ? hin jiru jechu',

أَوْ كَذَّبَ بِآيَاتِهِ

\*Jara san qoonni isaanii isaan tuqa,

أُولَئِكَ يَنَالُهُمْ نَصِيبُهُمْ

\*Waan Rabbiin isaanii hirerraa waan

مِنَ الْكُذِبِ

Rabbiin isaanii addunyaa tanarratti ni argatan je'ee katabee dabarse, umrii tayuu, rizqii tayuu, waan biraa tayuu isaan hin hanqatuu ni argatan, Rabbiin isaan jallatan jecha'aaf nyaatafii dhugaatii isaan hin dhoowwatu,

\*Duuba gaafa umriin isaanii dhumtee ergamoonni keenya malaaykan isaan ajjeessu'uuf yookaa lubbuu orma kuffaaraa fuudhu'uuf itti dhufte,

حَتَّىٰ إِذَا جَاءَهُمْ رَسُولُنَا يُتَوَفَّوْنَهُمْ

\*Malaaykan orma kuffarratiin mee wanni isin Rabbii achitti gabbaruu turtan eesa jirti jette,

قَالُوا آئِنَ مَا كُنْتُمْ تَدْعُونَ مِن دُونِ اللَّهِ

\*Orma kuffaaraa waani je'u wanni nuti ibannu yookaa gabbaru turre nu jalaa badee if

قَالُوا صَلُّوا عَلَيْنَا

biraa hin agarre je'an,

\*Akkasitti kuffaarri hoggaa duuti itti dhuftee malaaykan lubbuu isaanii fuutu isaan gaafatte ragaa ifitti bayan,

37} \*Akka isaan warra Rabbitti kafare tayan.

\*Duuba Rabbiin wanni orma kuffaaratiin je'e; warra jinni'iifii namarraa Rabbitti kafare kan isin dura dabreen wajji ibidda seenaa je'een ,

\*Duuba tuutti ibidda seentu hundi hoggaa ibidda seentu tuuta kuffaaraa tan isii dura ibidda seente abaarti, isinirratti laallannee kafarree ibidda kana seenuu muddanne jettee

\*Hanga hoggaa tuutti kuffaaraa hundi ibida seentee ibidda keessatti wal geessu

\*Tuutti nama jala deemtee kafarte jetutti ,

\*Warra durfamaa, matoota isaanitiin,

\*Yaa Rabbii keenya orma matooti'ii kanaatu karaa keetirraa nu jallisee

\*Qixaaxa ibiddaa dachaa godhii isaanii kenni je'an,

\*Jennaan Rabbiin akki je'e; isin hundinuu, warri kafare, mooti'ii mooyamaa keessaniif, azaaba ibidaa dacha'aatu jira,

38} \*Haa tayuu isin hin beytan.

\*Matootin durfamtoonni wanni jette,

\*Warra isaan booda deemee jallateen,

\*Galata nu biraa hin qabdan , waan sababaa

keenyan kafartaniif, yookaa sababaa keenyan hin kafarree, waan nu komattaniif hin qabdan, nu hundinuu qixaaxamuu keessatti wal qixaa, duuba Rabbiin akki isaanin je'e,

39} \*Hundi keessan azaaba dhandhamaa sababaa waan hamtuu dalaydaniif.

وَشَهِدُوا عَلَىٰ أَنفُسِهِمْ

أَنَّهُمْ كَانُوا كَافِرِينَ ﴿٣٧﴾

قَالَ أَدْخُلُوا فِي أُمَمٍ قَدْ خَلَتْ مِنْ قَبْلِكُمْ مِنَ الْجِنَّةِ وَالْإِنْسِ فِي النَّارِ

كَمَا دَخَلَتْ أُمَّةٌ لَعَنَتْ أُخْتَهَا

حَتَّىٰ إِذَا أَدَارَكُوا فِيهَا جَمِيعًا

قَالَتْ أُخْرَيْنَهُمْ

لِأَوْلِيهِمْ

رَبَّنَا هَؤُلَاءِ أَضَلُّونَا

فَقَاتِهِمْ عَذَابٌ أَلَمٌ مِّنَ النَّارِ

قَالَ لِكُلِّ ضِعْفٍ

وَلَكِن لَّا تَعْلَمُونَ ﴿٣٨﴾

وَقَالَتْ أُولِيهِمْ

لِأُخْرَيْنَهُمْ

فَمَا كَانَتْ لَكُمْ عَلَيْنَا مِنْ فَضِيلٍ

فَذُوقُوا الْعَذَابَ بِمَا كُنْتُمْ تَكْسِبُونَ ﴿٣٩﴾

\*Warri aayaata keenya, qur'aana, yookaa mukgijzaa teenya itti amanuu didee kijibsiise , kanneen itti amanuudharraa if guldisan

إِنَّ الَّذِينَ كَذَبُوا بِآيَاتِنَا وَاسْتَكْبَرُوا عَنْهَا

\*Hulaan,yookaa balbalti samiidhaa isaa

لَا تَفْتَحْ لَهُمُ أَبْوَابَ السَّمَاءِ

nif hin banamtu, hoggaa du'anii malaaykan ruuhii isaanii fuutee samii torban geessu'uu sami'iin baate balbalti sami'ii isaanif hin banamtuu, gadiin deebi'aniiti, dachii keessatti bakka sijjiin je'aniin geessan, ammoo lubbuun mu'minaa hoggaa inni du'e, malaaykan lubbuu namaa fuutu lubbuu isaa fuuteti sami'iin baati, duuba hulaan sami'ii isaaf banamtee, lubbuu mu'minaa samii torbeysa'aa geessan, tanaaf namni hoggaa lubbuun keessaa baatu gara sami'ii ol laala, duuba lubbuu mu'minaatif balbalti sami'ii ni banamtii tan kuffaaratii hin banamtu,

\*Warri Rabbitti kafare waanuma fedhanillee waan gaari'irraa haa dalaganii waan Rabbitti kafaraniin jannata hin seenan

وَلَا يَدْخُلُونَ الْجَنَّةَ

\*Hanga gaalli qaawa lime`ee keessa seenutti ,duuba gaalli qaawa limme'ee keessa seenun waan hin mijjooynee akkasuma kaaffirri jannata seenun waan hin mijjooyne,

حَتَّى يَلِجَ الْجَمَلُ فِي سَمِّ الْخِيَاطِ

\*Akkasitti,

وَكَذَلِكَ

40} \*Warra Rabbitti kafaree if miidhe cubbuu dalage hunda qixaan'a.

نَجْرَى الْمُجْرِمِينَ ﴿٤٠﴾

\*Orma kuffaaraa saniif afaa afatan kan ibid-aatitu jira, {mihaad } jechuun; afaa jechu'

لَهُمْ مِنْ جَهَنَّمَ مِهَادٌ

\*Ammas daboollaa ibiddarraa taate tan if gubbaa kaayantu jira, {ghawaashin} jechuun; daboollaa jechu',

وَمِنْ فَوْقِهِمْ غَوَاشٍ

41} \*Akkasitti warra Rabbitti kafaree if

وَكَذَلِكَ نَجْرَى الظَّالِمِينَ ﴿٤١﴾

miidhe hunda qixaan'a,namni Rabbiin tokkoo hin yaanne, kan mukaan Rabbi je'u yookaa namaan Rabbi je'u yookaa ilma isaati je'u, odoo waan gaarii hunda addunyaa tanarratti dalagee aakhira'atti jannata Rabbi hin seenu, maalif hulaan jannataa Rabbi tokkicha jannata uume dhugo'oomsuudhaa.

\*Warri Rabbitti amanee waan gaarii dalage hanga dandayutti,

ءَامَنُوا وَعَمِلُوا الصَّالِحَاتِ

\*Nutu lubbuu takkallee waan isiin dalaguu dandeessutti malee waan isiin dalaguu hin dandeenyetti hin dirqinu, duuba warri hanga

لَأَنْكَلِفُ نَفْسًا إِلَّا أَوْسَعَهَا

dandayutti waan gaarii dalage,

\*Isaan warra jannataati,

أُولَئِكَ أَصْحَابُ الْجَنَّةِ

42} \*Isaan warra zalaalamii jannata keessa taa'u.

هُمْ فِيهَا خَالِدُونَ ﴿٤٢﴾

\*Warra jannata seene san waan wal diddaa yookaa wal jibansa taye kan addunyarratti isaan jidduu jiru hunda quma isaanii keessaa baafnee jannata keessa waliin jiraatan jaalalaan

وَنَزَعْنَا مَا فِي صُدُورِهِمْ مِنْ غَلٍ

\*Kan manneen isaanii dhedheeraa jala la-gootin olii gad yaatu

تَجْرِي مِنْ تَحْتِهِمُ الْأَنْهَارُ

\*Warri jannataa hoggaa jannata keessa qubatan akki je'an

وَقَالُوا

\*Galanni kan Rabbiiti kan dalagaa gaarii jannata kana nu seensifte nu gaxxamsiise, yookaa nu qunnamsiise,

الْحَمْدُ لِلَّهِ الَّذِي هَدَانَا لِهَذَا

\*Odo Rabbiin dalagaa gaarii tanatti nu qajeelchuu baatee, silaa ittin qajeellu, silaa jannata kana hin seenu,

وَمَا كُنَّا لِنَهْتَدِيَ لَوْلَا أَنْ هَدَانَا اللَّهُ

\*Dhugumaan ergamoonni Rabbi keenya haqaan nutti dhufanii waan isaan nuttiin dhufan qeeballee isaan jala deemnee azaabarraa nagaya baanee, jannata seenne je'an,

لَقَدْ جَاءَتْ رَسُولَنَا بِالْحَقِّ

\*Duuba malaaykan isaanitti lallabdee akki jettu

وَنُودُوا

\*Jannata, waan feetan keessatti argattan san,

أَنْ تَلَكُمُ الْجَنَّةَ

43} \*Waan gaarii dalaydaniini argattan, yookaa kennamtan, dhaaltan.

أَوْرَشْتُمُوهَا بِمَا كُنْتُمْ تَعْمَلُونَ ﴿٤٣﴾

\*Warri jannata seene, warra ibidda seenetti lallabee akki je'uun,

وَنَادَى أَصْحَابُ الْجَنَّةِ أَصْحَابَ النَّارِ

\*Nutti waan Rabbiin keenya wa'ada yookaa baallama nuu seene arganne, haqa tayuu garree

أَنْ قَدْ وَجَدْنَا مَا وَعَدَنَا رَبُّنَا حَقًّا

\*Isin waan, yookaa azaaba Rabbiin isin seensisu'uu if qabe, seentanii dhugaa tayuu agartanii je'aniin,

فَهَلْ وَجَدْتُمْ مَا وَعَدَ رَبُّكُمْ حَقًّا

\*Jennaan eeyee dhugaadha agarre je'an,

قَالُوا نَعَمْ

\*Duuba hoggaa san namni lallabu warra jannataatiffii warra azaabaa jidduu dhaabbatee lallabee akki je'u kan isaan lachuu dhagayan,

فَأَذِّنْ مُؤَذِّنٌ بَيْنَهُمْ

44} \*Abaarsi Rabbii warra cubbuu dalagee if miidherratti haa jiraatu je'a.

أَنَّ لَعْنَةَ اللَّهِ عَلَى الظَّالِمِينَ ﴿٤٤﴾

\*Isaan abaaraman sun warra karaa Rabbirraa nama dhoowwu, warra diinaa islaamaarraa nama dhoowwu, {yasgudduun} jechuun; deebisan jechu,

الَّذِينَ يَصُدُّونَ عَن سَبِيلِ اللَّهِ

\*Kanneen karaa Rabbii akka jallatu darbaadan akka malee himanii,

وَيَبْغَوْنَ عُجُوبًا

45} \*Isaan warra aakhira'atti kafare.

وَهُمْ بِالْآخِرَةِ كَافِرُونَ ﴿٤٥﴾

\*Warra jannataatiffii warra azaabaa jidduu dawu'ootu takkaayuu girdo'ootu jira, kan wal arguu isaan dhoowwu, sun jogola jannataatii,

وَيَبْهَمُهُمَا حِجَابٌ وَيَبْهَمُهُمَا حِجَابٌ

\*Jogola jannatarra orma dhiiratiitu dhaabb-

وَعَلَى الْأَعْرَافِ رِجَالٌ

ata, {akgraaf} jechuun; dallaya, yookaa jogola jannataati. isa gubbaa namni gariin tattaa'a, isaan yoo as laalan jannataafii warra jannataatu itti mul'ata, yoo achi laalan ibiddaafii warra ibiddaatu mul'ata,

\*warri akgraafarra dhaabbatu sun warra jannataatiffii warra azaabaa asxaadhan adda beekhan

يَعْرِفُونَ كُلًّا بِسِيمَتِهِمْ

\*Duuba warri dallaya jannataafii azaaba jidduu jirurra taa'u sun warra jannataa hoggaa argan yaamanii akki je'aniin,

وَنَادَوْا أَصْحَابَ الْجَنَّةِ

\*{Assalaam kgalaykum} je'aniiti irratti salaammatan,

أَنْ سَلَّمَ عَلَيْكُمْ

46} \*Warri akgraafirra jiru sun jannata hin

لَمْ يَدْخُلُوهَا وَهُمْ يَطْمَعُونَ ﴿٤٦﴾

seennee haa tayuu seenuu khajeelan, warri dallaya yookaa jogolarra qubatu sun warra dalagaan isaanii gaari'iiffii hamtuun wal qixxaatte, maalif, guyyaa qiyaama'aa dalagaan nama hundaa gaari'iiffii hamtuun walitti laalamti takkaayuu miizaanamti, duuba namni dalagaan isaa gaarin dalagaa isaa hamtu'urraa heddommaatte jannata seena, ammoo namni dalagaan isaa hamtuun dalagaa isaa gaari'irra heddommaatte ibidda seena, ammoo namni dalagaan isaa hamtu'ufii gaarin wal qixxaatte jannata hin seenuu, ibiddallee hin seenuu isaan laamaan jidduu bakka akgraaf je'amtu qubatee, achumaa jannata seenuu khajeela,



duuba odoo isaan akkasitti jiranuu Rabbiin isaaniif araaramee jannata seenaa je'eenii seensisa isaan hanga jannataafii ibidda jidduu jiran hoggaa gara warra jannataa laalan takaayuu mil'atan, {salaam kgalakum} je'aniiti irratti salaa-mmatan

\*Hoggaa ijji isaanii gara galte,

وَإِذَا صُرِفَتْ أَبْصَارُهُمْ

\*Gara warra ibiddaa gara galtee isaan ijaan argan,

بِلِقَاءِ أَصْحَابِ النَّارِ

47} \*Yaa Rabbii keenya warra cubbu'uutin wajji nun godhin je'an.

قَالُوا رَبَّنَا لَا تَجْعَلْنَا مَعَ الْقَوْمِ الظَّالِمِينَ ﴿٤٧﴾

\*Warri akgraafaa sun ni yaama,

وَنَادَى أَصْحَابُ الْأَعْرَافِ

\*Warra ibiddaatirraa nama milikkataan yookaa alaama'aan beekhan yaaman, takkaa itti lallaban

رَجًا لَا يَعْرِفُونَهُمْ بِسِيمَاهُمْ

\*Wanni isaan je'aniin ; si horiin isin walitti qabdan yookaa heddommini keessan ibidda isinirraa hin dhoowwinee, ibidda seenu'urraa isin hin duroomsineeyi ibidda seentanii,

قَالُوا مَا آغَىٰ عَنْكُمْ جَمْعَكُمْ

48} \*Ammas Rabbitti amanu'urraa if gudd-

وَمَا كُنْتُمْ تَسْتَكْبِرُونَ ﴿٤٨﴾

isuun keessan ibidda kana seenu'urraa isin hin duroomsinee je'aniin, ammas warri akgraafaa sun orma islaamaa kanneen ormi kuffaaraa addunya'arratti tuffatuu turetti akheekhanii wanni isaan orma kuffaaratiin je'an .

\*Si isaan kanaa,

أَهْوَلَاءِ

\*Isaan isin kakattanii,

الَّذِينَ أَقْسَمْتُمْ

\*Rabbiin rahgmata isaanif hin godhu jettan, jannata isaan hin seensisu jettan yookaa ya-addan,

لَا يَنَالُهُمُ اللَّهُ بِرَحْمَةٍ

\*Kan hunoo ar'a isin azaaba seentanii, isaanin jannata seenaa je'ame

أَدْخُلُوا الْجَنَّةَ

\*Waan sodaattan hin qabdaniin,

لَا خَوْفٌ عَلَيْكُمْ

49} \*Ammallee hin yaaddoytanii isaanin je'ame, je'ee warri akgraafaa warra ibiddatti haasawa.

وَلَا أَنْتُمْ تَحْزَنُونَ ﴿٤٩﴾

\*Warri ibiddaa warra jannatatti lallabee akki je'een,

وَنَادَى أَصْحَابُ النَّارِ أَصْحَابَ الْجَنَّةِ

\*Dheebonnee gubbannee mee bishaan nutti dhangalaasaa,

\*Takkaa waan nyaataa kan Rabbiin isiniif kenne nuu laadhaa je'aniin, jennaanin,

**50**}\*Rabbiin bishaanifii nyaata kuffaararratti haraam godhe yookaa dhoowwama godhe je'aniinii dhoowwatan.

\*Isaan bishaanifii nyaatan guyyaa boruu dhaban sun yookaa isaanirratti haraam godhame sun warra diinaa isaanii taphaaf qabate, warra diinaa isaanii itti amananii hin kabajine,

\*Kanneen jiruu addunya'aa isaan gowwoomsitee aakhiraa isaan irraanfachiiftee, aakhiraa'raaf dalaguu dhiisan,

\*Duuba ar'a orma kuffaaraa san ibidda keessatti dhiifnee akka waan irraanfataamee isaan goona

\*Akka isaan guyyaan qiyaama`aa kun ni dhufaa waan dalayne isa keessatti argu'uuf jiraannaa irraanfatanii isaaf dalguu dhiisanitti nutis ar'a ibidda keessatti isaan dhiifna, **51**} Akkuma isaan aayata keenyatti kafaranii yookaa moromanii itti amanuu dhiisan ibidda keessatti ar'a isaan dhiifna.

\*Orma kuffaaraa san qur'aanan itti dhufnee jirra,

\*Kitaaba qur'aanaa kan dubbii isa keessatti

adda babaafne, waan dabreefii waan dhufaa jiru, waan gaari'iifii hamaa keessatti dubbanne, nuu waan isa keessatti dubbatame beekhu, beekkomsa waa takka irraa hin dhokhanne,

\*Qur'aana nama qajeelchu,

**52**}\*Qur'aana warra itti amanee itti dalageef rahgmata yookaa toltuu qabu.

\*Ormi kuffaaraa kan qur'aana kanatti amanuu dide wanni isaan eegan waan biraatii mitii, wanni qur'aana keessatti dubbatame argamu takkaa fassaramu',

أَنْ أَفِضُوا عَلَيْنَا مِنَ الْمَاءِ

أَوْ مِمَّا رَزَقَكُمُ اللَّهُ

قَالُوا إِنَّ اللَّهَ حَرَمَهُمَا عَلَى الْكَافِرِينَ ﴿٥٠﴾

الَّذِينَ اتَّخَذُوا دِينَهُمْ لَهْوًا وَلَعِبًا

وَعَزَّتْهُمْ الْحَيَاةُ الدُّنْيَا

فَالْيَوْمَ نَنْسَهُمْ

كَمَا نَسُوا لِقَاءَ يَوْمِهِمْ هَذَا

وَمَا كَانُوا بِآيَاتِنَا يَجْحَدُونَ ﴿٥١﴾

وَلَقَدْ جِئْنَاهُمْ بِكِتَابٍ

فَصَلَّنَاهُ عَلَىٰ عِلْمٍ

هُدًى

وَرَحْمَةً لِّقَوْمٍ يُؤْمِنُونَ ﴿٥٢﴾

هَلْ يَنْظُرُونَ إِلَّا تَأْوِيلَهُ

\*Duuba guyyaa wanni qur'aana keessatti

يَوْمَ يَأْتِي تَأْوِيلُهُ

dubbatame dhufu yookaa fassaarin isaa argamtu sun guyyaa qiyaama'aatii kan jannata mu'minaatifii azaabni kaafiraa kan qur'aanni dubbate isa keessatti namaaf mul'atu gaafas,

\*Warri san dura qur'aanatti amanuu didee, guyyaa qiyaama'aa irraanfate wanni isaan je'an,

يَقُولُ الَّذِينَ نَسُوهُ مِنْ قَبْلُ

\*Dhugumaan ergaa haqaayin ergamoonni Rabbi keenya nutti dhufee, nuutu itti amanuu didee if balleessee,

فَدَجَّاءَتْ رُسُلًا بِآلْحَقِّ

\*Mee laata nama waa shafa'u kan nu shafa'u yookaa Rabbi nuu araarsu qabnaa , yookaa argannaa,

فَهَلْ لَنَا مِنْ شُفَعَاءَ فَيَشْفَعُوا لَنَا

\*Takkaa mee addunya'atti deeffamnaa ? akka waan duraan dalaynu dhiifnee waan biraa dalaynu, ma'naan kanaa akka kufrii dhiifnee amannu jechu', duuba Rabbiin akki je'e,

أَوْ نُرَدُّ فَنَعْمَلْ غَيْرَ الَّذِي كُنَّا نَعْمَلُ

\*Jarri kuffaaraa sun dhugumaan lubbuu ifii belleessan, addunya'arratti waan isi'ii hin tolle dalagu'uun, kufri'irratti du'uudhan,

فَدَخَسِرُوا أَنْفُسَهُمْ

53} \*Wanni isaan yaadan hundi harkaa badee, wanni isaan kijibaan Rabbiin hiriya qaba je'an hundi duraa baddi, akka wanni isaan yaadan kijiba taate hubatan.

وَصَلَّ عَنْهُمْ مَا كَانُوا يَفْتُرُونَ ﴿٥٣﴾

\*Rabbiin keessan kan ibaadaa teessan haqa godhatu isa samii torbaniifii dachii torban uume,

إِنَّ رَبَّكُمْ اللَّهُ الَّذِي خَلَقَ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضَ

\*Hanga guyyaa jahaa keessatti alhadar-

فِي سِتَّةِ أَيَّامٍ

raa qabee hanga jum'aadhatti, wanni Rabbiin guyyaa jahatti uumef odoo liphii takkatti uumuu dandayuu gabrootan isaa akkaataa itti waa dalagan barsiisu'uu jecha,

\*Rabbiin, arshii waan uume Hundarra guddo'orratti ol taye, ol tayiinsa isaan malu

ثُمَّ اسْتَوَى عَلَى الْعَرْشِ

\*Rabbiin halkan guyya'aan hagoogee guyyaa halkaniin hagooga,

يُعْشَى الْيَلَّ النَّهَارَ

\*Guyyaan halkan barbaada, halkan guyyaa barbaada,

يَطْلُبُهُ

\*Barbaada jabaa wal barbaadan,

حَيْثًا

\*Rabbiin kan adu'uufii ji'a, urjii uume,

وَالشَّمْسِ وَالْقَمَرِ وَالنُّجُومِ

\*Tan amrii Rabbii dhageessu, tan akka inni fedhe taatu,

مُسَخَّرَاتٍ بِأَمْرِ رَبِّهِ

\*Dhagayaa uuman hundi, amriin hundi tan Rabbiiti isaatu waa hunda uumaa, namni biraa waa takkan uumu,

أَلَا لَهُ الْخَلْقُ وَالْأَمْرُ

\*Rabbiin guddate,

تَبَارَكَ اللَّهُ

54} \*Rabbiin waa hunda uume kan waa hunda tooyatu.

رَبِّ الْعَالَمِينَ ﴿٥٤﴾

\*Rabbiin keessaniif gad je'aadhaa khadhaa dirree baasaadhaa,

أَدْعُوا رَبَّكُمْ تَضَرُّعًا

\*Dhoysa'aanis khadhadha, hoggaa Rabbii

وَخُفْيَةً

khadhattan. akkana jechuun; if guddisa'aa qooqa akkaan ol fuutanii nama agarsiiftu'uuf hin khadhatina'aa suutuma adabaan khadhadhaa, Rabbiin keessan isinirraa fagoon jiru isin dhagayaa wasanaa hin bayinaa jechu

55} \*Inni yookaa Rabbiin nama du'aa'ii yookaa khadhaa keessatti adabarraa bayu'uun wasanarraa bayu takkaa daangaa dabru hin jaalatu.

إِنَّهُ لَا يُحِبُّ الْمُعْتَدِينَ ﴿٥٥﴾

\*Cubbuu dalagu'uun lafa hin balleessinaa, Rabbitti waa qindeessu'uun, haqa namaa balleessu'uun addunyaa hin balleessinaa,

وَلَا تُفْسِدُوا فِي الْأَرْضِ

\*Eega Rabbiin ergaa isaa isinitti ergee isii tolchee, karaa jannataatifii karaa azaabaa adda baasee, isin beysisee,

بَعْدَ إِصْلَاحِهَا

\*Rabbii keessan khadhadhaa, isinii qixaaxa isarraa sodaatu,

وَادْعُوهُ خَوْفًا

\*Ammallee isinii rahgmata isaa khajeelu khadhadhaa,

وَطَمَعًا

56} \*Rahgmanni Rabbii warra dubbii isaa dhagayutti dhiyaata isaatu rahgmata isaa haqa godhata jechu'.

إِنَّ رَحْمَتَ اللَّهِ قَرِيبٌ مِّنَ الْمُحْسِنِينَ ﴿٥٦﴾

\*Rabbiin isa qilleensa ergu, qilleensa dhufa roobaa himu, kan rooba dura deemee dhufa roobatiin nama gammachiisu,

وَهُوَ الَّذِي يُرْسِلُ الرِّيحَ بُشْرًا بَيْنَ يَدَيْ

رَحْمَتِهِ

\*Hanga hoggaa qilleensi sun duumessa ulfaataa ba'ate

حَتَّىٰ إِذَا أَقْلَّتْ سَحَابًا نِّقَالًا

\*Biyya rooba dhabdee duutetti erginutti jiraachifnee akka waa magarsitu godhu'uu jecha

سُقْنَهُ لِبَلَدٍ مَّيِّتٍ

\*Duuba biyya sanitti rooba yookaa bishaan buufne, yookaa roobsine,

فَأَنْزَلْنَاهُ أَلْمَاءَ

\*Kan bishaan roobaa saniin midhaan hunda magarsine,

فَأَخْرَجْنَا بِهِ مِنْ كُلِّ الثَّمَرَاتِ

\*Akkuma dachii duutuu rooban jiraachifnee midhaan yookaa mayra hin jirre magarsine

كَذَلِكَ

\*Guyyaa boruu warra du'e hunda jiraachifnee qabri'ii kaafna, waan dalaganirraa isaan gaafatu'uu jecha,

مُخْرَجِ الْمَوْتِ

57} \*Wanni akkuma midhaan dachii duutu-

لَعَلَّكُمْ تَذَكَّرُونَ ﴿٥٧﴾

'urraa magarsinee baafnu gyyaa qiyaama'aa warra du'e qabri'ii baafna isiniin jenneef, akka Rabbiin qabri'ii nama itti kaasu hubattanii itti amantaniifi, namni kana dandayu sanis ni dandayaa beytanii.

\*Bitti biyyeen isi'ii gaari'ii,

وَالْبَلَدِ الطَّيِّبِ

\*Iznii yookaa fedhii Rabbiitin midhaan isi'ii tolee baya

يَخْرُجُ نَبَاتُهُ بِإِذْنِ رَبِّهِ

\*Ammoo bitti biyyeen isi'ii hamtu'uu,

وَالَّذِي خَبِثَ

\*Mayri isi'ii cinqi'iin male`etti hin bayu

لَا يَخْرُجُ إِلَّا نَكِدًا

sanuu kan faaydaa hin qabne, Rabbiin mu'mina dachii gaarii yoo bishaan dhuyde waa magarsitee nama fayyaddutti fakkeesse, akkuma dachiin gaarin bishaan roobatti fayyadamtee namallee fayyaddu, mu'minni hoggaa gorfame itti fayyaddamee nama birallee fayyada, ammoo kaafira Rabbiin dachii dhaga'aa tan bishaan hin dhuyne, tan waan magarsinetti fakeesse, akkuma isiin yoo bishaan dhabde naman fayyanne takkaa dhuydee waa magarsitee nama hin fayyanne, kaafirri gorsa qabatee namaa dabarsee itti dalagee hin fayyadamne, takkaayuu hin fayyanne,

\*Akkasitti,

كَذَلِكَ

\*Aayata deddeebifnee, ragaa dandeytii teenyaa dubbannee ibsina

نُصِرْفُ الْآيَاتِ

58} \*Warra Rabbiif galata galchuuf, akka

لِقَوْمٍ يَشْكُرُونَ ﴿٥٨﴾

itti amanananamaniif jecha, wanni Rabbiin ergaa isaa ummatatti ergee diinaa isaa isaan barsiisuf akka amananii jiruu gaarii addunya'aa aakhiratti argata-

ni'iif, haa tayuu ummanni gariin kan dubbii isaa dhagayu sun orma mu'm-  
inaatii, ammoo gariin kan hin qeeballe sun kaafiraa.

\*Nabiyyichi maqaan isaa {nuuhg} je'amu  
ummata isatti erginee jirra, akka karaa Rab-  
bii isaan qajeelchuf,

لَقَدْ أَرْسَلْنَا نُوحًا إِلَىٰ قَوْمِهِ

\*Duuba ummata isaa kan Rabbi dhiisee wa-  
an biraa ibaadun akki je'e: yaa ummata ki-  
yya Rabbii tokkicha ibadaa waan biraan  
ibadina'aa,

فَقَالَ يَتْلُوا آيَاتِ اللَّهِ

\*Rabbii tokkicha isin uume malee Rabbiin  
biraa isiniif hin jiruu,

مَا لَكُمْ مِّنْ إِلَٰهٍ غَيْرِهِ

59} Yoo diddanii Rabbii keessan dhiiftanii

إِنِّي أَخَافُ عَلَيْكُمْ عَذَابَ يَوْمٍ عَظِيمٍ

waan biraa ibaadnan azaabni guyyaa guddaadhaa isinitti bu'uudhan sodaadha  
je'een , guyyaan guddaan, qiyaama'a, yookaa guyyaa azaabni isaanitti bu'u.

\*Duuba matootin ummata isaa akki jette,

قَالَ الْمَلَأُ مِنْ قَوْمِهِ

60} \*Nutu akka ati jallina mul'ataa keessa  
jirtu si garra, wanni kana nu garsiisu Rabbii  
tokkicha qofa gabbaraa Rabbii biraa hin qa-  
bdanii nuun je'uu keeti je'aniin.

إِنَّا لَنَرَنَّكَ فِي ضَلَالٍ مُّبِينٍ

\*Jennaanin yaa ummata kiyya an waa jal-  
linni nattin jiru

قَالَ يَتْلُوا لَيْسَ بِي ضَلَالَةٌ

61} \*Haa tayuu an ergamaa Rabbii waa  
hunda uumetii.

وَلَيْكِنِّي رَسُولٌ مِّن رَّبِّ الْعَالَمِينَ

\*Waan Rabbiin isinitti naan ergen isiniin  
gaya,

أَبْلَغَكُمْ رَسَلَتِ رَبِّي

\*Ammallee toltuudhan isiniin fedhaa, takka-  
ayuu isinii yaada,

وَأَنْصَحُ لَكُمْ

62} \*An waan isin hin beynen Rabbirraa be-  
eka, akka inni warra dubbii isaa dide go-  
dhun beekaa qajeelaa.

وَأَعْلَمُ مِنَ اللَّهِ مَا لَا تَعْلَمُونَ

\*Si wanni karaa haqaa isin yaadachiisu Ra-  
bbii keessanirraa isinitti dhufuu ajaa'iba go-  
otanii?,

أَوْ عَجِبْتُمْ أَن جَاءَكُمْ ذِكْرٌ مِّن رَّبِّكُمْ

\*Karaa nama isinirraa taye, isinitti  
ergu'ootin?,

عَلَىٰ رَجُلٍ مِّنكُمْ

\*Akka azaaba Rabbii isin sodaachisu'uuf,  
yoo amanuu baattan,

لِيُنذِرَكُمْ

\*Akka Rabbii keessan sodaattanii waan garii dalaydaniif waan hamtuu dhiiftaniif,  
**63** \*Akka sababaa saniin rahgmata Rabbii argattaniif

وَلَنَنْقُوهَا

وَلَعَلَّكُمْ تَرْحَمُونَ ﴿٦٣﴾

\*Duuba nabi nuuhg kijibsiisaniif azaaba isaanitti buufne, samiin bishaan gad lackiftee, dachiin burqitee, bishaan lafa guutaniif, warra kafare hunda liqimsan,

فَكَذَّبُوهُ

\*Ammoo nabi nuuhgifiif warra isaan wajji jiru kan amane bishaan jalaa safiinaa keessatti nagaya baafne,

فَأَنجَيْنَاهُ وَالَّذِينَ مَعَهُ فِي الْفُلِّ

\*Warra aayata keenya kijibsiise bishaan liqimsiifne,

وَأَغْرَقْنَا الَّذِينَ كَذَّبُوا بِآيَاتِنَا

**64** \*Maalif isaan warra haqa argu'urraa duude yookaa jaame.

إِنَّهُمْ كَانُوا قَوْمًا عَمِينَ ﴿٦٤﴾

\*Ummata {aad} je'amu kan yaman taa'utti obboleessa isaanii kan {huud} je'amu erginee jirra, akka karaa Rabbii isaan qajeelchu, ummanni aad sun mukaafii dhagaafa'aan Rabbi je'anii gabbaran,

وَالِإِلَىٰ عَادٍ أَخَاهُمْ هُودًا

\*Duuba nabi huud ummata isaatin akki je'e; yaa ummata kiyya Rabbii keessan ibaadaa tokkummaa isaa yaadaa waan biraatin Rabbi hin je'inaa,

قَالَ يَتْلُونَ آيَاتِ اللَّهِ

\*Isa malee Rabbiin biraa isiniif hin jiruu, isa kan isin uumee,

مَا لَكُمْ مِنَ اللَّهِ غَيْرُهُ

**65** \*Si azaaba isaa sodaattanii hin amantanii?.

أَفَلَا نُنْفِقُونَ ﴿٦٥﴾

\*Akkana jennaanin matootin jara ummata isarraa kafarte akki jette

قَالَ الْمَلَأُ الَّذِينَ كَفَرُوا مِنْ قَوْمِهِ

\*Yaa {huud} ati akkana nuun je'uudhan akka ati doofaa waan beyne taate nu garsiisa , {safaahaa} jechuun; wallaala jechu'

إِنَّا لَنَرُّكَ فِي سَفَاهَةٍ

**66** \*Wanni nuti yaannu akka ati warra kijiburraa taate.

وَإِنَّا لَنَظُنُّكَ مِنَ الْكَاذِبِينَ ﴿٦٦﴾

\*Jennaan akki isaanin je'e ; yaa ummata kiyya an waa doofummaan yookaa wallaalli nattin jiruu,

قَالَ يَتْلُونَ آيَاتِ اللَّهِ لِيَكُونَ لَهُمْ عِلْمٌ

67} \*Haa tayuu an ergamaa Rabbii waa hunda uumeti.

\*An waan Rabbiin kiyya isinittiin na ergen isiniin gaya

68} \*An nama waan isinii tolu isinii jaalatu, kan waan Rabbiin naan ergerratti amanaama'atii waanan itti isin yaamu dhagaya'aa ,amanaa,duuba isaan amanuu dinnaan akki je'een.

\*Si wanni karaa Rabbii isin yaadachiisu gorsi Rabbii keessanii karaa nama tokkicha isinirraa tayeen isinii dhufuu ajaa'iba gootanii?,

\*Kan azaaba warra kafareetin isin sodachisee, akka amantan isin godhuudhaa isinitti dhufe, kun waan ajaa'ibaatii mitii amanaa,

\*Qananii Rabbiin isin badhaase yaadadha'aa amanaa Rabbii eega ummata nuuhg kan isaan isatti kafarraan isaan fixee bakka isaanii addunya'arratti isin uumee isin moosise, \*Rabbii uumaa teessan nama birarra is isinii ida'ee isin uume, isin dhedheeressee, isin jajjabeessee, dheerinni isaanii dhuudhuma dhibba ni gaya, irra gabaaban isaanii jahaatama

\*Qananii Rabbii yaadadha'aa itti amana'aa galata isaa galchaa,

69} \*Akka addunya'aa aakhira'atti milkooytan.

\*Jennaanin akki je'aniin; yaa {huud} si akka Rabbii tokkicha qofa ibaannee,

\*Waan abbootin teenya ibaaddu, sanama isaan gabbaran dhiifnuf nutti dhuftee,deemi nurraa. Rabbii tokkicha ibaadu'uu jecha, sanama abbootin teenya ibaaddu turte hin dhiifnuu,

\*Azaaba nuun sodaachiftu san nutti fidi yookaa buusi,

70} \*Yoo kan dhugaa dubbattu teete.

وَلَكِنِّي رَسُولٌ مِّن رَّبِّ الْعَالَمِينَ ﴿٦٧﴾

أَتْلَعُكُمْ رَسُولَاتِ رَبِّي

وَأَنَا لَكُمْ نَاصِحٌ أَمِينٌ ﴿٦٨﴾

أَوْعِبْتُمْ أَنْ جَاءَكُمْ ذِكْرٌ مِّن رَّبِّكُمْ عَلَىٰ رَجُلٍ مِّنكُمْ

لِيُنذِرَكُمْ

وَأَذْكُرُوا إِذْ جَعَلَكُمْ خُلَفَاءَ مِن بَعْدِ قَوْمِ نُوحٍ

وَزَادَكُمْ فِي الْخَلْقِ بَصَلَةً ۗ

فَأَذْكُرُوا لآيَاتِ اللَّهِ

لَعَلَّكُمْ تَفْلِحُونَ ﴿٦٩﴾

قَالُوا أَجِئْتَنَا لِنَعْبُدَ اللَّهَ وَحْدَهُ.

وَنَذَرَ مَا كَانُوا يَعْبُدُونَ مِن دُونِ اللَّهِ

فَأَنبَأَ يَمَّا تَعِدُنَا

إِن كُنْتُمْ مِنَ الصَّادِقِينَ ﴿٧٠﴾



\*Jennaanin hayaagaa azaabni Rabbii keessanirraa isinitti murame akkasuma dallansuun isalleen isinitti muramtee beekhaa je'een, ammas akki je'een,

\*Si isin sanama mukaafii dhaga'arraa tolchitan kan isiniifii abbootin teessan maqaa baafataniifii Rabbi jettanii ibaaddan keessatti naan falamtanii,

\*Waan Rabbiin maqaa baasa'aafii ibaadaa je'ee ragaa hin buusin keessatti naan falamtanii je'eenii, akki je'een,

\*Azaaba isinitti dhufu'uu taa'u eegaa, yookaa afadhaa,

71} \*Anis azaaba sababaa isin kafartaniif isinitti bu'un isiniin wajjin eegaa, duuba saniif jecha qilleensa hamaa isaanitti erginee lafarraa isaan dhabamsiifnee.

\*Huudifii warra isaan wajji amane, najaa baafne, rahgmata keenyan, isaan hanga kuma afurii ni gayanii,

\*ammoo warra aayata keenya kijibsiise san lafarraa buqqifnee dhabamsiifne,

72} \*Sababaa isaan kafaraniif takkaayuu isaan hin amannee tanaaf isaan fin'e jechu'u.

\*Ummata {thamuud} je'amutti obboleessa

isaanii kan saalihg je'amu erginee jirra, ummanni thamuud biyya {hijri} je'amtutan hgijaazifii shaam jidduu jirtu taa'an, tan amma biyya su'uudi'ii keessa jirtu gama ordonitti aanun, kan namni madiina'arraa karaa tabuuk deemu itti dhufu, kun waanin amata 1952 karaa san shaamitti deemee, arge ummanni thamuud amma araddaa isaanii malee waan jiran, wanni odeeffame Rabbiin ummata aad eega fixee, ummanni thamuud kun yamanirraa dhufeeti biyya {hijri} je'aniin qubatanii keessatti quufanii Rabbitti kafaran, duuba Rabbiin nama isaaniirraa taye tokko kan {saalihg} je'amu itti ergee Rabbii tokkicha ibaadu'utti isaan yaame,

\*Wanni isaanin je'e; yaa ummata kiyya Rabbii keessan tokkicha ibaadaa, waan biraatin Rabbi hin je'inaa, isa malee Rabbiin biraa isiniif hin jiruu,

\*Mukgijjaan akkan an ergamaa Rabbii taye

قَالَ قَدْ وَقَعَ عَلَيْكُمْ مِنْ رَبِّكُمْ رِجْسٌ  
وَعَصَبٌ

أَتَجِدِ لُنُورِي فِي سَمَاءٍ سَمَّيْتُمُوهَا أَنْتُمْ  
وَأَبَاؤُكُمْ

مَا نَزَلَ اللَّهُ بِهَا مِنْ سُلْطَانٍ

فَانظُرُوا

إِنِّي مَعَكُمْ مِنَ الْمُنْتَظِرِينَ ﴿٧١﴾

فَأَبْجَيْنَهُ وَالَّذِينَ مَعَهُ بِرَحْمَةٍ مِّنَّا

وَقَطَعْنَا دَابِرَ الَّذِينَ كَذَبُوا بِآيَاتِنَا

وَمَا كَانُوا مُؤْمِنِينَ ﴿٧٢﴾

وَإِلَى تَمُودَ أَخَاهُمْ صَالِحًا

قَالَ يَفْقَوْمِ عَبْدُوا اللَّهَ مَا لَكُمْ مِنْ إِلَهٍ  
غَيْرِهِ

قَدْ جَاءَكُمْ بَيِّنَةٌ مِنْ رَبِّكُمْ

isin garsiiftu Rabbii keessanirraa isinii dhuftee na dhagaya'aa amanaa je'een, mukgijzaan isaanii dhufte isaan nabi saalihgiin yoo kan Rabbiin nutti si erge taate, mee dhagaan kun gaala haa dhaluu je'aniin, duuba dhagaan akkuma gaalli ilmoo dhalutti ittanee odoo isaan arganuu dhale, haadhaa abba'aan male'etti, duuba hoggaa san nabi saalihg,

\*Isiin tun gaala Rabbiin akkan an ergamaa isaa taye beytaniif haadhaa abba'aan male'etti, akka isin barbaaddanitti uumee , kabaja'aa hin miidhinaa,

\*Mayra Rabbiin dachii keessatti magarse, bakka feete deemtee haa nyaattuu itti dhiisaa,

\*Waan hamtuudhan isii hin tuqinaa, waransafii dhawiinsan, ajjeecha'aan,

73} \*Yoo tuyxan azaabni Rabbii kan isin laalessu isin fuudhaa takkaayuu isinitti bu'aa beekhaa ni baddanii.

\*Qananii Rabbii yaadadhaa ,kan Rabbiin eeguma ummata{aad}lafarraa fixee dachii tanarratti isin uumee isin moosise,

\*Kan dachi'irra isin qubsiise, kan lafa ifii uumerra isin uumee isin qubsiise,

\*Kan lafa diidaa keessatti mana kutaa meeqaatam qabu fooqii jaarattan waytii oow'aa keessa galu'uuf jecha,

\*Kan gaara qottanii mana godhattan waytii qabbanaa keessa galu'uuf jecha,

\*Qananii Rabbiin isiniin qananiise yaadadhaa, laala'aa, tolaa,

74} \*Rabbitti kafartanii, waan hamtuu dalaydani dachii, lafa, hin balleessinaa qajeelaa je'een.

\*Duuba warri gurguddaan ummata nabi {saalihg} kan Rabbitti amanu'urraa if gud-dise akki je'e,

\*Warra isaan jalaa kan warri gurguddaan sun isaan tuffatu kan Rabbitti amaneen akki je'e,

\*Si isin yaa darroota {saalihg} akka Rabbii isarraa isinitti ergame ni beytani? wanni itti

هَذِهِ نَاقَةُ اللَّهِ لَكُمْ آيَةٌ

فَذَرُوهَا تَأْكُلْ فِي أَرْضِ اللَّهِ

وَلَا تَمْسُوهَا بِسُوءٍ

فِيَأْخُذْكُمْ عَذَابٌ أَلِيمٌ ﴿٧٣﴾

وَأَذْكُرُوا إِذْ جَعَلَكُمْ خُلَفَاءَ مِنْ بَعْدِ عَادٍ

وَبَوَّأَكُمْ فِي الْأَرْضِ

تَتَّخِذُونَ مِنْ سُهُولِهَا قُصُورًا

وَنَنْحِتُونَ الْجِبَالَ بُيُوتًا

فَأَذْكُرُوا آيَةَ اللَّهِ

وَلَا تَعْتَوْا فِي الْأَرْضِ مُفْسِدِينَ ﴿٧٤﴾

قَالَ الْمَلَأُ الَّذِينَ اسْتَكْبَرُوا مِنْ قَوْمِهِ

لِلَّذِينَ اسْتَضَعِفُوا لِمَنْ آمَنَ مِنْهُمْ

أَتَعْلَمُونَ أَنَّ صَلَاحًا مَرَّ سَلٌّ مِنْ رَبِّهِ

amantaniif? hin beytaniit ittin amaninaa jechuu isaaniti,

75} \*Jennaanin wanni isaan je'aniin dhuga'aan akka inni Rabbirraa nutti ergame beyna, mukgjizaa inni nu garsiisen, tanaaf jecha waan inni nuttiin ergame hundatti amanna je'an.

قَالُوا إِنَّا بِنَاكُمْ أَرْسَلْنَا بِهِ رَسُولًا

\*Jennaan matootin kuffaaraa akki jette warra isaan jalaa kan amane saniin,

76} \*Nutti waan isin itti amantanitti kafarre

قَالَ الَّذِينَ اسْتَكْبَرُوا

إِنَّا بِالذِّمَّةِ آمَنَّا بِكُمْ بِهِ كَفَرْتُمْ

{saalihg} akka ergamaa Rabbii taye hin dhugo'oomsinu waan inni itti nu yaamutti hin amannu je'an... duuba gaalli Rabbiin dhagaadharraa uumef, akka saalihg nama Rabbi erge tayuu beekhaniif guyyaa tokko bishaan isaan qaban hunda isaatu dhaqee dhuga, gaafa kaan horii isaanitiitu dhuga, guyyaan tokko kan gaala saalihgii, guyyaan tokko kan gaalaa, loon, re'ee, isaanitiitu dhuga, duuba akkatti bishaan addaan qoodatuun isaanitti ulfattee.

\*Gaala san ajjeessan. nama {qudaar} je'amu tokko itti erganii habale'een yookaa goraa-de'een dhayee,

\*Akkasitti waan Rabbiin itti isaan ajajerraa

فَعَفَرُوا وَالنَّافَةَ

وَعَتَوْا عَنْ أَمْرِ رَبِّهِمْ

if guddisanii, diinaa Rabbiin itti amanaa je'e didanii gaala Rabbiin, mayra Rabbiiti dheeddii, bishaan Rabbiiti dhuydee hin tuqinaa je'een ajjeesanii kafaranii,

\*Yaa saalihg mee azaaba yoo gaala kana ajjeeftan isinitti bu'a jettee nuun sodaachiftu san hunoo ajjeefnee nutti fidi,

77} \*Yoo nama Rabbiin erge taate je'aniin.

وَقَالُوا لِيَصْلِحْ أَتَيْنَا بِمَا تَعَدْنَا

إِنْ كُنْتُمْ مِنَ الْمُرْسَلِينَ

\*Duuba hoggaa san {rajfaan} isaan fuute, {rajfaan} iyyansa jabaa sami'ii itti bu'ee dachii isaanin sossoose yookaa hurgufee,

78} \*Akkasitti lafa dhadhawani biyya isaanii, takkaa mana isaanii keessatti dhuman, {jaathimiin} jechuun; akkuma taa'aniin gogogonii du'u.

فَأَخَذَتْهُمُ الرَّجْفَةُ

فَأَصْبَحُوا فِي دَارِهِمْ جَنِيمِينَ

\*Duuba nabi saalihg hoggaa isaanii akkas taye argu irraa gara galee,

\*Yaa ummata kiyya an ergaa Rabbii kiyyaa isiniin gayee hamtuu jalaa isin baasuu ya-

فَتَوَلَّى عَنْهُمْ

وَقَالَ يَنْفَرُوا لَقَدْ أَبْلَغْتُكُمْ رَسُولًا مِنْ رَبِّي

adee,

وَنَصَحْتُ لَكُمْ

79} \*Haa tayuu isin nama toltuu isinii yaadu hin jaalattan, maalin isini godha je'e.

وَلَكِنْ لَا تُحِبُّونَ التَّصْحِيحَ ﴿٧٩﴾

\*Qissaa nabi luux dubbadhu,

وَلُوطًا

\*Gaafa inni ummata isaatin je'e,

إِذْ قَالَ لِقَوْمِهِ

\*Si isin waan hamtuu fokkottuu dalaydanii?,

أَتَأْتُونَ الفَلْحِشَةَ

80} \*Waan fokkottuu isin dalaydan tan nam tokkolleen namaafii jinni'irraa isin dura hin dalagin, wanni hamtuun isaan dalagan dhiira khoru'.

مَا سَبَقَكُمْ بِهَا مِنْ أَحَدٍ مِنَ الْعَالَمِينَ ﴿٨٠﴾

\*Si isin jaalattaniituma dhiira kortanii bakka Rabbiin dhala'arratti isiniif uume dhiiftanii,

إِنَّكُمْ لَتَأْتُونَ الرِّجَالَ شَهْوَةً مِنْ دُونِ

النِّسَاءِ

81} \*Yaa ummta kiyya isin warra waa

بَلْ أَنْتُمْ قَوْمٌ مُّسْرِفُونَ ﴿٨١﴾

hunda keessatti wasanarraa bayu,kan heeraa yookaa seera hin eeggane, tan-aaf waan Rabbiin isiniif uume dhiiftanii waan Rabbiin karaa hin godhin dalaydan, dhiiran wal kortnii, {musrifuun} jechuun; warra dalagaa akka male'ee dalagu jechu', sun bakka dhala'aa kan yoo itti dalagan faaydan irraa namaa argamtu, ilmoon irraa namaa argmtee, dhiisaniiti bakka faaydan irraa hin argamne, dhiira koran. sun waan ayliin qeebaltu dhiisani waan ayliin jibbitu dalagu'uu, waan Rabbiin halaal godhe dhiisani, waan Rabbiin haraam godhe dalagu'uu, waan kana dhiisa'aa je'een nabi luux.

\*Nabi luux dalagaa tanarraa ummata isaa dhoow winaan ummanni isaa waan biraa hin jennee, luuxifii warra isaan wajji amane biyya teessanii yookaa ganda keessanii ari'adhaa if keessaa baasaa waliin je'an,

وَمَا كَانَتْ جَوَابَ قَوْمِهِ إِلاَّ أَنْ قَالُوا

أَخْرِجُوهُمْ مِنْ قَرْيَتِكُمْ

82} \*Isaan warra dhiira khoru'urraa if qulqulleessuu nuti nama akanaa hin feenuu, nu keessa jiraatuu hin dandayanii if keessaa baasaa je'an.

إِنَّهُمْ أَنْاسٌ يَطَّهَّرُونَ ﴿٨٢﴾

\*Duuba isaan waan nabi luux itti isaan yaame dhagayuu dinnaan, azaaba isaanitti buufnee lafarraa isaan fin'ee, luuxifii nama isaa yookaa aalii isaa balaa san jalaa nagaya ba-

فَأَنْجَيْنَاهُ وَأَهْلَهُ

afne,

83} \*Jaartii isaa malee, isiin warra azaaba

إِلَّا أَمْرًا تَهُ كَانَتْ مِنَ الْعَذِيبِ ۝٨٣

keessatti hafee baderraayi taate ,sababaa waan hamtuu dalaguu turteef jecha, maalif odo azaabni hin dhufin malaaykan nabi luuxin dafii ganda kana keessaa bayi jettee, nabi luuxifii warri isatti amane kan hanga kudha sadiyitti dhiyaatu ganda sanirraa bayan, jaartii nabi luux malee isiin azaaba keessatti haftee warra badeen wajji badde, waan Rabbitti hin amaniniif jecha.

\*Duuba warra kafare rooba dhaga'aa isaanitti roobsinee lafarraa isaan fin'ee,

وَأَمْطَرْنَا عَلَيْهِمْ مَطَرًا

84} \*Mee akka boodden warra cubbuu dalaguu taate laali,ummata luux isaan dhalaa dhiisanii dilii dhiira koruudhaa dalaynaan

فَأَنْظُرْ كَيْفَ كَانَ عَاقِبَةُ

الْمُجْرِمِينَ ۝٨٤

Rabbiin nama dalagaa sanirraa isaan dhoowwu itti ergee ,duuba dhagayuu dinnaan malaaykaa itti ergee warra biyya san taa'u dachii garaan galchee, warra isaanirraa imaltuu jiru gaafa isaan galan dhagaa itti roobsee lafarraa isaan fixe, bakkeen isaan taa'uu turan, gaafa balaan itti buute, bakka amma bahara luux je'aniin yookaa bahara duutuu je'aniin tan ordoniifii dachii falasxiin tan amma yahuudan qabatte jidduu jirtu, amata 1980, ammoo gaafan qudsi ziyaare amata 1952 mangistii ordontu harka qaba, kan yahuudan bara 1967 qabatte, hara tan keessa wanni lubbuu qabaa hin jiraattu bakkeen bishaan kanaa odo dachiiin gara galtee bishaan hin tayin {sadium} je'anti.

\*Ummata {madyan}je'amutti obboleessa isaanii {shukgaybi}erginee jirra,akka waan hamtu'urraa isaan dhoowwuf,

وَالِى مَدِينٍ أَخَاهُمْ شُعَيْبًا

\*Wanni shukgaybi ummata isaatin je'e; yaa ummata kiyya Rabbii tokkicha ibaadaa, tokkummaa isaa yaadaa waan biraatin Rabbi hin je'inaa,

قَالَ يَنْقُورِ أَعْبُدُوا اللَّهَ

\*Rabbi tokkichaa achitti Rabbiin biraa isiniif hin jiruu,

مَا لَكُمْ مِّنْ إِلَهِ غَيْرِهِ

\*Mukgjizaan yookaa alaaman an ergamaa Rabbii tayuu isinitti dhuftee dubbii tiyya dhagaya'aa,

فَدَجَاءَتْكُمْ بَيْنَهُ مِنْ رَبِّكُمْ

\*Hoggaa waa namaa saffartan yookaa miizaantan guutaa,

فَأَوْفُوا الْكَيْلَ وَالْمِيزَانَ

\*Waan namaa saffartan haqa isaanii duraa hin ir'isinaa,

وَلَا تَبْخَسُوا النَّاسَ أَشْيَاءَهُمْ

\*Dilii yookaa cubbuu dalaydani dachii hin balleessinaa,

وَلَا تَفْسِدُوا فِي الْأَرْضِ

\*Eega Rabbiin anbiyaa ergee tolchee owliya'aafii ulamaa'iidhan karaa ibsee,

**85** } \*Waan saffartan guutu'uufii lafa balleessuu dhabu'uutu isiniif irra caala, yoo kan amantan taatan, takkaa kan na dhugo'omsitan taatan.

\*Karaa hunda keessa teessanii nama hin sodaachisinaa shiftaa taatanii waan isaanii fudhatu'uun,

\*Diinaa Rabbirraa nama amane dhoowwitanii yoo diinaa Rabbirraa deebi'uu baatte si ajjeefna jettaniinii,

\*Diinaa Rabbii jallisuu barbaaddanii, akka hama'atti namaa odeessitanii, akka namni ittin amanne'eef,

\*Qananii Rabbiin isiniin qananiise yaada-dhaa, kan isinii waa xiqqoo isin heddomeysee isin guddise,

**86** } \*Mee akka maayyin warra Rabbitti balleesse kan ergamoota isaa kijibsiise taate lalaa, akka Rabbiin itti isaan qixaaxee dhabamsiise, kan akka ummata nuuhg, aad, thamuud.

\*Yoo tuutti isinirraa taate takka, tan diinaa an ergameen kanatti amante taatee,

\*Ammoo tuutti tuun tan waanan an ergameen kanatti amanuu didde taate,

\*Isin warri amane hanga Rabbiin nu jiddu'utti firdii godhuu kan haqarra jiru gargaaree nagaya baasee, kan badi'irra jiru balleessee, dubbii murutti obsaa,

**87** } \*Rabbiin irra caalaa warra firdii godhuutii

\*Warri Rabbitti amanu'urraa if guddise kan ummata shukgayb ,nabi shukgaybin akki je'an ;inni amanaa,yoo waa namaa safartan guutaa, diinaa Rabbirraa nama hin dhow-

بَعْدَ إِصْلَاحِهَا

ذَٰلِكُمْ خَيْرٌ لَّكُمْ إِن كُنتُمْ

مُؤْمِنِينَ ﴿٨٥﴾

وَلَا تَقْعُدُوا بِكُلِّ صِرَاطٍ تُوعِدُونَ

وَتَصَدُّونَ عَنْ سَبِيلِ اللَّهِ مِّنْ أَمْنٍ بِهِ

وَتَعْمُونَهَا عِوَجًا

وَأَذْكُرُوا إِذْ كُنتُمْ قَلِيلًا

فَكَثَرْتُمْ

﴿٨٦﴾ وَأَنْظُرُوا كَيْفَ كَانَ عَاقِبَةُ الْمُفْسِدِينَ

وَإِن كَانَ طَآئِفَةٌ مِّنْكُمْ ءَامَنُوا بِآلِدِي

أَرْسَلْتُ بِهِ

وَطَآئِفَةٌ لَّمْ يُؤْمِنُوا

فَأَصْبِرُوا حَتَّىٰ يَحْكُمَ اللَّهُ بَيْنَنَا

﴿٨٧﴾ وَهُوَ خَيْرُ الْحَاكِمِينَ

﴿٨٨﴾ قَالَ أَلَمْ لَا الَّذِينَ آسَفْتُم بَرَاءًا مِنْ قَوْمِهِ

winaa isaanin jennaan,

\*Yaa shukgayb siifii warra si wajji amane ganda keenyarraa isin baafna,

\*Takkaa diinaa keenyatti deebitan akkana

لَنُخْرِجَنَّكَ بِشُعَيْبٍ وَالَّذِينَ آمَنُوا مَعَكَ مِنْ قَرْيَتِنَا

أَوْ لَنَعُودَنَّ فِي مَلَّتِنَا

jechuun isaanii;waa lamarraa waa takka maraxxadhaa, takkaa biyyarraa isin baasuu ,takkaa diinaa Rabbii dhiiftanii diinaa keenyatti deebi'uu , dubbiin tun warra nabi shukgaybitti amaneef deemti, maalif nabi shukgaybi duraan diinaa isaanii keessa hin jiruu waan itti deebi'i je'aniin hin qabu,haa tayuu nabi shukgayb akkuma waan isaanin wajji jiruu if godheeti afaan warra amaniitin dubbatee,

**88}** \*Ormi kuffaaratiin akki je'e; si odo diinaa keessan jibbinuu itti deebi'aa jettanii itti nu dirqitanii je'een ,jennaanin eeyee isin dirqina je'aniin.

قَالَ أَوْلَوْكُنَّا كَذٰرِهِنَّ ﴿٨٨﴾

\*Jennaanin akki je'een;nuti diinaa keessanitti hin deebinuu yoo diinaa keessanitti deebine,

فَدَأْفَقَرْنَا عَلَى اللَّهِ كَذٰبًا إِن عُدْنَا فِي مِلَّتِكُمْ

\*Eega Rabbiin diinaa kufri'ii san jalaa yookaa keessaa nu baasee ,dhugummaan Rabbitti balleessinee kijiba Rabbirra keenye,

بَعْدَ إِذْ بَخَّسْنَا اللَّهُ مِنْهَا

\*Abaduma eega Rabbii tokkichatti amanee kufri'itti deebi'uun keenya, eega qajellee jallatuun keenya waan nuuf hin taane, takkaa waan nurraa ergamuun maluu miti,

وَمَا يَكُونُ لَنَا أَنْ نَعُودَ فِيهَا

\*Yoo Rabbunti keenya badii teenya dabarse malee , wanni Rabbiin fedhe hin oolamtuu, hamtuu taatuu ,toltuu taatuu,

إِلَّا أَنْ يَشَاءَ اللَّهُ رَبُّنَا

\*Beekkomsii Rabbii keenyaa waa hundaa-fuu bal'atee jiraa,haala gara galuufii, qalbii jirjiiramtu, hunda quba qabaa ,yookaa ni beekhaa,

وَسِعَ رَبُّنَا كُلَّ شَيْءٍ عِلْمًا

\*Rabbii keenyarratti irkan nee diinaa isarratti nu jabeessee,kufri'irraa nu fageessu'uuf isuma abdanee jirraa diinaa keessanittin deebinu,

عَلَى اللَّهِ تَوَكَّلْنَا

\*Ammas akki je'e; yaa Rabbii keenya nuufii ummata keenya jiddu'utti haqaan firdiii godhi,

رَبَّنَا أَفْتَحْ بَيْنَنَا وَبَيْنَ قَوْمِنَا بِالْحَقِّ

**89}** \*Ati irra caalaa warra firdii godhuutii, kan firdiin tee haqa maleen taane.

وَأَنْتَ خَيْرُ الْفٰتِحِينَ ﴿٨٩﴾

\*Jennaan warri ummata shukgaybirraa kafa-  
are akki waliin je'e;

وَقَالَ لِلَّذِينَ كَفَرُوا مِنْ قَوْمِهِ

90} \*Yoo shukgaybi jala deemtan yoo isa

لَيْنِ اتَّبَعْتُمْ شُعَيْبًا إِنَّكُمْ إِذًا لَخَسِرُونَ ﴿٩٠﴾

dhugo'oomsitanii diinaa isaa qabattan, isin warra khasaarama, maalif shukgaybi  
wanni je'u ;hoggaa waa namaa saffartan hin ir'isina'aa wal qixxuma'aan dala-  
gaa isaanin je'aa, duuba waan namarraa tiffii hin argattanii ni khasaaramtanii  
ittin amaninaa waliin je'an.

□

\*Duuba akkatti isaan Rabbitti kafarraan  
,Rabbiin badii itti faradee ,dachiin akka  
hama'atti isaanin sossoosee iyyansi jab-  
aan itti bu'ee,

فَأَخَذْتَهُمُ الرِّجْفَةَ

91} \*Akkasitti lafa dhawanii ganda isaa-  
nii keessatti dhuman ,{rajfaa} jechuun;  
sosso'a, yookaa iyyansa jabaa jechuu,  
{jaathimiin} jechuun ;jilbaan lafa dhaw-  
anii dhumu' jechu'.

فَأَصْبَحُوا فِي دَارِهِمْ جَنَّتِيمِ ﴿٩١﴾

\*Warri shukgaybi kijibsiise,

الَّذِينَ كَذَبُوا شُعَيْبًا

\*Rabbiin balaa itti buusee dhabamsiisee

كَانَ لَمْ يَغْنَوْا فِيهَا

akkuma waan takkaa ganda san hin qubatinii yookaa hin taa'inii tayan, daaraa  
tayanii, {lam yaghnaw} jechuun, hin qubatinii yookaa hin taa'inii jechu',

92} \*Warri nabi shu'eybi kijibsiise, kan  
itti amanuu Dhiise ,isaanumaatu khasaa-  
rame adunya`aafii aakhira`attillee akka isaan ;warri shu'eybi jala deeme  
khasaare je'anii mitii. duuba kasaaran warra kafaree tan addunya'aa, lafarraa  
dhabamu', ammoo tan aakhira'aa ibidda seenu.

الَّذِينَ كَذَبُوا شُعَيْبًا كَانُوا هُمُ الْخَاسِرِينَ ﴿٩٢﴾

□

\*Nabi shu'eybi ummata isaa kan akkasitti  
dhume, agarraan irraa gara galee,

فَنَوَلَّيْنَا عَنْهُمْ

\*Yaa ummata khiyya an dhugumaanan wa-  
an Rabbiin isinittiin na erge isinitti geessee,

وَقَالَ يَوْمَ لَقَدْ أَبْلَغْتُكُمْ رِسَالَاتِ رَبِّي

\*Ammas isin gorsee karaa Rabbi qabadhaa  
hoggaa san azaaba jalaa baatanii isiniin je'ee  
,duuba diddanii kafartanii ,tanaaf jecha Ra-  
bbiin isin qixaaxee isin fixee,

وَنَصَحْتُ لَكُمْ

93} \*Mee akkamittan warra Rabbitti kafa-  
reef rifadha je'ee if sabbarsiise. {aasaa} je-  
chuun; rifadhaa jechu.

فَكَيْفَ ءَأَسَىٰ عَلَىٰ قَوْمٍ كَافِرِينَ ﴿٩٣﴾



\*Nabiyyuma tokko ganda tokkotti erginee yoo kijibsiisan,

وَمَا أَرْسَلْنَا فِي قَرْيَةٍ مِّن نَّبِيٍّ

\*Warra ganda sanii yookaa biyya sanii abarin, yookaa hiyyumma'aan isaan qabuu hin oolle,

إِلَّا أَخَذْنَا أَهْلَهَا بِالْبَأْسَاءِ

\*Ammallee dhukkubaan isaan qabuun oolle

وَالضَّرَّاءِ

94} \*Akka laafanii amananiif jecha.

لَعَلَّهُمْ يَضُرُّعُونَ ﴿٩٤﴾

\*Duuba eegasii bakka haala isaanii hamaa sanii ,haala gaarii isaanif kennine abaar isaan keessa jiran,quufatti isaanii jirjiirree ,dhukkuba isaanitti jiru fayya'atti isaanii jirjiirree,  
\*Hanga warri ganda sanii horee heddomm-

ثُمَّ بَدَلْنَا مَكَانَ السَّيِّئَةِ الْحَسَنَةَ

aatanii if irraanfatanii,akka Rabbumaatu haala hamaa san isaanirraa deemsiisee ,haala gaarii isaanii fide beekhuu didanii, qananii Rabbitti kafaranii. Yookaa waan Rabbiin isaanif godhe dhoysanii,

حَتَّىٰ عَفَوْنَا

\*Wanni waliin je'en,

وَقَالُوا

\*Hamtu'uufii toltuun nutti argamte tun abb-

قَدْ مَسَّ آبَاءَنَا الضَّرَّاءُ وَالسَّرَّاءُ

ootii teenyattis argamtee jirti, wanni nu tuqe isaan tuqee jiraa, kun aadaa zamanaatii, yookaa baraatii,balaan nutti buute qixaaxa Rabbiin sababaa cubbuu teenyatiif nutti buusee mitii,qananii argannes waa ta Rabbirraa nuu dhuftee mitii, sodaattanii karaa keessan gad hin dhiisina'aa qabadhaa waliin je'anii, waan Rabbi isaanin gorsuudhaa itti fideen gorfamuu didanii kafaran,

\*Duuba sababaa saniif dingatatti balaa yookaa azaaba isaanitti buufnee,

فَأَخَذْنَاهُمْ بَغْنَةً

95} \*Isaanii ifirraa quban qabne lafarraa isaan

وَهُمْ لَا يَشْعُرُونَ ﴿٩٥﴾

dhabamsiifne,dachii garaan galchinee,takkaa iyyansa jabaa itti erginee, yookaa bishaan sami'ii itti buufnee , dachi'ii itti burqisiifnee, akka warra shukgaybifii anbiyoota isa dura dabretti kafare goone, nabi shukgaybi khaxiiba yookaa dubbataa anbiyootate je'aniin.

\*Odo warri biyyaa kan Rabbitti kafare sun,

وَلَوْ أَنَّ أَهْلَ الْقُرَىٰ

\*Kufrii dhiisanii Rabbiifii rasuula isatti amananii , cubbuu dalaguu dhiisanii, Ra bbii isaanii sodaatanii,

ءَامَنُوا وَاتَّقُوا

\*Silaa barakaa yookaa kheyrii sami'iiti itti banna,barakaan samiidhaa, rooba isaanii ro-

لَفَنَحْنَاهُمْ مِنْ السَّمَاءِ

obsuudhaa ,beekkomsa isaanii kennu'

\*Akkasuma barakaa dachiidhaa isaanitti banna, barakaan dachiidhaa, waa isaanii margarsuudhaa,

\*Haa tayuu warri biyyaa sun, Rabbitti amanuu didaniiti anbiyoota nuti itti ergine kiji-bsiisan

\*Duuba isaan qabnee, isaan fin'e,

96} \* Sababaa isaan dilii dalaganiif.

\*Si warri biyyaa ni amanee?

\*Azaabni keenya isaanitti dhufuu,

97} \*Halkan isaanii rafu, balaan teenya isaanitti buu'uu ifirraa amananii, balaan yookaa azaabni Rabbii nuttin bu'uu beekhanii? tanaaf kafaranii?.

\*Si warri biyyaa kan anbiyoota itti ergine sun if amanee?

98} \*Azaabni keenya guyyaa isaanii taphatu

yookaa isaanii dalagaa malee waan biraa hin yaanne isaanitti dhufu'urraa if amananii ? akka balaan guyyaa isaanii taphatu yookaa dalagu ittin buune hubataniiyi Rabbitti amanuu didanii?.

\*Si warri kafare sun morkorri Rabbirraa if

amananii? morkorriin Rabbii qanani kuffaaraa kennee,hoggaa isaan if irraanfatanii, balleessaa keessa dabran,isaanii if quban qabne balaa itti buusu'u, {makrii} jechuun;balaa dingata namatti buutu karaa ifirraa qaban qabaneen,

99} \*Maalif? makrii Rabbii namni amanu

hin jiru warra addunya'aa aakhiraa khasaarama malee, mu'minni quufe beelti itti dhufuu sodaataa,if hin amanu, kan fayyaa qabus Rabbiin dhukkuba itti fiduu sodaataa inni makrii Rabbii hin amanu namni morkorrii yookaa balaa Rabbii hin sodaanne, nama rabbii hin beyne .

\*Si ifa hin baanee,

\*Warra addunya'arra qubatuuf, takkaayuu warra dachii tanarra taa'uf,

وَالْأَرْضِ

وَلَكِنْ كَذِبًا

فَأَخَذْنَهُمْ

بِمَا كَانُوا يَكْسِبُونَ ﴿٩٦﴾

أَفَأَمِنْ أَهْلِ الْقُرَىٰ

أَنْ يَأْتِيَهُمْ بَأْسُنَا

بَيْتًا وَهُمْ نَائِمُونَ ﴿٩٧﴾

أَوْ أَمِنْ أَهْلِ الْقُرَىٰ

أَنْ يَأْتِيَهُمْ بَأْسُنَا ضُحًى وَهُمْ يُلْعَبُونَ ﴿٩٨﴾

أَفَأَمْنُوا مَكَرَ اللَّهِ

فَلَا يَأْمَنُ مَكْرَ اللَّهِ إِلَّا الْقَوْمُ الْخَاسِرُونَ ﴿٩٩﴾

أَوْ لَمْ يَهْدِ

لِلَّذِينَ يَرِثُونَ الْأَرْضَ

\*Eega warri dachii tanarra taa'uu ture lafarraa dhumee,

مِنْ بَعْدِ أَهْلِهَا

\*Odo feenee akkuma warra isaan dura

أَنْ لَوْ شَاءَ أَصَبْنَهُمْ بِذُنُوبِهِمْ

dabre balleessaa isaanitiif fin'etti isaanis fin'aa, hin beeynee akkuma warra dur kan dachiin isaanii dhaalamte azaaba yookaa balaa itti buufnee dhabamsiifne ,warra isaan dhaale kanas odo feene balaa itti buufnee lafarraa isaan dhabamsiifnaa, akkanatti dubbiin isaanii hin gallee?

**100** } \*Nutu qalbii orma sanii ni cufnaa, duuba gorsa hin dhagayan, dhagaytii qe-ebalu'uu.

وَنَطْبَعُ عَلَى قُلُوبِهِمْ فَهُمْ لَا يَسْمَعُونَ ﴿١٠٠﴾

\*Warra biyyoota yookaa gandoota dubbanne sanii, kan akka ummata {nuuhg} {huud} yookaa {aad} {thamuud} ummata shukgaybii,

تِلْكَ الْقُرَىٰ

\*Oduu isaanirraa waa sii odeessina,

نُقِصُ عَلَيْكَ مِنْ أَنْبَاءِهَا

\*Dhugumaan anbiyoonni isaanii kan isaanitti ergine, mukgjizaa mul'attu'uun isaanitti dhufan,

وَلَقَدْ جَاءَهُمْ رَسُولُهُمْ بِالْبَيِّنَاتِ

\*Duuba ittin amanne, yookaa warra isaanitti amanu hin taane,

فَمَا كَانُوا لِيُؤْمِنُوا

\*Waan odo anbiyoonni sun isaanittin dhufin itti kafaraniif yookaa waan isaan dhufanitti kafaru'uu murataniif jecha, eega anbiyoonni dhufaniiyis kufri'irratti hafan, amanuu didanii,

بِمَا كَذَّبُوا مِنْ قَبْلُ

**101** } \*Akkasitti Rabbiin qalbii warra Rabbitti kafaree duuchaa qalbiin isaanii haqa hin ehamtu.

كَذَلِكَ يَطْبَعُ اللَّهُ عَلَى قُلُوبِ الْكَافِرِينَ ﴿١٠١﴾

\*Irra hedduu ilmaan namaa kan ahdii yookaa baallama isaanii guutu hin agarre,

وَمَا وَجَدْنَا لِأَكْثَرِهِمْ مِنْ عَهْدٍ

**102** } \*Irra hedduu isaanii akka warra faasiqa, yookaa warra karaa Rabbirraa bayan tayan agarre.

وَإِنْ وَجَدْنَا أَكْثَرَهُمْ لَفَاسِقِينَ ﴿١٠٢﴾

\*Eega ergamoota dubbanne saniitii muusaa ergine,

ثُمَّ بَعَثْنَا مِنْ بَعْدِهِمْ مُوسَىٰ

\*Firkawna ,mootii misraatifi ummata isaa kan warra misratti ergine, mukgjizaa hedduudhan, tan hanga mukgjizaa sagalii geessu,

بِأَيِّنَّا إِلَىٰ فِرْعَوْنَ وَمَلَئِهِ

akka isii arganii amananiif,

\*Duuba mukgijzaa san itti kafaranii, isaan balleessine,

**103}** \*Mee akka warra Rabbitti kafaree lafa balleessu booddee goonu laali, balaa isaanitti buufnee lafarraa isaan fin'e.

\*Muusaa firkgawnatti erginee akki je'een; yaa firkgawna,

**104}** \*An Rabbii waa hunda uumerraan sitti ergamee waanan siin je'u dhagayii amani je'een, jennaanin itti amanuu didee kijibsiise, duuba nabi muusan akki je'een.

\*An Rabbirraan ergame, wanni naan malu, kan narratti jiru, dhugaa malee ki jiba Rabbirra kaayuu dhabu' ,kijiba dhiisee dhugaa dubbatu'uu ,

\*Mukgijzaa mul'attuu an ergamaa Rabbii tayuu beysiftun Rabbii keessanirraa isinitti fidee na dhugo'oomsaa,

**105}** \*Ati yaa firkgawna waanin an siin

je'u dhagayii,ummata isaraa'iil kan biyya misraa keessatti gabroonfattu kana biyya shaamin geessaa naaf gad dhiisi , yookaa na wajji ergi je'een, maalif ? san dura firkgawna orma isaraa'iil kan misra jiru dhiira isaanii ajjeesee ,dhalaa isaanii dhiifatee, gabra godhatee jira, tanaaf nabi muusan shaamitti isaan godaansisu'uu jecha dhufee ,firkgawnan jara kana naaf gad dhiisi je'ee irra barbaade.

\*Duuba firkgawna wanni muusa'aan je'e

\*Yoo mukgijzaa si dhugo'oomsituun kan dhufta taate,

**106}** \*Mee fidi, yookaa nu garsiisi, yoo warra dhugaa dubbaturraa taate je'een.

**107}** \*Jennaanin nabi muusan ulee harka

qabu lafatti darbee,bofa guddaa guddaa taatee afaan bantee kan namuu argu mana firkgawnatti qajeeltee, duuba firkgawna dheefa irraa gad taa'ee, ummanni isaatis irra gad taa'ee,dheefa keessa rakko'oodhatti wal qabanii wal caccabsanii namni kum diiddamii shan isaanirraa dhume ,sodaan biyya hunda seennan,firkgawna nabi muusa'atti wowwaatee, bofa kana nurraa qabi, sittan

فَطْلَمُوا بِهَا

فَأَنْظُرْ كَيْفَ كَانَتْ عَاقِبَةُ الْمُفْسِدِينَ ﴿١٠٣﴾

وَقَالَ مُوسَىٰ يَنْفِرَعُونَ

إِنِّي رَسُولٌ مِّن رَّبِّ الْعَالَمِينَ ﴿١٠٤﴾

حَقِيقٌ عَلَيَّ أَن لَا أَقُولَ عَلَى اللَّهِ إِلَّا الْحَقَّ

قَدْ جِئْتُكُمْ بَيْنَتٍ مِّن رَّبِّكُمْ

فَأَرْسِلْ مَعِيَ بَنِي إِسْرَائِيلَ ﴿١٠٥﴾

قَالَ

إِن كُنْتَ جِئْتَ بِثَابِتٍ

فَأْتِ بِهَا إِن كُنْتَ مِنَ الصَّادِقِينَ ﴿١٠٦﴾

فَأَلْقَىٰ عَصَاهُ فَإِذَا هِيَ ثُعْبَانٌ مُّبِينٌ ﴿١٠٧﴾

amanaa jennaan, nabi muusan ulee bofa taate san irraa qabee, akka duritti deebitee ulee taate.

**108}** \*Ammas mukgjizaa biraa firkgawnaafii ummata isaa garsiisu'uuf nabi muusan harka isaa qandii keessaa baasee, harki duraan magaalaa ifaa jabaan ifee ummanni ajaa'iba godhe.

وَنَزَّجَ بِهِ فَاذَاهِي بِيضَاءَ لِلنَّظِيرِينَ ﴿١٠٨﴾

\*Kana garraan ummanni firkgawnaa akki je'e,

قَالَ الْمَلَأُ مِنْ قَوْمٍ فِرْعَوْنَ

**109}** \*Inni kun, nabi muusaa baanani, nama akkaan falfala beekhu.

إِنَّ هَذَا سِحْرٌ عَلِيمٌ ﴿١٠٩﴾

\*Biyya teessanirraa isin baafatee ifii qubatu fedhaa je'an,

يُرِيدُ أَنْ يُخْرِجَكُمْ مِنْ أَرْضِكُمْ

**110}** \*Maali malli isin qabdan, kan ifirraa dhoowwuuun je'ee? firkgawna mala dhootuu isaa gaafate.

فَمَاذَا تَأْمُرُونَ ﴿١١٠﴾

\*Wanni isaan je'aniin muusa'aafii obboleessa isaa haaruun itti dhiisii, {arjih} jechuun booda aansii, yookaa itti dhiisi jechuu,

قَالُوا أَرْجِهْ وَأَخَاهُ

**111}** \*Warra olii gad deemee nama walitti qabu mandara hundatti ergi.

وَأَرْسَلَ فِي الْمَدَائِنِ حَاشِرِينَ ﴿١١١﴾

**112}** \*Warra falfala beekhu kan akkaan ogummaa falfalaa qabu walitti qabani siif fidanii, kan waan muusan dalage kanaan morkoru morku je'aniin, akkasitti ergee walitti qabaniif.

يَأْتُوكَ بِكُلِّ سِحْرٍ عَلِيمٍ ﴿١١٢﴾

\*Duuba warri falfalaa kan isaan walitti qaban firkgawnatti dhufanii,

وَجَاءَ السَّحَرَةُ فِرْعَوْنَ

\*Akki je'aniin,

قَالُوا

**113}** \*Yoo falfala keenya kanaan muusaa injifanne galata qabnaa mitii je'aniin.

إِنَّ لَنَا لَأَجْرًا إِنْ كُنَّا نَحْنُ الْغَالِبِينَ ﴿١١٣﴾

\*Jennaanin firkgawna akki je'een;

قَالَ

**114}** \*Eeyee galata, yookaa mu'uya gaarii

نَعَمْ وَإِنَّكُمْ لَمِنَ الْمُقَرَّبِينَ ﴿١١٤﴾

dalagaa teessanirratti qabdani, ammallee sanirratti isinii ida'ee, warra akkaan natti dhiyaaturraan isin godha je'eenii, duuba akkasitti ummanni biyyaa bayee,

dirree bal'oo keessatti wal gayanii falfaltoonni firkgawnatiifii nabi muusan wal dura dhaabbatan.

\*Falfaltoonni wanni je'an ,

قَالُوا

115} \*Yaa muusaa takkaa ati ulee tee darbuu, takkaa nuti falfala harkaa qabnu darbinee nama garsiisuu, lamaanirraa tokko maraxadhu je'aniin.

يَمْوَسَىٰ إِمَامًا أَن تُلْقَىٰ وَإِمَامًا أَن تَكُونَ نَحْنُ

الْمُتَّقِينَ ﴿١١٥﴾

\*Jennaanin dalagaa falfala keessanii jalqa-

قَالَ الْفُقَرَاءُ

ba'aa waan darbitan darbaa je'een, wanni nabi muusan, isaanin, dura darbaa je'eef akka waan isaan dalagan ummanni bayee daaw'atu argee, eegasii waan nabi muusan darbu ta waan isaan dalagan san hunda dhabamsiifte arganiif, akka dhuga'aafii kijiba addaan baraniifi,

\*Duuba falfaltoonni hoggaa falfala isaanii kan akka ule'ee, kan akka teepkaa, yookaa haadaa darban,

فَلَمَّا الْفُقَرَاءُ

\*Ija nama bayee daaw'atuu falfalanii, akka teephni teephumaa hin beyne godhan,

سَحَرُوا أَعْيُنَ النَّاسِ

\*Warra daaw'atu san sodaachisan ,teepha bofa isaanitti fakkeessanii,

وَأَسْرَهُبَهُمْ

116} \*Falfala jaba'aan, gudda'aan dhufanii namni hundi sodaate.

وَجَاءَهُ وَسِحْرٍ عَظِيمٍ ﴿١١٦﴾

\*Duuba muusa'aan falfala warri firkgawnaa dalage kanatti ulee tee gad dhiisi , yookaa itti darbi jenneenii itti darbee,

﴿١١٦﴾ وَأَوْحَيْنَا إِلَىٰ مُوسَىٰ أَن أَلْقِ عَصَاكَ

117} \*Uleen sun waan isaan dalagan hunda ,falfala isaan namatti fakkeessan hunda liqimsitee dhabamsiifte, {talqafu} jechuun ; liqimsitee jechu , {ya'fikuun} jechuun, namatti fakkeessan , gara galchan jechu'.

فَإِذَا هِيَ تَلْقَفُ مَا يَأْفِكُونَ ﴿١١٧﴾

\*Duuba hoggaa uleen nabi muusa'aa falfala isaan tolchan liqimsitu hayn'i mul'atee cimee

فَوَقَعَ الْحَقُّ

118} \*Wanni isaan dalagan baddee akka falfalli isaanii mukgjizaa Rabbii dura dhaabbatuu hin dandeenye isaanii mul'atee.

وَبَطَلَ مَا كَانُوا يَعْمَلُونَ ﴿١١٨﴾

\*Duuba firkgawnaafii ummanni isaa achitti injifatamanii, yookaa mooyamanii,

فَعَلِبُوا هُنَالِكَ

119} \*Xiqqeenyan dirree iidaa sanii deebi'an

وَأَنْقَلِبُوا صَغِيرِينَ ﴿١١٩﴾

120} \*Ormi falfala godhu sun mukgjizaa nabi muusa'aa tan falfala isaanii balleessite agarraan, haqa arganii lafatti if darbanii sujuudanii.

وَأَلْقَى السَّحَرَةَ سَاجِدِينَ ﴿١٢٠﴾

121} \*Rabbii waa hunda uumetti amanne.

قَالُوا آمَنَّا بِرَبِّ الْعَالَمِينَ ﴿١٢١﴾

122} \*Rabbii muusa'aafii haaruun nuu ergetti amanne je'an.

رَبِّ مُوسَى وَهَارُونَ ﴿١٢٢﴾

\*Duuba isaanii amane agarraan firkgna akki je'e;odoo an isinii hin eehamin fedhii tiyyaan male'etti Rabbiifii muusa'atti amantanii ? odo'on an amanaa je'ee isin hin ajajin kana dalaydanii,

قَالَ فِرْعَوْنُ ءَأَمْنَتُمْ بِهِ قَبْلَ أَنْ ءَأَذَنَ لَكُمْ

\*Wanni isin dalaydan kun,

إِنَّ هَذَا

\*Heelaa yookaa taligaa isiniifii muusan wal mariyattanii irratti walii galtanii, biyya tana yookaa mandara kana keessatti dalaydan,

لَمَكْرٌ مَّكْرَتُمُوهُ فِي الْمَدِينَةِ

\*Warra biyyaa, biyyarraa baaftanii ifii qubatu'uu jecha ,

لِنُخْرِجُوا مِنْهَا أَهْلَهَا

123} \*Waanin an isin godhu,qixaaxan an isin qixaaxu beekhu'uuf ,yookaa argu'uuf jiraattan.

فَسَوْفَ تَعْمَلُونَ ﴿١٢٣﴾

\*Wannin an isin godhu'uu taa'u, harkaafii miila keessanan isinirraa ciccira,wal dhabsii-see, akkana jechuun; nama hundarraa harka mirgaatifii miila bit'aatin mura jechu',

لَأَقْطَعَنَّ أَيْدِيَكُمْ وَأَرْجُلَكُمْ مِمَّنْ خَلْفٍ

124} \*Eegasii hunda keessan nan fannisa je'een.

ثُمَّ لَأَصْلَبَنَّكُمْ أَجْمَعِينَ ﴿١٢٤﴾

125} \*Firkgawna akkas jennaanin wanni je'aniin akkuma feetetti, yoo nu ajjeefte hin sodaannu,maalif eega duunee gara Rabbii keenyati deebinaa, eenyu namni Rabbii isa uume arguu jibbu ?.

قَالُوا إِنَّا إِلَى رَبِّنَا مُنْقَلِبُونَ ﴿١٢٥﴾

\*Ati waan biraa nurraa jibbitee nun qixaaxu,

وَمَا نُنْقِمُ مِنْهَا

\*Yoo aayata,yookaa mukgijzaa Rabbii

إِلَّا أَنْ أَمْنًا بِأَيِّتِ رَبِّنَا لَمَّا جَاءَتْنَا

keenyaa hoggaa nabi muusan nutti fide itti amanuu keenya taate malee, waan biraatii nun qixaaxxuu, yoo kan nuti Rabbitti amanu'uu jecha, kan nu qixaaxxuu taate, waan feeten nu qixaaxi je'aniinii, gara Rabbii isaanii deebi'anii, wanni isa khadhatan,

\*Yaa Rabbii keenya waan firkgawna nuun qixaaxu'uu deemu kanarratti obsa yookaa sabrii nuu kenni,akka sabrii dhabnee kufri'itti hin deebine,

رَبَّنَا أَفْرِغْ عَلَيْنَا صَبْرًا

126} \*Yaa Rabbii keenya islaamumm

وَتَوْفَنَّا مُسْلِمِينَ ﴿١٢٦﴾

a'arratti nu ajjeessi je'anii, Rabbii isaanitti dheeyisan,jarri falfaltootaa sun ganna kuffaara tayuu turan,ammoo galgala amananiiti ajjeefamanii jannata seenan, kan nama qajeelchu Rabbii, ammoo nabi muusan mooyateeti bakka itti wal gayan sanirraa gurraan galatee, bakka ormi isaa banii israa'iil qubatu dhaqe.

\*Tana garraan ormi gurguddaan warra firkgawnaa wanni firkgawnan je'e;

وَقَالَ الْمَلَأُ مِنْ قَوْمِ فِرْعَوْنَ

\*Si muusa'aafii ummata isaa banii israa'iil akkanumatti dhiiftaa?,

أَتَذَرُ مُوسَى وَقَوْمَهُ

\*Akka biyya misraa balleessaniif , umm ata sitti gara galchani, diinaa isaanii jirjiirani, akka gaafa falfaltoonni islaamaye, namni kum dhib jaha islaamayetti,

لِيُفْسِدُوا فِي الْأَرْضِ

\*Akka Rabbii hedduu ati tolchiteefii sillee

وَيَذَرُكَ وَءَالِهَتَكَ

ibaaduu lakkisaniif ? Maalif ? Firkgawna asnaama hedduu tolcheeti namaan ibaadaa yookaa gabbaraa je'eenii ifii an Rabbii guddaa ol'aana'aa na ibaadaa je'ee, akkasitti asnaama isaatifii isallee warri misraa ibaaduu turen,

\*Jennaan firkgawna wanni Je,e ummata muusa'aa san dhiira isaan dhalan hunda ajjeefneti,

قَالَ سَنَقُولُ أَبْنَاءَهُمْ

\*Dhalaa isaanii lakkifnee humna isaanii cabsinee if gabbarsiifna,akka odoo muusan hin argamin godhuu turre,

وَنَسْتَحْيِي نِسَاءَهُمْ

127} \*Nutti irre'een isaanirraa aannaa humna

وَأِنَّا فَوْقَهُمْ قَاهِرُونَ ﴿١٢٧﴾

isaanirra qabnaa je'ee, duuba wanni isaan dhalan dhiira yoo taye ajjeesanii, dhalaa tayu dhiisanii, ummanni muusa'aa balaa argee muusa'atti himatan.

\*Nabi muusan wanni ummata isaatin je'e ;

قَالَ مُوسَى لِقَوْمِهِ اسْتَعِينُوا بِاللَّهِ



Rabbii keessanitti dheeyisa'aa, gargaarsa isarraa barbaada'aa,

\*Obsaa, Rabbiin warra obsa qabuuf dirmataa,

\*Dachiin ta Rabbiitii isaatu uumee, isaatu qabaa,

\*Abbaa fedhe gabroottan isarraa dhaalchisa ,nama fedherraaf fuudheti nama fedhee kennaa obsaa je'een

128} \*Hegreen gaarin ta warra Rabbi so-daatutii.

\*Jennaan wanni isaan je'an; yaa muusaa odoo ati hin dhufin miidhamnee jirraa,

\*Eega ati nutti ergamteeyis hunoo miidhamnee akkam taanaa je'aniin,

\*Jennaanin nabi muusan wanni ummata isaa banii israa'iilin je'e, Rabbiin warra akkatti isin miidhe firkgawnaafii ummata isaa balleessee,

\*Biyya misraa keessatti mootummaa isinii kennee bakka firkgawnaafii ummata isaa isin buusee,

129} \*Duuba waan biyya misraa tanatti dalaydan galata isaa galchitanmoo itti kafartanii laaluu hin ooluu obsa'aa guyyaa san eegadhaa je'een.

\*Aalii yookaa ummata firkgawnaa abaarin qabnee jirra rooba irraa kunnee,

\*Ammas midhaan duraa ir'ifnee ,yookaa duraa balleessinee,aafata yookaa dhukkuba midhaanii itti buufnee,

130} \*Wanni balaa ummata firkgawnatti

buunef, akka Rabbi ifii yaadataniif kufri'irraa deebi'ani'iifi ,maalif wanni firkgawna an Rabbi ifiin je'eef hanga bara dhibba sadiyiifii diiddamaa, wanni inni jibbu ittin dhufne'eefi, duuba Rabbiin if isaan yaadachiisu'uu jecha balaa itti buuse, akka isi'iin gorfamaniif, maalif cinqiin Rabbi nama yaadachiifti.

\*Duuba hoggaa roobafii, quufafii, fayyaa argatan ormi firkgawnaa,

\*Wanni kun waan keenya, wanni nuti haqa

وَأَصِرُوا

إِنَّكَ الْأَرْضَ لِلَّهِ

يُورِثُهَا مَنْ يَشَاءُ مِنْ عِبَادِهِ

وَالْعَقِبَةُ لِلْمُتَّقِينَ ﴿١٢٨﴾

قَالُوا أَوْذَيْنَا مِنْ قَبْلُ أَنْ تَأْتِيَنَا

وَمِنْ بَعْدِ مَا جِئْتَنَا

قَالَ عَسَىٰ رَبُّكُمْ أَنْ يُهْلِكَ عَدُوَّكُمْ

وَيَسْتَخْلَفَكُمْ فِي الْأَرْضِ

فَيَنْظُرَ كَيْفَ تَعْمَلُونَ ﴿١٢٩﴾

وَلَقَدْ أَخَذْنَا آلَ فِرْعَوْنَ بِالسِّنِينَ

وَنَقَصِ مِنَ الثَّمَرَاتِ

لَعَلَّهُمْ يَذَكَّرُونَ ﴿١٣٠﴾

فَإِذَا جَاءَتْهُمْ الْحَسَنَةُ

قَالُوا إِنَّا هَدِينَا

godhannu kana je'anii Rabbii waan kana  
isaanii kenneef galata hin galchani, kuf-  
uma isaanii itti fufan,

\*Ammoo yoo balaan yookaa wanni hamt-  
uun tan akka abaar kan akka dhukkubaa  
isaan tuyxe,

\*Nabi muusa'aafii warra isaan wajji jiruun  
hoodatan, isaantu faana nuttin tolin, takkaa  
isaantu nutti farrise, sababaa isaanitiif balaan  
nutti buute je'an ,

\*Duuba Rabbiin akki je'e; farriti isaanii

sababaan balaan isaanitti buutef Rabbirraayi, nama birarraayii mitii, Rabbiin  
isaan kafarraan balaa isaanitti buuse, maalif wanni hundi harka Rabbiiti jirti  
hamtuu taatuu, toltuu taatuu, waa takkalleen fedhii isaatin malee hin taatu,

**131** } \*Haa tayuu irra hedduun isaanii akka  
wahayyuu Rabbumarraa taate hin beekhanii  
, tanaaf muusa'aatu nutti farrisee balaan tun  
nutti buute je'an.

\*Wanni firkgawnaafii ummanni isaa nabi  
muusa'aan je'e; yoo mukgjizuma yookaa ka-  
raamuma taatee nutti fidde,

\*Mukgjizaa saniin nu laaffiftee akka sitti  
amannu nu godhu'uu jecha ,

**132** } \*Wanni feetelleen taatu nuti warra  
sitti amanuu miti je'an, duuba akkasitti nabi  
muusan amanuu isaanii tan duraan kajee-  
lurraa garaa muratee isaan abaaree.

\*Duuba inni isaan abaarran { xuufaana }

isaanitti ergine, {xuufaan} jechuun ; bishaan hanga guyyaa torbaa mana isaanii  
guutu, kan mana ummata firkgawnaa malee mana ummata muusa'aa hin see-  
nne, takkaa xuufaan jechuun; dhukkuba maarite'eeti, ummanni firkgawnaa kun  
{qibxi} je'ama, kan ummanni nabi muusa'aa {baniisraa'iil} je'amu, duuba  
eega ormi firkgawnaa torbaan tokko bishaan san keessa taa'anii, takkaa dhuk-  
kuba maarite'ee san keessa taa'anii, nabi muusa'atti wowwaatanii sitti amannaa  
, Rabbi nuu khadhu akka balaa tana nurraa deemsisu je'anii, nabi muusan Rabbi  
khadhatee irraa deemsisee, nagayaan hanga baatii takkaa taa'anii, amanuu did-  
anii baallama diigan,

\*Duuba Rabbiin ammas awwaannisa itti

وَأَن تَصِيبَهُمْ سَيِّئَةٌ

يَطِيرُوا بِمُوسَىٰ وَمَنْ مَعَهُ

أَلَّا إِنَّمَا طَلَبْتُهُمْ عِنْدَ اللَّهِ

وَلَكِنْ أَكْثَرَهُمْ لَا يَعْلَمُونَ ﴿١٣١﴾

وَقَالُوا مَهْمَا تَأْتِنَا بِهِ مِنْ آيَةٍ

لَتَسْحَرَنَا بِهَا

فَمَا نَحْنُ لَكَ بِمُؤْمِنِينَ ﴿١٣٢﴾

فَأَرْسَلْنَا عَلَيْهِمُ الطُّوفَانَ

وَالْجُرَادَ

gad lakkisee midhaan duraa nyaatee eega torbaan tokkootii nabi muusa'atti wowwaatanii sitti amannaa Rabbi nuu khadhu je'aniinii Rabbi khadhateefii awwaannifni irraa godaanee, nagayaan hanga baatii takkaa taa'anii amanuu didanii baallama diigan,

\*Duuba ammas Rabbiin daanayoo , yookaa

وَأَقْمَلْ

urtoo waya'aafii qaama yookaa nafa isaanii jidduu seentee isaan nyaattu, itti gad lakkisee, yookaa {qummal} jechuun; {siqoo} ilmaan awwaanisaa kan takka bararuu hin gayin, kan lafarraa siqee waa nyaatu, kan waan awaannifni dhiise lafarraa xaragee fixu, duuba nabi muusa'atti wowwaataniiti, Rabbiin irraa deemsisee hanga baati takkaa nagayaan taa'anii, amanuu didanii baallama diynan ,

\*Ammas raacha itti erginee manaafii nyaata

وَالضَّفَادِعَ

isaanii hunda guutee, eega torbaan tokkootii cinqamanii nabi muusa'atti wowwaatanii, Rabbi khadhatee Rabbiin irraa deemsisee, duuba hanga baatii takkaa nagayaan taa'anii, amanuu didanii, baallama diynan,

\*Bishaan isaanii dhiigatti gara galchina

وَالدَّمَ

bishaan bakka takkaa waraabamu kan ummanni firkgawna waraabatu dhiiga tayaa kan ummanni muusa'aa waraabatu nagayuma qaba, duuba balaa tana keessa hanga taa'an taa'anii, ni amannaa Rabbi nuu khadhu je'anii nabi muusa'atti wowwaatanii, nabi muusan Rabbi khadhatee balaa san jalaa isaan baafne, akkasitti mukgjizaa shanan san isaanitti ergine, wal duraa duuban isaan agarsiifne,

\*Mukgjizaa beekkamtuu adda babaafnee , haa amanani'iif jecha,

ءَايَاتٍ مُّفَصَّلَاتٍ

\*Duuba itti amanu'urraa if guddisanii, itti amanuu didan ,

فَأَسْتَكْبِرُوا

133} \*Isaan warra cubbuu keessatti cimee , tanaaf amanuu didan.

وَكَانُوا قَوْمًا مُّجْرِمِينَ

\*Duuba hoggaa azaabni isaanitti bu'e, takkaa hoggaa balaan itti buute mara,

وَلَمَّا وَقَعَ عَلَيْهِمُ الرِّجْزُ

\*Wanni isaan je'an ;yaa muusaa Rabbii kee nuu khadhu, waan Rabbiin kee yoo amanan balaa jalaan isaan baasa je'ee si beysiseef , takkaa waan Rabbiin ballama sii seenef jecha,

قَالُوا يَا مُوسَى ادْعُ لَنَا رَبَّكَ بِمَا عَهِدَ عِنْدَكَ

\*Duuba yoo Rabbi khadhattee azaaba yookaa cinqii nuti keessa jirru tana nurraa deemsifte,

لَيْنَ كَشَفْتَعَنَّا الرِّجْزَ

\*Sitti amanna,

لَتُؤْمِنَنَّ لَكَ

134} \*Ummata israa'iil kan ati shaamitti galchu'uu barbaaddus siif gad dhiifnee, siin wajjiin ergina je'anii baallama jabaa nabi muusa'aaf seenan.

وَلَتُرْسِلَنَّ مَعَكَ بَنِي إِسْرَائِيلَ ﴿١٣٤﴾

\*Duuba hoggaa kadhaa muusa'aatin balaa isaan keessa jiran irraa deemsifnu,

فَلَمَّا كَشَفْنَا عَنْهُمْ الرِّجَرَ

\*Hanga waytii isaan gayu'uu taa'anitti sun waytii azaabni isaan balleessu isaanitti bu'udhaa taa'uu,

إِلَىٰ أَجَلٍ هُمْ بَلِغُوهُ

135} \*Gaafas baallama seenan, diiganiiti ku-fri'irratti didan yookaa goggogan

إِذَا هُمْ يَنْكُثُونَ ﴿١٣٥﴾

\*Duuba biiluu, yookaa gadoo isaanirraa bayu'uu jecha, badii itti murree,

فَأَنْقَمْنَا مِنْهُمْ

\*Bahara isaan liccisiifnee, baharri isaan nyaate,

فَأَعْرَقْتَهُمْ فِي الْيَمِّ

\*Waan isaan mukgjizaa, yookaa aayata keenya kijibsiisaniif jecha ,

بِأَنَّهُمْ كَذَّبُوا بِآيَاتِنَا

136} \*Isaan warra aayata yookaa mukgjizaa

وَكَانُوا عَنْهَا غَافِلِينَ ﴿١٣٦﴾

teenya hin mil'anne, kan irraa gara galu tayuu turan kan waan isiin dhuftuuf laalanii hin qeeballe, kan hin gorfamneen ,isaan warra aayata Rabbii beekka'aan dagatu jechu' .

\*Eega orma firkgawnaa baharitti fin'ee, yookaa bahariin fin'ee, orma muusa'aa kan firkgawnaafii ummanni isaa gabroomfatuu ture dhaalchifne,

وَأَوْرَثْنَا الْقَوْمَ الَّذِينَ كَانُوا يُسْتَضْعَفُونَ

\*Bayaafii dhiya, dachiidhaa ,isaan dhaalchifne, nama biraa irraa kaafnee ,isaan qubsiis-uudhan,

مَشْرِقِ الْأَرْضِ وَمَغْرِبِهَا

\*Dachii barakaa isii keessa keenye, dachii quuftuu, bishaanifii mayra qabdu, gabbattuu, isaan dhaalchifne, dachiin sun biyya shaami,

الَّتِي بَرَكْنَا فِيهَا

\*Akkanatti banii israa'iil balaa firkgawnaa jalaa baafnee biyya barakaa qabdu { shaam } isaan qubsiisu`uun jechi rabbi keetii

وَتَمَّتْ كَلِمَتُ رَبِّكَ الْحُسْنَىٰ عَلَىٰ بَنِي إِسْرَائِيلَ

gaarin, ilmaan israa'iilif guutame ,baallamni yookaa wakgadni Rabbiin saniin dura, balaa firkgawnaa jalaa isin baasee isin qananiisuu hin oolu je'ee, seenef guutameef,

\*Waan amata meeqaatam, cunqursaa xilaata isaanirratti obsaniif,

بِمَا صَبَرُوا

\*Ammoo waan firkgawn afii ormi isaa jaaru hunda jijjiysinee balleessine, kan akka manaa,

وَدَمَّرْنَا مَا كَانُوا يَصْنَعُونَ فِرْعَوْنَ وَقَوْمَهُ

137} \*Akkasuma waan isaan gonbisanii, yookaa ol fuudhanii jaaran, mana tayuu, mansnoo tayuu, jijjiysinee.

وَمَا كَانُوا يَعْرِشُونَ ﴿١٣٧﴾

\*Ammoo ilmaan israa'iil ,bahara ceesifnee

وَجَوْرًا بَنِي إِسْرَائِيلَ يَلِ الْبَحْرِ

xilaata isaanii jalaa bayan, eega xilaanni isaanii firkgawnaafii ormi isaa baharitti dhumanii ,maalif ?ummanni israa'iil, misraa dheeysee, nabi muusa'aan wajji shaamitti qajeellan, firkgawna ummata isaa baasee isaan dhaqqabee, odoo isaan shaam hin geenye isaan fixu'uuf jecha, jala bu'ee hoggaa isaan bahara maddii gayan dhaqqabe, duuba ormi israa'iil nabi muusa'aan xilaanni nu dhaqqabee bahara nu dura jiraa akkam taana jennaanin, nabi muusan Rabbi jiraa hin sodaatinaa je'een, duuba Rabbiin nabi muusa'aan ulee teetin bahara kana dhawi je'ee, akkasitti dhawee, dhooyan baharri addaan citee, karaan goggogaan bayee karaa gaara bishaanii lama jidduu jiru ormi israa'iil dheefa firkgawnaa irra gad taa'ee firkgawnas jalaan hafnee, dhaqqabu'uuf jala gad tee'e, duuba hoggaa ummata israa'iilirraa kan maayyi'ii bahara keessaa achi bayu, kan ormi firkgawnaa hundi baharri seenee, karaa baharaa keessa jiru, baharri duraan adda cite, walitti deebi'ee, orma firkgawnaa liqimsee, ormi israa'iil bahara nagayaan ce-yee, shaamitti dabran,

\*Duuba ormi israa'iil odoo deemanuu ummata tokko kan taa'ee muka yookaa sanama ibaadutti dhufan,

فَأَنزَلْنَا عَلَى قَوْمِهِمُ الْوَيْحَ عَلَىٰ أَصْنَامِهِمُ

\*Hoggaa san nabi muusa'aan sanama ibannu nuu godhi ,

قَالُوا لِمُوسَىٰ اجْعَلْ لَنَا إِلَهًا

\*Akka jarri sun muka yookaa sanama Rabbi godhatanii ibaadann qabanitti je'an

كَمَا لَهُمَ آلِهَةٌ

138} \*Jennaanin nabi muusan akki je'een

قَالَ إِنَّكُمْ قَوْمٌ مَّجْهُلُونَ ﴿١٣٨﴾

isin warra human beeyne, kan qanani Rabbiin isiniin qananiise wallaaltanii bakka silaa galata isaaf galchitan itti kafartan, an galata isaa galchu'un isinirraa eegee inumaa sanama akka jarri kun ibaaduu nuu godhi naan jettanii?.

\*Wanni jarri muka ibaadu kun keessa jiru badi'i,

إِنَّ هُنَالَهُمْ صُورًا مِّمَّا هُمْ فِيهِ

139} \*Wanni isaan dalaganis kijiba, waan dhabama', waan hin jirre je'een.

وَيَطَّلُ مَا كَانُوا يَعْمَلُونَ ﴿١٣٩﴾

\*Ammas wanni je'een ;si yaa ummata kiyya waan Rabbi hin tayinan isiniif barbaadaa, muka inni uumen isaa achitti ibaadaa je'ee isinii tolchaa?

قَالَ أَغَيْرَ اللَّهِ أَبْغِيكُمْ إِلَهًا

140} \*Odo Rabbiin warra zamana keessanii kanarra isin caalchisee jiruu, waan isin itti amantaniif jecha.

وَهُوَ فَضَّلَكُمْ عَلَى الْعَالَمِينَ ﴿١٤٠﴾

\*Yaa ilmaan israa'iil gaafa cingii orma firkgawnaa jalaa isin baafne yaadadhaa,

وَإِذْ أَنْجَيْنَاكُمْ مِنْ آلِ فِرْعَوْنَ

\*Kan azaaba jabaa isin dhandhamsiisan, cunqursaa hamtuu isin cunqursan,

يَسُومُونَكُمْ سُوءَ الْعَذَابِ

\*Kan isinitti roorrisuu keessa dhiira teessan ajjeessanii dhalaa keessan jiraachisanii, wandaqa yookaa gabritti godhatan,

يُقْتَلُونَ أَبْنَاءَكُمْ وَيَسْتَحْيُونَ نِسَاءَكُمْ

\*Duuba cingii san jalaa isin baasee isaan fixuu keessa, takkaa duraan miidhamtanii eegasii miidhaa san jalaa isin baasuu keessa

وَفِي ذَلِكَ

141} \*Isin mokkoru'uufii ammallee qananii

بَلَاءٌ مِنْ رَبِّكُمْ عَظِيمٌ ﴿١٤١﴾

Rabbii keessaniititu jira, isin makkoree akka sabbartan isin laalu'uu jecha, isin qananiisee akka galata isaa galchitan laalu'uu jecha, duuba yaa ilmaan israa'iil akkamitti Rabbii akkatti isinii tole dhiiftanii waan biraa gabbaruu yaaddan je'een.

\*Nabi muusa'aaf hanga halkan soddomaa

﴿ وَوَعَدْنَا مُوسَىٰ ثَلَاثِينَ لَيْلَةً

qaaxaroo qabne, akka hanga guyyaa soddomaa soomanee eegasii isa dubbisu'uu jecha, duuba nabi muusan soddomman san soomanee, Rabbii ifii argee, dubbisu'uu jecha soomanni afaan naa ajjeesse afaan na jirjiire je'ee, siwaakkate, hoggaa san Rabbiin nabi muusaa soomanee faanti yookaa foolen, soomanaa afaan isarra jirtu, kan hin siwaakkatin isa dubbisu'uu jecha soomana itti ida'e, tanaaf Rabbiin akki je'e,

\*Waytii inni soomanu kudhaniin guunne, soddomman inni soomane sanirratti kudhan idaanee soomanu'utti isa ajajnee,

وَأَتَمَمْنَا بِهَا عَشْرًا

\*Duuba akkasitti waytiin eega isiin dab-

فَتَمَّ مِيقَاتُ رَبِّهِ ۚ أَرْبَعِينَ لَيْلَةً

artee Rabbiin isa dubbisu'uu isaaf qabe afurtama guutte,soddomni inni duraan soomane baatii zulqikgda'aati, ammoo kurnan booda soomane kurnan duraa kan baatii arafa'aati,

\*Nabi muusan hoggaa qaaxaroon geessee bakka Rabbiin isa itti dubbisu'uu isaaf qabe dhaqu'uu ka'e, takkaayuu qophaayu, obboleessa isaa haaruunin akki je'e,

\*An gaara Rabbiin irratti na dubbisun dhaqaa, ummata kiyya keessatti hafii bakka tiyya dhaabbadhuu tottooyadhu,

\*Karaa gaarii isaan qajeelchi,

142} \*Karaa warra bada'aa hin deemin, waan isaan dalagan hin ehaminii irraa dhoo-wwi je'een.

\*Duuba hoggaa waytiin geessee gaara Rabbiin dhaqi achittin si dubbisaa je'een san nabi muusan dhaqee,

\*Rabbiin nabi Muusaa dubbise

\*Duuba nabi muusan akki je'e; yaa Rabbi dubbii tee dhagayee si argu'un fedhaa if na agarsiisi je'een,

\*Jennaanin Rabbiin nabi muusa'aan ati na arguu hin dandeessu yoon sitti mul'adhe nuura kiyya hin dandeessuu bayxeeti yaataa,

\*Haa tayuu mee gaara sirra jaba'aa kan dha-ga'aa sibiilaa sanittin mul'adhaa, gaara san achi laali,

\*Yoo gaari sun akkuma isatti dhaabbatee hafe,

\*Atis dandeessetuma na argu'uu jiraattaa , yoommoo gaari sun akka isatti hafuu baate, na arguu hin dandeessuu hin barbaadin, addunya'arratti na argu'uu ati hin uumamnee je'een ,

\*Duuba hoggaa nuurri Rabbi hanga wall'akkaa came'ee, takka gaara sanitti mul'atu,

\*Nuurri sun gaara san caccabsee,lafaan wal qixeesse

وَقَالَ مُوسَى لِأَخِيهِ هَارُونَ

أَخْلَفْنِي فِي قَوْمِي

وَأَصْلِحْ

وَلَا تَتَّبِعْ سَكِيلَ الْمُفْسِدِينَ ﴿١٤٢﴾

وَلَمَّا جَاءَ مُوسَى لِمِيقَاتِنَا

وَكَلَّمَهُ رَبُّهُ

قَالَ رَبِّ ارْنِي أَنْظُرَ إِلَيْكَ

قَالَ لَنْ تَرَنِي

وَلَكِنْ أَنْظُرْ إِلَى الْجَبَلِ

فَإِنْ اسْتَقَرَّ مَكَانَهُ

فَسَوْفَ تَرَنِي

فَلَمَّا حَجَّى رَبُّهُ لِلْجَبَلِ

جَعَلَهُ دَكًّا

\*Nabi muusan gaggabee lafa dhawe naasuu waan argeetif jecha,

وَخَرَّ مُوسَىٰ صَعِقًا

\*Duuba nabi muusan hoggaa gagabarraa bayfatu, takkaa dammaqu,

فَلَمَّا أَفَاقَ

\*Wanni je'e yaa Rabbi waan siin hin malle hundarraan si qulqulleessaa,

قَالَ سُبْحَانَكَ

\*waan ati itti nan ajajin si gaafatu'urraan dhiifama sirra barbaada,

تَبَّتْ إِلَيْكَ

**143}** \*An nama warra zamanaa kanarraa dura dursoo sitti amane je'ee araara barbaade.

وَأَنَا أَوَّلُ الْمُؤْمِنِينَ ﴿١٤٣﴾

\*Duuba akana je'ee nabi muusan Rabbi khadhannaan Rabbiin akki je'een yaa muusaa warra zamana kee jiru hundarra si maraxadhee si caalchise,

قَالَ يَمُوسَىٰ إِنِّي اصْطَفَيْتُكَ عَلَى النَّاسِ

\*Ummatatti si ergu'uun, ergaa tiyyaan,

بِرِسَالَتِي

\*Ammallee malaaykan nu jidduu jiraatu'uun male'etti si dubbisu'uun,

وَيُكَلِّمِي

\*Waanin sii kenne kana fudhuu,

فَخَذَ مَاءًا تَيْتًا

**144}** \*Warra waanan kenneefirratti galata naa galchuu tayi je'een.

وَكُنْ مِنَ الشَّاكِرِينَ ﴿١٤٤﴾

\*Nabi Muusa'aaf lowhii torba yookaa

وَكَتَبْنَا لَهُ فِي الْأَلْوَابِ مِنْ كُلِّ شَيْءٍ

kudhan kenninee lowhii san keessatti waan inni itti haajamu hundarraa isaaf waa katabne, lowhin torban yookaa kurnan sun lowhii towraat keessatti katabame,

\*Akka waan lowhii san keessatti katabameen gorfamee barsiisuu jecha,

مَوْعِظَةً

\*Ammallee lowhii san keessatti waan hunda adda isaa babaasu'uu jecha isaa kennine,

وَتَقْصِيلاً لِّكُلِّ شَيْءٍ

\*Jabeessii lowhota towraat keessatti katabame san qabadhu, fudhu, itti dalagi,

فَخَذَهَا بِقُوَّةٍ

\*Ummata keetis akka waan gaarii towraat dhufeen qabatan itti gorsi,

وَأَمَرَ قَوْمَكَ بِأَخْذِهَا بِأَحْسَنِهَا

**145}** \*Biyya warra karaa Rabbirraa ba-

سَأُورِيكُمْ دَارَ الْفَسَقِينَ ﴿١٤٥﴾

yee isin garsiisu'uufin jiraadhaa, biyya misraa tan firkgawnafii ummanni isaa irraa bade isinan agarsiisa, akka waan isaanitti buufnen gorfamtanii haqarratti jabaattaniif jecha.



\*Mukgijzaa dandeytii tiyya beysiftu tan lalalanii arganiifii taanirralle'ee ijan qaba

سَأَصْرَفُ عَنْ آيَاتِي

\*Warra haqaan malle'etti Rabbitti amannu'urraa addunyaa tana keessatti if guddisu, duuba Rabbiin isaan xiqqeesseti guddina isaan kuta. takkaayuu dhowwa,

الَّذِينَ يَتَكَبَّرُونَ فِي الْأَرْضِ بِغَيْرِ الْحَقِّ

\*Warri Rabbiin sababaa isaan if guddisaniif ija isaanii qabee, qalbii isaanii duuche sun odoo mukgijizuma taatee haa taatuu arganii, \*Ittin amanan, hin dhugo'oomsan ,

وَأَن يَرَوْا كَلَّ آيَةٍ

\*Yoo karaa qajeello'oo kan Rabbi biraa dhufe argan hin qabatan, yookaa hin deeman,

لَا يُؤْمِنُ بِهَا  
وَأَن يَرَوْا سَبِيلَ الرُّشْدِ لَا يَتَّخِذُوهُ سَبِيلًا

\*Ammoo karaa jallaa yoo argan karaa godhataniiti qabatan yookaa deeman,

وَأَن يَرَوْا سَبِيلَ الْعَقْبِ يَتَّخِذُوهُ سَبِيلًا

\*Wanni warra if guddisu mukgijiza'arraa ija qabnee qalbii isaanii duuchineef,

ذَلِكَ

\*Sababaa isaan aayata, yookaa mukgijzaa teenyatti kafaraniifi, takkaa kijibsiisaniifi,

بِأَنَّهُمْ كَذَّبُوا بِآيَاتِنَا

**146}** \*Isaan warra mukgijzaa teenyatti amanu'urraa ija qabate, yookaa jaame, dagate.

وَكَانُوا عَنْهَا غَافِلِينَ ﴿١٤٦﴾

\*Warri aayata keenya kijibsiise ,

وَالَّذِينَ كَذَّبُوا بِآيَاتِنَا

\*Kan eega du'anii ka'anii gaafatamuu kijibsiise,

وَلِقَاءِ الْآخِرَةِ

\*Wanni gaarin isaan addunya'arrtti dalagan hundi duraa badde, galata isi'ii hin argatan, waan Rabbitti amanuun wajjin jirreef,

حِطَّتْ أَعْمَالُهُمْ

**148}** \*Si waan ifii dalaguu turan malee, jazaan waan biraa ni mudatanii? hin mudatan jechu', namuu waanuma faaafate murata.

هَلْ يُجْزَوْنَ إِلَّا مَا كَانُوا يَعْمَلُونَ ﴿١٤٨﴾

\*Ummanni muusa'aa kan Rabbiin cunqursaa jalaa baasee, shaamitti yaa'u, eega nabi muusan Rabbii isaa dubbisu'uu jecha, biraa deeme dibicha tokko, faaya warra firkgawnaa kan isaan bira jiru, ziqiyaafii meeta suuraa dibichaa godhanii tolchan,

وَأَتَّخَذَ قَوْمُ مُوسَىٰ مِن بَعْدِهِ مِن حُلِيِّهِمْ عِجَلًا

\*Duuba sibiilli isaan akka dibichaa godhan sun, dibicha dhuga'aa, kan dhiigafii foonii taye,

جَسَدًا

\*Kan akkuma hori'itti baroodu , namni kana

لَمَسْخُورًا

dalage,namicha tokko kan {muusaa saamirii} je'amu, kan jibriil guddise ,namichi kun biyyee faana farda jibriil jalaa fuudhee, harkaa qabu, dibicha sibiilaa san keessa kaayee, Rabbiin jiraachisee, baroochise, maalif wanni biyyee san keessa kaayan hundi, numa jiraatti, duuba namichi muusaa saamiri'ii je'amu sun,ummata israa'iil, kan nabi muusan ilma kgimraan Rabbi isaa dubbisu'uuf, gaara {xuur} je'amutti biraa dabreen ,Rabbiin nabi muusan barbaadu, dibichuma kanaa ,dibichan an ziqiyaafii meetarraa isinii tolche kana ibaadaa je'eenii Rabbi je'anii ibaadan, yookaa gabbaran,

\*Rabbiin akki je'e, mee akkamitti sibiila

الْمَرِيرَ وَأَنَّهُ لَا يَكْفِيهِمْ سَبِيلًا

Rabbi je'anii gabbaran, si akka dibichi sun ,isaan hin dubbifne hin arganii? Ammas akka dibichi sun yoo karaa badan, takkaa jallatan, hin qajeelchine, hin arganii?

\*Odoo kana arganuu Rabbi godhatanii, qabatanii gabbaran,

أَتَحَدُّوهُ

148} \*Isaan waanuma ifii dalaganii tolchan ,Rabbi godhatanii gabbaru'uun, warra cubbuu dalagee if miidherraan tayan.

وَكَاثُوا ظَالِمِينَ ﴿١٤٨﴾

\*Ammoo hoggaa sheenan qalbii isaanii keessa buutu,akkamitti waan akkanaa Rabbi jennee ibaanna je'anii if taajjaban,

وَلَمَّا سَقَطَ فِي أَيْدِيهِمْ

\*Hoggaa akka dalagaa tanaan karaa Rabbiirraa jallatan, if argan,

وَرَأَوْا أَنَّهُمْ قَدْ ضَلُّوا

\*Wanni isaan je'an,yoo Rabbiin keenya rahgmata nuu godhuu baate,

قَالُوا لَيْن لَّمْ يَرْحَمْنَا رَبُّنَا

\*Yoo balleessaa teenya tana nuuf araaramuu baate,

وَيَعْفِرْ لَنَا

149} \*Warra addunya'aa aakhira'atti khasaramerraan taana je'anii, badi'irraa deebi'an.

لَنَكُونَنَّ مِنَ الْخَاسِرِينَ ﴿١٤٩﴾

\*Nabi muusan hoggaa maqoodharraa gara orma isaa deebi'u isaa waan isaan dalagan dhagayee dallansuu akka biraa qabu,

وَلَمَّا رَجَعَ مُوسَىٰ إِلَىٰ قَوْمِهِ غَضْبَانَ

\*Isaa akkamitti ummanni kiyya dibichaan Rabbi je'a je'ee, rifachuu qabu,

أَسْفًا

\*Wanni ummata isaatin je'e ,yaa hammeenya waan isin na duubatti haftanii dalaydanii, eeguman an waan akkanarraa isin dhoowwu turee, kana dalaydanii?,

قَالَ بِئْسَمَا خَلَفْتُمُونِي مِن بَعْدِي

\*Si,waanin an isinii deebi`uun , towraata an

أَعَجَلْتُمْ أَمْرَ رَبِّكُمْ

Rabbirraa isinii fidu'uu taa'u eeggatuu dadhabdaniiti, amrii Rabbii dhiiftanii, kafartanii? akkamitti waan namichi {muusassaamirii} je'amu je'u dhageessan, yoo dubbiin isinitti wal fakkaatte nan eeydani? maalif jarjartanii kana dala-ydan je'eenii,

\*Lowhii torba,kan towraat keessatti katab-

وَأَلْقَى الْأَلْوَابِحَ

ame, kan Rabbiin isaaf kenne, kan ba'atee deemun, aara keessa lafatti darbee, lawhonni sun caccabxee torbanirraa tokko malee, waan kaan Rabbiin irraa deeffate,

\*Duuba nabi muusan obboleessa isaa haaruun ,maalif jara san dibicha ibaadu'urraa dhoowwu oole'eef ,rifeensa mataa isaatifii, areeda isaa qabee ifitti as bute,akka nama mataa isaa laqaaqutti ,

وَأَخَذَ بِرَأْسِ أَخِيهِ يَجُرُّهُ إِلَيْهِ

\*Hoggaa san nabi haaruun yaa ilma haadha tiyyaa,

قَالَ ابْنُ أُمِّ

\*Ormi kun na tuffateeti,humna isaanin qajeelchu hin qabuu arganii,waan dalagan kana dalaganii,

إِنَّ الْقَوْمَ اسْتَضَعُّوْنِي

\*Inumaa hogga'an an kufrii itti jirtan kana dhiisaa je'ee itti jabeessu, na ajjeesuu gayanii,

وَكَادُوا يَقْتُلُونَنِي

\*Tanaaf jecha yaa obboleessa kiyyaa orma xilaata keenyaa kana duratti na xiqqeessitee ,isaan hin gammachiisin,

فَلَا تَشْمِتْ فِي الْأَعْدَاءِ

**150}** \*Warra dilii dalageen wajji nan qixaxin an humaan balleessinee je'een, duuba nabi muusan hogga obboleessi isaa haaruun waa takka hin balleessinee beekhu takkaa argu.

وَلَا تَجْعَلْنِي مَعَ الْقَوْمِ الظَّالِمِينَ ﴿١٥٠﴾

\*Yaa Rabbi waanin obboleessa kiyya haaruunitti dalage naaf araarami,

قَالَ رَبِّ اغْفِرْ لِي

\*Obboleessa kiyyaafis araarami,yoo kan balleessa qabaatuu taye,

وَلِأَخِي

\*Rahgmata yookaa qanani tee keessa nu seensisi,

وَأَدْخَلْنَا فِي رَحْمَتِكَ

**151}** \*Ati kan warra rahgmata namaaf godhu hundarraa rahgmata namaa godhuu, ati kan rahgmata bal'atuu.

وَأَنْتَ أَرْحَمُ الرَّحِيمِينَ ﴿١٥١﴾

\*Warri dibicha san Rabbi godhate sun,

إِنَّ الَّذِينَ اتَّخَذُوا الْعِجَلَ

\*Qixaan'i Rabbii isaanii isaan mudatu'uu  
taa'a

سَيَنَا هُمْ غَضَبٌ مِّن رَّبِّهِمْ

\*Xiqqeenyinis addunyaa tanarratti isaan

وَذَلَّةٌ فِي الْحَيَاةِ الدُّنْيَا

mudatu'uu taa'a, duuba Rabbiin lubbuu teessan ajjeesaa je'ee isaan ajajee isaan qixaaxe, yoo isaan if ajjeesan isaanii araaramu'uu jecha, ammas xiqqeenya hanga guyyaa qiyaama'atti keessaa hin baane itti mure, biyyaa isaan baasu'uun,  
**152}** \*Akkasitti warra Rabbitti balleesse hunda qixaan'a .

وَكَذَلِكَ نَجْزِي الْمُفْتَرِينَ ﴿١٥٢﴾

\*Warri dilii dalagee eegasii irraa deebi'ee,

وَالَّذِينَ عَمِلُوا السَّيِّئَاتِ ثُمَّ تَابُوا مِنْ بَعْدِهَا

\*Rabbitti amananii waan inni je'u dhagayan,  
qulqulleessanii ibaadan ,

وَأَمَّنُوا

**153}** \*Rabbiin kee eega isaan dili'irraa deebi'anii, kan isaanif araaramu, ammallee kan isaanif rahgmata godhu.

إِنَّ رَبَّكَ مِنْ بَعْدِهَا لَغَفُورٌ رَّحِيمٌ ﴿١٥٣﴾

\*Duuba hoggaa dallansuun nabi muusa'arraa cabxu, yookaa aarii irraa gad deebi'u,  
yookaa cal'isu,

وَلَمَّا سَكَتَ عَنْ مُوسَى الْغَضَبُ

\*Lowhota towraat keessatti katabame, kan duraan aaran darbe lafaa guurate,

أَخَذَ الْأَلْوَابِحَ

\*Lowhota lafaa guurate san keessatti wanni katabame,

وَفِي دُخَانِهَا

\*Waan nama qajeelchu, ammallee waan hulaa rahgmata namaa banuutu jira,

هُدًى وَرَحْمَةً

**154}** \*Warra Rabbii isaanii sodaatuf, kan sodaa isaatif waan gaarii dalagee waan hamtuu dhiisuf.

لِلَّذِينَ هُمْ لِرَبِّهِمْ يَزْهَبُونَ ﴿١٥٤﴾

\*Nabi muusan ummata isaa warra dibichan ibaadinirraa nama torbaatama marxate, filate,

وَأَخْتَارَ مُوسَى قَوْمَهُ سَبْعِينَ رَجُلًا

\*Maqoo teenyaf waytii nuti isa dubbisu-

لِمِيقَاتِنَا

udhaf isaaf qabne akka wajji dhufaniif jecha, warra dibicha ibaade araara barbaadu'uu jecha, duuba hoggaa bakka Rabbiin nabi muusaa itti dubbisu'uuf yaame san gayan, yaa muusaa Rabbi nu garsiisi je'an, duuba hoggaa san dachiin isaanin sossoote, takkaa wanni dachiin isaanin sossootef isaantu warra dibicha ibaade san dibicha ibaadu'urraa hin dhoowwini'iifi,

\*Duuba hoggaa dachiin sossoo'insa jabaa  
isaanin sossootu,

فَلَمَّا أَخَذَتْهُمُ الرَّجْفَةُ

\*Nabi muusan akki je'e ;yaa Rabbi odoo

قَالَ رَبِّ لَوْ شِئْتَ أَهْلَكْتَهُم مِّن قَبْلُ وَإِنِّي

feetee odoo jarri kun naan wajji as hin dhufin ummatuma keessatti naafii isa-  
anillee fixxaa, akka ummanni argutti, akka isaatu fixe je'anii nan dareemne,

\*Yaa Rabbii keenya waan wallaalan keenya  
dalageef nu fixxaa, yaa Rabbii keenya waan  
warri badaan dalagee jettee nun fixin je'e ,

أَهْلَكْنَا بِمَا فَعَلَ السُّفَهَاءُ مِنَّا

\*Yaa Rabbi wanni yookaa balleessan

إِنَّ هِيَ إِلَّا فِتْنَتُكَ

warri waan beyne keessa bu'e sun fitnaa, yookaa mokkorrii teeti, tan namaan  
mokkoru'uu jecha itti nama seensiftu, kan qajeelufii kan jallatu mul'isu'uu  
jecha ,

\*Kan mokkorrii saniin nama feete kan jal-  
lina maraxataa beyte, jaliftu,

تُضِلُّهُنَّ مِن شَاءٍ

\*Kan nama qajeelloo isaa feete,kan qajeel-  
loo maraxataa beyte, qajeelchitu,

وَتَهْدِيهُنَّ مِن شَاءٍ

\*Yaa Rabbi siyi aanan keenya kan dubbiin  
teenya harka isaa jirtuu,

أَنْتَ وَلِيْنَا

\*Dilii teenya nuuf araaramii, rahgmata nuu  
godhi,

فَاعْفِرْ لَنَا وَأَرْحَمْنَا

155} \*Ati irra caalaa warra namaa araara-  
muutii.

وَأَنْتَ خَيْرُ الْعَافِرِينَ ﴿١٥٥﴾

\*Yaa Rabbi waan gaarii addunyaa tana ke-  
essatti nuu qoodi,jiruu gaari'iifii dalagaa ga-  
arii hegeree qabdu nuu qoodi,

﴿ وَكَتُبْنَا فِي هَذِهِ الدُّنْيَا حَسَنَةً

\*Aakhira'attis waan gaarii nuu tolu nuu  
katabi, jannata nu seensisi,

وَفِي الْآخِرَةِ

\*Nuti gara kee deebinee,

إِنَّا هَدَيْنَاكَ إِلَيْنَا

\*Jennaanin Rabbiin akki je'e ; azaabni ki-  
yyaa naman fedheenaa qixaaxa,

قَالَ عَذَابِي أُصِيبُ بِهِ مَن أَشَاءُ

\*Rahgmanni kiyya kan addunyaa tanarratti  
waa hunda wal gayu, kaafiraafii islaamallee  
wal gayu,

وَرَحْمَتِي وَسِعَتْ كُلَّ شَيْءٍ

\*Ammoo aakhira'atti rahgmata kiyya warra  
Rabbi sodaatu qofaafan kenna,

فَسَاكُنْتُمُ اللَّذِينَ يَنْقُورُونَ

\*Warra zakaa baafatu,

وَيُؤْتُونَ الزَّكَاةَ

156} \*Warra aayata keenyatti amanu.

وَالَّذِينَ هُمْ بِآيَاتِنَا يَوْمُونَ ﴿١٥٦﴾

\*Warra ergamaa Rabbii ,

الَّذِينَ يَتَّبِعُونَ الرَّسُولَ النَّبِيَّ  
الْأُمِّيَّ

\*Kan katabbii malee qara'u dhugo'oomsee jala deemu, ergamaan Rabbii kan katabbii malee qara'u sun nabi Muhammadi. Nageenyi isarratti haa jiraatuu,

الَّذِي يَجِدُونَهُ مَكْنُوبًا عِنْدَهُمْ

\*Kan yahuuda'aafii nasaaraa biratti katabamee argan

فِي التَّوْرَةِ وَالْإِنْجِيلِ

\*Towraatiffii injiil keessatti bifa isaatiffii maqaa isaa argan,

يَأْمُرُهُمْ بِالْمَعْرُوفِ وَيَنْهَاهُمْ عَنِ الْمُنْكَرِ

\*Nabiyyicha waan gaari'itti isaan ajajee waan hamtu'urraa isaan dhoowwu,

وَيُحِلُّ لَهُمُ الطَّيِّبَاتِ

\*Ergamaa Rabbii,kan waan mi'oytuu, towraatiffii injiil keessatti isaanirratti haraam godhamte, halaal isaanii godhu,

وَيُحَرِّمُ عَلَيْهِمُ الْخَبَائِثَ

\*Kan waan hamtuu isaanirratti haraam godhu, kan akka bakhtii nyaatu'uufaa,

وَيَضَعُ عَنْهُمْ إِصْرَهُمْ

\*Kan heera ulfaataa isaanirraa buusu ,takkaa waan ulfaatu isaanirraa lafa kaayu,

وَالْأَغْلَالَ

\*Kan waan jajjabduu, heera jajjabaa isaanirraa lafa kaayu,

الَّتِي كَانَتْ عَلَيْهِمْ

\*Kan shari'aa ulfaattuu jajjabduu towraat

keessatti isaanirra kaayamte isaanirraa buusu,wanni ulfaattun itti dalaguu turan , yoo dilii dalaganii araara barbaaduu fedhan,if ajjeessan malee, araara hin argatan, ammas yoo waan akka wayaa isaanii najaasan , xuriin, tuyxe, bakka san muranii darban malee hin xahaaramtu,duuba kana hunda Rabbiin sababaa nabi Muhammadiin irraa lafa kaaye,yookaa irraa dhiisee,

فَالَّذِينَ آمَنُوا بِهِ

\*Duuba orma yahuuda'aafii nasaara'arraa namni nabi Muhammaditti amane ,

وَعَزَّوهُ

\*Warri isa guddise,

وَنَصَّرُوهُ

\*Kan isaaf tumsee isa gargaare,

وَاتَّبَعُوا النَّورَ الَّذِي أَنْزَلَ مَعَهُ

\*warri nuura nabi muhammadiin wajji buufamee jala deeme, nuurri qur'aanaa, namni qur'aana jala deemee nabi Muhammad jala deemee hadiisa isaa qabate,

157} \*Warri milkaaye isaani , nama biraatii mitii.

أُولَئِكَ هُمُ الْمُفْلِحُونَ ﴿١٥٧﴾

\*Yaa ergamaa kiyya muhammad wanni nama hundaan jettu an ergamaa Rabbiiti,

قُلْ يَأَيُّهَا النَّاسُ إِنِّي رَسُولُ اللَّهِ

\*Isin hundatti waan nama taye hundatti,

إِلَيْكُمْ جَمِيعًا

\*Inni na erge,Rabbii dachi'ii samii uumee qabu,

الَّذِي لَهُ مُلْكُ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ

\*Isa malee Rabbiin biraa hin jiru,

لَا إِلَهَ إِلَّا هُوَ

\*Rabbii waa jiraachisu,kan ajjeesu,

يَحْيَى وَيُمِيتُ

\*Rabbiifii rasuula isaa Muhammaditti amanaa,

فَقَامُوا بِاللَّهِ وَرَسُولِهِ

\*Nabiyyicha katabbii beekhuu malee qara'u,

النَّبِيِّ الْأُمِّيِّ

\*Nabiyyicha Rabbiifii qur'aana isatti amanutti, amanaa,

الَّذِي يُؤْمِنُ بِاللَّهِ وَكَلِمَاتِهِ

\*Isa jala deemaa,

وَاتَّبَعُوهُ

158} \*Akka karaa gaarii qajeeltanii milkooytaniif jecha .

لَعَلَّكُمْ تَهْتَدُونَ ﴿١٥٨﴾

\*Ummata nabi muusa'arraa tuutatu jira , tuuta haqaan nama qajeelchitu,

وَمِنْ قَوْمِ مُوسَى أُمَّةٌ يَهْتَدُونَ بِالْحَقِّ

159} \*Tan haqaan firdii gootu.

وَبِهِ يَعْدِلُونَ ﴿١٥٩﴾

\*Ummata israa'iil gosa kudha lamatti adaan babaafnee guddifne,anba anba isaan goonee,

وَقَطَعْنَاهُمْ اثْنَتَيْ عَشْرَةَ أَسْبَاطًا أُمَمًا

\*Hoggaa, yookaa gaafa ummanni Muusa'aa gammoojjii siina'aa keessatti dheebotanii bishaan dhabanii, nabi muusa'arra bishaan barbaadan dubbadhu, gaafas wanni nabi muusa'aan jenne,

وَأَوْحَيْنَا إِلَىٰ مُوسَىٰ إِذِ اسْتَسْقَاهُ قَوْمُهُ

\*dhagaa bakka san jiru tokko, kan nabi muusan san dura qaama dhiqatu'uu jecha, hucuu baafatee irra kaayannaan, huccu'uun duraa ceye san ulee teetin dhawi jennee, duuba dhawee,

أَنْ أَضْرِبَ بِعَصَاكَ الْحَجَرَ

\*Duuba akkasitti dhoyan ijji bishaanii kudha lama dhagaa san keessaa baqayxe, yookaa irraa burqite, lakkoysa gosa isaanitiin,

فَأَنْبَجَسَتْ مِنْهُ اثْنَتَا عَشْرَةَ عَيْنًا

\*Dhugumaan gosti hundi adda addaan ija bishaan dhagaa sanirraa bayuu, qabatee haqa isi'iitifii haqa gosa taanii addaan bartee bakka irra dhuydu gosti hundi beyte,

قَدْ عَلِمَ كُلُّ أُنَاسٍ مَشْرَبِهِمْ

\*Gammoojjii barahaa, oow'a jabaaattu, diida gaaddisa hin qabne keessatti, duumessa isaanirra qabne, adu'urraa isaanii gaaddisoomsu'uu jecha,

وَوَلَّلْنَا عَلَيْهِمُ الْغَمَّ

\*Gammoojjii san keessatti daymaafii foon coomaa isaanif buufnee,

وَأَنزَلْنَا عَلَيْهِمُ الْمَنَ وَالسَّلْوَىٰ

\*Waan gaarii nuti isinii kennine nyaadha'aa galata nuu galchaa, waan nuti isiniin jennu dhagayu'uun jenneen, haa tayuu waan nuti jennu dhagayuu didanii, rizqii san isaanirraa dhaabne,

كُلُوا مِن طَيِّبَاتِ مَا رَزَقْنَاكُمْ

**160** } Ormi sun, waan nuti jenneen diduudhan nun miine, haa tayuu lubbuma isaaniti miidhan, waan sababaa cubbuu isaanitiif waan gaarii hunda dhabaniif jecha, ammallee waan azaabni sababaa dilii isaanitiif isaan eegatuuf jecha .

وَمَا ظَلَمُونَا وَلَكِن كَانُوا أَنفُسَهُمْ

يَظْلِمُونَ ﴿١٦٠﴾

\*Gaafa orma israa'iilin ganda beytul maqdis kana qubadha'aa,

وَإِذ قِيلَ لَهُمُ اسْكُنُوا هَذِهِ الْقَرْيَةَ

\*Rizqii ganda, yookaa biyya san keessatti uumnerraa bakka feetanii nyaadhaa isaanin je'ame,

وَكُلُوا مِنْهَا حَيْثُ شِئْتُمْ

\*Wanni nuti barbaannu nuuf araaramuu je'aa,

وَقُولُوا حِطَّةٌ

\*Hulaa yooka balbala ganda sanii hoggaa seentan mataa gad qabataadhaa seenaa

وَادْخُلُوا الْبَابَ سُجَّدًا

\*Dilii teessan hoggaa san isiniif araaramnaa,

تَغْفِرْ لَكُمْ خَطِيئَتَكُمْ

**161** } \*Warra isinirraa ibaadaa teenya heddommeysef sawaaba yookaa galata guddaa idaanaa beekhaa, gaafa orma israa'iilin akkas jenne dubbadhu.

سَتَزِيدُ الْمُحْسِنِينَ ﴿١٦١﴾

\*Duuba warri isaanirra Rabbitti balleesse waan itti ajajaman akka itti ajajamanirraa jirjiiran akka dalagaa je`aniin dalaguu oolanii,

فَبَدَّلَ الَّذِينَ ظَلَمُوا مِنْهُمْ قَوْلًا غَيْرَ الَّذِي

قِيلَ لَهُمْ

baakka {hgixxatun} je'an {hgabbatun fii shakgratin} je'anii, bakka miilan deema'aa mataa gad qabata'aa balbala ganda sanii seenan, huddu'uun lafarra shorroyfata'aa seenanii,

\*Duuba hoggaa san samiidharraa azaaba isaanitti ergine,

فَأَرْسَلْنَا عَلَيْهِمْ رَجْرًا مِنَ السَّمَاءِ



162} \*Sababaa isaan dilii,yookaa cubbuu dalaganiif jecha.

\*Mee waan ganda bahara diimaa maddii jiru ,kan {iiylaat } je'amutti bu'erraa ya huu-dii gaafadhu,balleessa warri ganda sanii balleessef balaa isaanitti buuterraa isaan gaafadhu,

\*Gaafa warri ganda sanii guyyaa sabti`ii cubbuu yookaa dilii dalagu, diliin isaan dalagan ,qurxummii Rabbiin guyyaa sabti'ii hin al'oolinaa je'een guyyaa sabti'ii keessa al'oolu',

\*Kan Rabbiin isaan mokkoru'uu jecha qurxummiin isaan fedhan, yookaa jaalatan guyyaa sabti'ii kan isa keessa qurxummii al'oolu'urraa dhoowwaman isaanii dhuftu,

\*Dirree baatee bishaan gubbaa yaa'aadhaa ,

\*Ammoo guyyaa sabtii hin tayin, guyyaa isaan sabtii hin qabne ,

\*Qurxummiin isaanitti hin dhuftu,

163} \*Akkasitti sababaa isaan karaa Rabbir-

raa bayaniif, isaan mokkorra, guyyaa sabti'ii qurxummii itti erginee ,guyyaa kaan irraa dhoowwinee, duuba warri ganda sanii bakka sadiyitti adda baye ,gamni tokko ni al'oollate, gamni tokko irraa dhoowwe ammoo gamni tokko wajji hin al'oolle, irraayis hin dhoowwine.

\*Gaafa jarri hin al'oolin kan irraayis hin dhoowwin ,warra jara san qurxummii al'oolu'urraa dhoowwen je'e,

\*Maalif warra Rabbiin sababaa isaan qurxummii al'oollataniif isaan balleessu

\*Takkaayuu qixaaxa jabaan isaan qixaaxu gorsitan je'aniinii anaannatan dubbadhu,

\*Duuba warri isaan gorsu akki je'e wanni gorsinee qurxummiidharraa dhoowwinuuf gaafii Rabbii jalaa bayu'uufi je'aniin, akka maalif irraan dhoowwinaa nuun hin jenne guyyaa qiyaama'aa,

بِمَا كَانُوا يَظْلِمُونَ ﴿١٦٢﴾

وَسَأَلَهُمْ عَنِ الْقَرْيَةِ الَّتِي كَانَتْ حَاضِرَةَ  
الْبَحْرِ

إِذْ يَدْعُونَ فِي السَّبْتِ

إِذْ تَأْتِيهِمْ حِيَتَانُهُمْ يَوْمَ سَبْتِهِمْ

شُرْعًا

وَيَوْمَ لَا يَسْبِتُونَ

لَا تَأْتِيهِمْ

كَذَلِكَ نَبِّئُهُمْ بِمَا كَانُوا يَفْسُقُونَ ﴿١٦٣﴾

وَإِذْ قَالَتْ أُمَّةٌ مِنْهُمْ

لِمَ تَعْظُونَ قَوْمًا لَللَّهِ مُهْلِكُهُمْ

أَوْ مَعَذِبُهُمْ عَذَابًا شَدِيدًا

قَالُوا مَعذِرَةٌ إِلَىٰ رَبِّكُمْ

164} \*Akka ammallee Rabbi sodaatanii qurxummii al'oolu'urraa dhaabbatan gorsa keeyan kajeelu'uufi.

وَلَعَلَّهُمْ يَنْقُوتُونَ ﴿١٦٤﴾

\*Duuba Rabbiin akka je'e hoggaa warri gorfame waan gorfameen san dhagayuu dhiisee qurxummii al'oollate,

فَلَمَّا نَسُوا مَا ذُكِّرُوا بِهِ

\*Warra waan hamtu'urraa qurxummii al'oolu'urraa isaan dhoowwe balaa jalaa nagaya isaan baafnee,

أَنْجَيْنَا الَّذِينَ يَنْهَوْنَ عَنِ السُّوءِ

\*Warra qurxummii Rabbiin irraa dhoowwe al'oolee cubbuu dalage azaaba jabaadhan isaan fuune, takkaa qixaan'e

وَأَخَذْنَا الَّذِينَ ظَلَمُوا بِعَذَابٍ بَئِيسٍ

165} \*Sababaa isaan Rabbitti balleessaniif jecha

بِمَا كَانُوا يَفْسُقُونَ ﴿١٦٥﴾

\*Duuba hoggaa isaan waan irraa dhowwaman dhiisu'urraa if guddisanii dalagan, {kgataw} jechuun; amrii Rabbirraa if guddisan jechu'uu,

فَلَمَّا عَتَوْا عَنْ مَا نُهُوا عَنْهُ

166} \*Jaldeeyyii tayaa, xiqqaadhaa jenneenii jarri guyyaa sabti'ii qurxummii Rabbiin irraa isaan dhoowwe al'oollate jaldeessa taye.

فَلَمَّا هُمْ كُتُوبًا قَرَدَةً حَاسِرِينَ ﴿١٦٦﴾

\*Rabbiin kee beysisee jira,

وَإِذْ تَأَذَّنَ رَبُّكَ

\*Akka yahuuda'atti ergu hanga guyyaa qiyaama'atti,

لِيُبَعِّنَ عَلَيْهِمْ إِلَى يَوْمِ الْفَيْصَةِ

\*Nama qixaaxa hamaa isaan qixaaxu horii

مَنْ يَسُومُهُمْ سُوءَ الْعَذَابِ

isaanirraa fuudhu'uuffii, isaan xiqqeessu'uuffii, ajjeesu'uun, duuba Rabbiin nabi sulaymaan isaanitti ergee isaan xiqqeessee, eegasii namicha {bukhtunussar} je'amu tokko itti ergee isaan balleessee, hanga nabi Muhammad hin ergaminitti orma majuusaa je'amu gabbaruu turan, ammoo eega islaamni dhufeyyis, warri islaama dide, islaama gabbarruu turee, tanaaf jecha hanga guyyaa qiyaama'atti yahuudan xiqqeenya keessaa hin baatu,

\*Rabbiin kee kan qixaaxa, warra cubbuu dalagetti jarjarsu,

إِنَّ رَبَّكَ لَسَرِيعُ الْعِقَابِ

167} \*Ammallee Rabbiin kee kan warra isa dhagayuuf araamee, rahgmata isaanii godhu

وَإِنَّهُ لَغَفُورٌ رَحِيمٌ ﴿١٦٧﴾

\*Orma yahuuda'aa adda babaafneti addunya keessa facaafne, ummata ummata gonee,

وَقَطَعْتَهُمْ فِي الْأَرْضِ أُمَّمًا

\*Orma yahuuda'arraa warra tola'aatu jira ,kan karaa haqaa islaama qabate,

مِنْهُمْ الصَّالِحُونَ

\*Ammas orma yahuuda'arraa warra haalli isaanii, haala warra tolee hin geenye, kan sanii gadiititu jira, kan Rabbitti kafareefii, kan cubbuu sanii gadii dalageetu jira,

وَمِنْهُمْ دُونَ ذَلِكَ

\*Orma yahuuda'aa san, mokkorree jirra,

وَبَلَوْنَهُمْ

168} \*Waan gaari'iifii waan hamtuudhan

بِالْحَسَنَاتِ وَالسَّيِّئَاتِ لَعَلَّهُمْ يَرْجِعُونَ ﴿١٦٨﴾

akka badi'irraa deebi'anii galata nuu galchan laalu'uuf jecha, qananii isaanii kenninee ,quubsinee ,fayyifnee, ammas akka obsanii karaa haqarratti du'an laalu'uu jecha, rakkoo isaanitti finnee, beelessinee, dhukkuba itti buufne, akkasuma nama feene isaanirraa qajeelchinee.

\*Haa tayuu eega isaan dabranii warri karaa jalla'aan isaan jala deemu isaanirraa hafe, takkaa wanni isaan horan isaanirraa hafe,

فَخَلَفَ مِنْ بَعْدِهِمْ خَلْفٌ

\*Kan kitaaba towraat abbootii isaanirraa dhaalan,

وَرِثُوا الْكِتَابَ

\*Kan addunyaa hin jirre tana , halaalifii, haraam, addaan hin laalanii walitti qabatan ,kan haqa balleessu'uu jecha ,towraat Rabbiin buuse jirjiiru'uu jecha gubboo namarraa fudhatan,

يَأْخُذُونَ عَرَضَ هَذَا الْأَدْنَى

\*Yoo maalif kana dalaydan je'aniin? Cubbuun nuti dalaynu tun dhiifama nuuf godhamti ,Rabbiin nuuf araarama araara isarra barbaanna je'an,

وَيَقُولُونَ سِعْفِرْنَا

\*Yoo ammas horii haraam argan gubboo

وَإِنْ يَأْتِيهِمْ عَرَضٌ مِثْلَهُ، يَأْخُذُوهُ

tayuu waan biraa tayuu, hin lagatanii numa fudhatan, sanumaan wajji Rabbiin nuuf araaramaa kajeelan, kanuma towraat keessa Rabbiin nama hamtuu dalaguuf oduma inni hamtuu dalagu'utti jiruu, kan dhiisee gara Rabbi hin deebi'in, ni araaramaan hin jirre, akkuma diinaa biraa keessa hin jirre,

\*Si towraat keessatti baallamni isaanirraa hin fuudhamnee,

أَلَمْ يُؤْخَذْ عَلَيْهِمْ مِيثَاقُ الْكِتَابِ

\*Akka dhugaa malee kijiba Rabbirra hin keenye?,

أَنْ لَا يَقُولُوا عَلَى اللَّهِ إِلَّا الْحَقَّ

\*Kan waan isa keessa jiru qara`anii waan inni dubbate beekhanii eehamanii, akkamitti Rabbiin nama isatti ballesef oduma inni dalagaa hamtu'utti jiruu ni araaramaaf jecha Rabbiirraa kaayan,

وَدَرَسُوا مَا فِيهِ

\*Mana aakhira'aatu, qananii aakhira`atti

وَالَّذَارِ الْآخِرَةُ خَيْرٌ لِّذِينَ يَتَّقُونَ

argatantu} qananii addunya'aadharra caala, warra Rabbi sodaadhaf haraam dhiisef ,maalif wanni addunya'aa gaaddisa dabru, ammoo kan aakhira'aa waan aya'aati, yookaa zalaalami'iiti,

169} \*Si kana beytanii aakhiraa hin maraxattanii?

أَفَلَا تَعْقِلُونَ ﴿١٦٩﴾

\*Warri isaanirraa kitaaba towraat dhugo'omsee qabatu,

وَالَّذِينَ يُمَسِّكُونَ بِالْكِتَابِ

\*Salaata salaatu,kan akka {abdullaahi binu salaam} galata guddaa nu biraa qaban,

وَأَقَامُوا الصَّلَاةَ

170} \*Nutu galata nama waan gaarii dalagee duraa hin balleessinu.

إِنَّا لَا نُضِيعُ أَجْرَ الْمُصْلِحِينَ ﴿١٧٠﴾

\*Gaafa gaara buqqifnee orma yahuuda'arra qabne,

وَإِذْ نَفَقْنَا الْجِبَلِ فَوْقَهُمْ

\*Akka gombisaadhatti yookaa xilaadhatti ,

كَانَهُمْ ظُلَّةٌ

\*Kan inni isaanirra kufaa,yookaa dhaqaa

وَطَنُوا أَنَّهُ وَقَعَ بِهِمْ

yookaa bu'aa siyanii, sodaatanii, muddaman,qissaa isaanii dubadhu, gaafni Rabbiin gaara buqqisee orma yahuuda'arra qabe, gaafa isaaan towraat qeebaluu didan,

\*Kan gaara saniin isaan sodaachifne , waan nuti isinii kennine jabeessa'aa qabadhaa,

خُذُوا مَاءَ آتَيْنَكُمْ بِقُوَّةٍ

\*Waan towraat keessa jirutti dalagaa,

وَأَذْكُرُوا مَا فِيهِ

171} \*Akka Rabbitti balleessu'urraa sodattan jenneen dubbadhuu yaadachiisi.

لَعَلَّكُمْ تَتَّقُونَ ﴿١٧١﴾

\*Yaa ergamaa kiyjaa muhammad gaafa Rabbiin kee ilmaan aadam dudda abbootii

وَإِذْ أَخَذَ رَبُّكَ مِنْ بَنِي آدَمَ مِنْ ظُهُورِهِمْ ذُرِّيَّتَهُمْ

isaanirraa isaan baasee yookaa uume dubbadhu ,takkaa akkana jechuun; gaafa Rabbiin nabi aadam uume, waan ilmaan isaa taye hunda dudda isarratti wallitti qabee, akkuma isaan booda dhalatu'uu taa'anitti isaan uume, alaamaa dandeytii isaa, tan akka inni Rabbii isaanii taye isaan beysiftu, isaan agarsiisee,

\*Duuba isaanuma akka inni Rabbii isaanii taye ifitti isaan masakkarsiise,

وَأَشْهَدُهُمْ عَلَىٰ أَنفُسِهِمْ

\*An Rabbii keessanii mitii? je'ee isaan gaafannaan,

أَلَسْتُ بِرَبِّكُمْ

\*Dhuga', ati Rabbii keenya, akkana tayuu kee ragaa baane je'anii, dubbii Rabbii dhagayan, duuba waan gaafa san argame dubbadhu,

قَالُوا بَلَىٰ شَهِدْنَا

\*Wanni kana dalayneef, wanni waan ilma namaa taye hundaaf, waan uumne kan isaan arganii dhagayaniifii, aylii isaanii kennineef, akka guyyaa qiyaama'aa hin jenne'eefi,

أَن تَقُولُوا يَوْمَ الْقِيَامَةِ

172} \*Nuti karaa Rabbii tokkichatti amanu'uu hin beyne, namni nu qajeelche hin jiru hin jenne'eef.

إِنَّا كُنَّا عَنْ هَذَا غَافِلِينَ ﴿١٧٢﴾

\*Takkaa akka abbootii teenyatu nu dura Rabbitti kafaree,

أَوْ نَقُولُوا إِنَّمَا أَشْرَكَ آبَاؤُنَا مِن قَبْلُ

\*Nuti ilmaan isaanitii, waan isaan itti jiran garreeti isaan jala deemnee, kufriin nuti itti jirru waan nuti karaa goonee mitii, waan abbootin teenya karaa gootee,

وَكُنَّا ذُرِّيَّةً مِّنْ بَعْدِهِمْ

173} \*Yaa Rabbii keenya waan namni

أَفَنهَلِكُنَا بِمَا فَعَلَ الْمُبْطِلُونَ ﴿١٧٣﴾

biraa kan sitti balleesse dalageef nu qixaaxxaa, hin jenne'eefi, namuufuu waan inni qabatee Rabbittiin amanuun goone, tanaaf jecha guyyaa qiyaama'aa nam tokkolleen waan himatu hin qabne, yoo kafaree gaafatame.

\*Akkasitti aayata takkaa alaamaa karaa diinaa keenyaa isaanii ibsina akka isi'iin qajeelaniif jecha,

وَكَذَٰلِكَ نَقُصِّلُ الْآيَاتِ

174} \*Ammallee akka jallinaafii kufrii isaan irra jiranirraa deebi'aniif jecha karaa isaan qajeelchine.

وَلَعَلَّهُمْ يَرْجِعُونَ ﴿١٧٤﴾

\*Oduu namicha tokko kan kabiirrotii

وَأَتْلُ عَلَيْهِمْ نَبَأَ الَّذِي ءَاتَيْنَاهُ ءَايَاتِنَا

yahuuda'arraa taye, kan beekkomsa keenya isaa kenninee maqaa Rabbii kan yoo isaan Rabbi khadhatan waan khadhatan namaa kennu isa barsiifnee darajaa guddoo isaaf kenninee,

\*Duuba darajaa san hunda keessaa baye

فَأَنسَلَخَ مِنْهَا

aayata keenyatti kafaree, maqaa san darbee, oduu namicha sanii orma yahuudi'irratti qara'i, kabiirtichi sun kan {bal'aam ilma kgwaraa'} je'amu, qaalicha yahuuda'aa kan yoo eebbise argatu, kan yoo abaare cubbisu, duuba hordoftoonni isaa wareega itti geessanii, nabi muusaa nurraa abaarii ajjeesi je'aniinii nabi

muusaa abaaree, hoggaa san Rabbiin beekkomsa duraan kenneef, qaallummaa isaaf kenne, irraa fuudhee, arrabni keessaa bayee dheerina keessa laphee gayee xiqqaate,

\*Akkasitti sheyxaanni isa dhaqqabee jaala isaa tayee,

175} \*Warra jallatarraa taye

فَاتَّبَعَهُ الشَّيْطَانُ

فَكَانَ مِنَ الْغَاوِينَ ﴿١٧٥﴾

\*Odo feene silaa namicha san waan isaa kennine saniin darajaa isaa ol fuunaa,

\*Haa tayuu addunyaadhatti goreeti,

\*Jaalala lubbuu isaa jala deemee aakhiraa dhiisee , addunyaa filatee xiqqaate,

\*Xiqqeenya keessa arrabni keessaa bayee rarra'ee, wanni fakkaatu saree,

\*Tan yoo ariite arraba baafttee, hafuura darbitu,

\*Tan yoo ari'uu baattes arraba,baafttee hafuura darbitu,

\*Wanni dubbanne sun ,

\*Fakkeessaa,yookaa haala warra aayata keenyatti kafareeti,takkaayuu kijibsiiseti,

\*Oduu kuffaara dur kan nuti isaan qixaan'e yahuuda'aaf odeessi,

176} \*Akka waan saniin gorfamanii amanaaniif jecha

\*Yaa hammeenya waan warri aayata keenyatti kafare fakkaatuu, yaa hammeenya qixaaxa isaan mudatanii,

177} \*Warri aayata keenya qeebaluu didee

diinaa Rabbi qabatuu didee Rabbi kijibsiise, isaan ifuma miidhan malee, nama biraatii miti, waan sababaa saniin lubbuu isaanii ibidda naqaniif jecha .

\*Namni Rabbiin qajeelloo isaa fedhe isaatu qajeela',

178} \*Ammoo namni Rabbiin jallise ,isumaatu jallatee khasaarame.

\*Dhugumaan ibiddaa jecha uumne,

وَلَوْ شِئْنَا لَرَفَعْنَاهُ بِهَا

وَلَكِنَّهُ أَخْلَدَ إِلَى الْأَرْضِ

وَاتَّبَعَ هَوَاهُ

فَمَثَلُهُ كَمَثَلِ الْكَلْبِ

إِنْ تَحَمَلَ عَلَيْهِ يَلْهَثُ

أَوْ تَرَكَهُ يَلْهَثُ

ذَلِكَ

مَثَلُ الْقَوْمِ الَّذِينَ كَذَبُوا بِآيَاتِنَا

فَأَقْصَصَ الْقَصَصَ

لَعَلَّهُمْ يَتَفَكَّرُونَ ﴿١٧٦﴾

سَاءَ مَثَلًا الْقَوْمِ الَّذِينَ كَذَبُوا بِآيَاتِنَا

وَأَنْفُسُهُمْ كَانُوا يَظْلِمُونَ ﴿١٧٧﴾

مَنْ يَهْدِ اللَّهُ فَهُوَ الْمُهْتَدِي

وَمَنْ يَضِلَّ فَأُولَئِكَ هُمُ الْخَاسِرُونَ ﴿١٧٨﴾

وَلَقَدْ ذَرَأْنَا لِجَهَنَّمَ

\*Jinni'ifii namarraa, nama hedduu akka qoraan ibiddaa tayaniif uumne,

\*Warri azaabaf uumne sun qalbii numa qabanii ,haa tayuu qalbii saniin haqan beekan

\*Isaan ija ni qabanii, haa tayuu haqan argan,

\*Isaan gurra numa qabanii haa tayuu haqan dhagayan,akkana jechuun hayn'in galuuf, waan arganii dhagayaniin hin gorfaman jechu'

\*Isaan akka looniti,inuma isaan loonirra hamo', takkaa beyladaa hin gayan, maalif beyladaan yoo qalatan fooni,

179} \*Isaan sun warra homaa hin beyne, kan aakhiraa dagatee if miidhe.

\*Rabbiin maqootii gaggaarii {99} sagaltamii sagal qaba ,tan yoo isiidhan Rabbi khadhahan waan khadhahan san namaaf kennu,

\*Maqootii saniin Rabbi khadhadhaa, yookaa yaammadhaa,

\*Warra maqootii Rabbii keessatti haqarraa

maqu itti dhiisaa dubbii isaanii jalan deemina'aa {yulhgiduun} jechuun; kanneen maqaa Rabbiin ifiin yaamerraa maqanii waan biraatin yaaman jechuun ,akkasuma warra maqaa Rabbiitin waan biraa yaamu jalan deeminaa jechu',

180} \*Jarri maqaa Rabbii akka malee godhu sun aakhira'atti jazaa waan dalaganii qixaaxa argatu'uuf jiraatan.

\*Waan uumnerraa ummata haqaan nama qajeelchutu jira,

181} \*Warra haqaan firdii godhu isaan ummata nabi Muhammadii.

\*Warra qur'aana keenya kijibsiise,

\*Xiqqo xiqqoon isaan fuuna, takkaayuu qabna,

182} \*Karaa isaan hin beyneen ,takkaayuu quban qabneen, sun akka warra kafareef, waan gaarii kennee hoggaa isaan if dagatan azaaba takkaa dhukkuba,yookaa balaa ,yo-

كَثِيرًا مِنَ الْجِنَّ وَالْإِنْسِ

هُم قُلُوبٌ لَا يَفْقَهُونَ بِهَا

وَهُمْ أَعْيُنٌ لَا يُبْصِرُونَ بِهَا

وَهُمْ آذَانٌ لَا يَسْمَعُونَ بِهَا

أُولَئِكَ كَالْأَنْعَامِ بَلْ هُمْ أَضَلُّ

أُولَئِكَ هُمُ الْغَافِلُونَ ﴿١٧٩﴾

وَلِلَّهِ الْأَسْمَاءُ الْحُسْنَىٰ

فَادْعُوهُ بِهَا

وَذُرُوا الَّذِينَ يَلْحَدُونَ فِي أَسْمَائِهِ

سَيَجْرُونَ مَا كَانُوا يَعْمَلُونَ ﴿١٨٠﴾

وَمِمَّنْ خَلَقْنَا أُمَّةٌ يَهْدُونَ بِالْحَقِّ

وَبِهِ يَعْدِلُونَ ﴿١٨١﴾

وَالَّذِينَ كَذَّبُوا بِآيَاتِنَا

سَنَسْتَدْرِجُهُم

مِنْ حَيْثُ لَا يَعْلَمُونَ ﴿١٨٢﴾

okaa du'a , itti fidu'uuti.

\*Orma kafare saniif waytii yookaa yaroo-dhan dheeressa, hanga namni waa nu gaafatu hin jiru je'anii,cubbuu keessa dabran takkatti,

**183** } \*Qixaan'i kiyya hogгаа isaan qixaaxun geesse jaba'aa,namni isaanirraa deebisu hin jiru.

\*Si akkaan gad laalanii hin beekhanii, takkaa hin baranii ,

\*Akka saahgibni isaanii Muhammad maraataa hin tayin, akka inni nama guutuu waan gaari'itti nama yaamu taye laalanii hin beekhanii wanni maraataa isaan je'aniif maali ?

**184** } \*Nabi Muhammad waan biraatii mitii nama isin sodaachisee karaa Rabbii keessanii isin qajeelchu dirree bayee.

\*Si qabeenya Rabbiin sami'iifii dachii qabu, laalanii hin amananii?

\*Ammallee waan biraa tan Rabbiin uume laalanii dandeeyii inni qabu arganii ittin amananii?

\*Ammas duuti isaanitti dhiyaatuu yaadatanii odoo kufri'irratti hin duune dafanii hin islaamayanii,

**185** } \*Si ormi kuffaaraa sun yoo qur'aanatti amanuu didan wanni haqaa tan isaan eega qur'aanatti amanuu didanii itti amanani maali

\*Namni Rabbiin jallise nama isa qajeelchu hin qabu, karaa Rabbii malee karaan qajee-llo'oo hin jiru,

**186** } \*Rabbiin warra jallate jallina keessatti isaan dhiisa, akka dhama'anii jallina keessa naannawan {yakgmahuun} jechuun; dhama'anii deddeebi'u jechu' .

\*Guyyaa qiyaama'arraa si gaafatan, gaafam dhufa je'anii,

وَأْمَلِي لَهُمْ

إِنَّ كَيْدِي مَتِينٌ ﴿١٨٣﴾

أَوَلَمْ يَنْفَكُوا

مَا بَصَحِهِمْ مِنْ جَنَّةٍ

إِنَّ هُوَ إِلَّا نَذِيرٌ مُّبِينٌ ﴿١٨٤﴾

أَوَلَمْ يَنْظُرُوا فِي مَلَكُوتِ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ

وَمَا خَلَقَ اللَّهُ مِنْ شَيْءٍ

وَأَنْ عَسَى أَنْ يَكُونَ قَدِ اقْتَرَبَ أَجْلُهُمْ

فِي آيِ حَدِيثٍ بَعْدَهُ. يُؤْمِنُونَ ﴿١٨٥﴾

مَنْ يُضِلِلِ اللَّهُ فَكَأَيُّ هَادِي لَهُ.

وَيَذَرُهُمْ فِي طُغْيَانِهِمْ يَعْمَهُونَ ﴿١٨٦﴾

يَسْتَأْذِنُكَ عَنِ السَّاعَةِ أَيَّانَ مَرَسْنَاهَا



\*Wanni isaanin jettu beekkomsii gaafa qiyaaman dhaabbattuu Rabbii kiyya bira jira, isaatu beekha ji'iin

قُلْ إِنَّمَا عِلْمُهُا عِنْدَ رَبِّي

\*Namni guyyaa yookaa waytii qiyaaman keessa dhaabbattu mul'isu hin jiru , Rabbi malee {yujallihaa} jechuun; mul'isu jechu',

لَا يُجِيبُهَا لَوْ قُنِيَ إِلَّا هُوَ

\*Qiyaaman warra sami'itifii dachi'irratti ulfaattee jirti ,

نُقِلَتْ فِي السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ

\*Qiyaaman dingatatti malee isinittin dhuftu isinii ifirraa quban qabne, kan namuu adda addaan dalagaa keessa jiru ,

لَا تَأْتِيكُمْ إِلَّا بَعَثَةٌ

\*Akka waan ati Rabbi gaa fattee gaafii keessa, gaafa qiyaaman dhaabbattu barte si godhniiti si gaafatan, sirraa baru'uu jecha

يَسْتَلُونَك كَأَنَّكَ حَفِيٌّ عَنْهَا

\*Beekkomsii guyyaa qiyaaman dhaabbattuu Rabbi bira jiraa,

قُلْ إِنَّمَا عِلْمُهُا عِنْدَ اللَّهِ

187} Haa tayuu akka beekkomsii is'ii Rabbi bira jiru irra hedduun namaa hin beekhu ji'iin.

وَلَكِنَّ أَكْثَرَ النَّاسِ لَا يَعْلَمُونَ ﴿١٨٧﴾

\*Wanni ummata keetin jettu ;an gabricha Rabbiitii khayrii yookaa nafii Rabbiin lubbuu tiyyaaf qoode malee nafii biraa isi'ii fiduu hin dandayu,

قُلْ لَا أَمْلِكُ لِنَفْسِي نَفْعًا

\*Akkasuma hamtuu lubbuu tiyyarraa deebisuu hin dandayu,

وَلَا ضَرًّا

\*Waan Rabbiin fedhe yoo taate malee, maalif kheyii Rabbiitu naa fidaa sharrii Rabbiitu narraa qabaa, an waanan Rabbii achitti ifii godhuu dandayu hin qabu,

إِلَّا مَا شَاءَ اللَّهُ

\*Waan natti dhufu'uu taa'u odo'on beekhee,

وَلَوْ كُنْتُ أَعْلَمُ الْغَيْبِ

\*Silaa dalagaa waan naa toluutin heddommeyfadhaa

لَأَسْتَكْتَرْتُ مِنَ الْخَيْرِ

\*Wanni hamtuun,takka hiyyumma'aa faan nan tuyxuu irraayin if eegaa,

وَمَا مَسْنِي السُّوءِ

\*An waan biraatii mitii, na ma Rabbiin ibiddaan kuffaara sodaachisee akka amanan isaan godhu'uuf erge,

إِن أَنَا إِلَّا نَذِيرٌ

188} \*Ammallee an nama warra amane jan-nataan gammachiisu'uuf ergame malee waan biraatifii miti.

وَبَشِيرٌ لِّقَوْمٍ يُؤْمِنُونَ ﴿١٨٨﴾

\*Rabbiin na erge, kan itti amanuun isinirratti jiru isa lubbuu takkitti'irraa isin uume sun aadamii,

\*Kan jaartii aadam aadamumarraa uumef ,isiin hawwaadhaa,

\*Akka isiidhan booharuuf jecha , Rabbi

in hawwaa jaartii aadam qaama aadamirraa uume,cinaacharraa wanni qaama isarraa isaaf uumef,akka jaalalti isaan jiddu'utti jabaattu'uufi, maalif namni akkuma lubbuu ifii jaalatu qaama ifii jaalataa,

\*Nabi aadam hoggaa jaartii isaa hawwa'atti ida'amu,

\*Ulfa saphlaa ulfooyte, kan waan jalqaba ulfaa tayeef isi'itti hin ulfaanne,

\*Kan ulfa saniin olii gad deemtu waan ulfiti hin guddatiniif,

\*Ammoo hoggaa ulfiti guddattee itti ulfa-attee, dhalaa dhiyaattu, wanni garaa isi'ii keessa jiru namaa mitii waan biraa tayuu so-daatanii,

\*Rabbii isaanii khadhatanii akki je'an,

\*Yaa rabbi yoo nama qaamni isaa guutu'uu nuu kennite,

189} \*Warra akkaan galata sii galchurraa taana je'an.

\*Duuba hoggaa Rabbiin ilmoo guutuu isaa-

nii kennee dhalatee ,ilmaan aadamiifii hawwa'aa heddommaatani wal horan akkuma aadamiifii hawwa'atti haadhaa abbaan namaa ilmoo guutuu argatuu Rabi khadhatanii, hoggaa Rabbiin isaanif kennu,gariin isaani galata Rabbii galchee, ammoo gariin isaanii galata isaa galchuu dhiisee,

\*Inumaa waan Rabbiin isaan lamaanif

kenne keessatti shariika Rabbiif godhan,waanuma Rabbiin uume gabricha Rabbii je'anii yaamuu dhiisanii gabricha sanamaa,yookaa ibliis je'anii yaaman , sanama ormi kuffaaraa gabbarurraa tokko laata, uzzaa, manaata, duuba ilma Rabbi khadhatanii argatan, san akka waan sanamni uumee godhanii ,gabricha hgaaris,gabricha uzza'aa gabricha laataa, gabricha iisa'aa faa je'anii yaamanii sanama Rabbitti qindeessan yookaa hiriyaa isaaf godhan,

190} \*Rabbiin waan kuffaari itti qindees-

﴿ هُوَ الَّذِي خَلَقَكُمْ مِنْ نَفْسٍ وَاحِدَةٍ ﴾

وَجَعَلَ مِنْهَا زَوْجَهَا

لِيَسْكُنَ إِلَيْهَا

فَلَمَّا تَعَسَّأَهَا

حَمَلَتْ حَمَلًا خَفِيًّا

فَمَرَّتْ بِهِ

فَلَمَّا أَتَتْ

دَعَا اللَّهَ رَبِّهَمَا

لَيْنِ آتَيْنَا صَلَاحًا

لَنَكُونَنَّ مِنَ الشَّاكِرِينَ ﴿١٨٩﴾

فَلَمَّا آتَاهُمَا صَلَاحًا

جَعَلَا لِلَّهِ شُرَكَاءَ فِيمَا آتَاهُمَا

فَتَعَلَى اللَّهِ عَمَّا يُشْرِكُونَ ﴿١٩٠﴾

surraa guddate, Rabbiin wahayurraayuu du-reesa.

\*Si asnaama waa takka uumuu hin dandeenye Rabbitti qindeessanii?,

**191}** \*Asnaama dhaga'aafii muka Rabbiin uumerraa tolchaniibaadan Rabbitti qindeessanii?.

\*Asnaamni isaan gabbaran, mukni isaan ibaadan waan isaan miidhu isaanirraa deebisuu hin dandayu,

**192}** \*Waan biraa dhiisii lubbuu ifirraa hamtuu deebisuu hin dandanyan, mukni isaan gabbaran nama isa muru'uu deemu ifirraa deebisuu hin dandayu.

\*Asnaama takkaa muka ibaaddan san yoo karaa qajeello'otti yaamtan,

\*Isin dhagayanii isin jala hin deeman, waan ayli'iifii gurra hin qabneef jecha,

**193}** \*Karaa qajeello'otti isaan yaamu'uufii irraa cal'isuun keessan wal qixaa, duuda'aa waa takkan dhagayan.

\*Wanni isin Rabbii achitti ibaaddan yookaa gabbartan,

\*Gabroottan Rabbiin uume kan akka keessaniitii,

\*Yaamaa mee haa isin jalaa owwaatanii,

**194}** \*Yoo asnaamni ibaaddan sun Rabbi jehuu keessatti kan dhugaa dubbattan taatan.

\*Si asnaamni isin gabbartan miila deemaaniin qabuu,

\*Si asnaamni harka wahiin dhawu qabanii,

\*Si isaan ija wahiin argan qabanii,

\*Takkaa isaan gurra wahiin dhagayan qabuu? hin qaban jechu',

\*Orma kuffaaraa kan wanni nuti gabbarru

أَيْشِرْ كُونَ مَا لَا يُخْلُقُ شَيْئًا

وَهُمْ يَخْلُقُونَ ﴿١٩١﴾

وَلَا يَسْتَطِيعُونَ لَهُمْ نَصْرًا

وَلَا أَنفُسَهُمْ يَنْصُرُونَ ﴿١٩٢﴾

وَإِنْ تَدْعُوهُمْ إِلَى الْهُدَىٰ

لَا يَتَّبِعُواكُمْ

سَوَاءَ عَلَيْكُمْ أَدَعَوْتُهُمْ أَمْ أَنْتُمْ صَالِحُونَ ﴿١٩٣﴾

إِنَّ الَّذِينَ تَدْعُونَ مِنْ دُونِ اللَّهِ

عِبَادٌ أَمْثَلُكُمْ

فَادْعُوهُمْ فَلْيَسْتَجِيبُوا لَكُمْ

إِنْ كُنْتُمْ صَادِقِينَ ﴿١٩٤﴾

أَلَهُمْ أَرْجُلٌ يَمْشُونَ بِهَا

أَمْ لَهُمْ آيْدٍ يَبِطِشُونَ بِهَا

أَمْ لَهُمْ أَعْيُنٌ يَبْصُرُونَ بِهَا

أَمْ لَهُمْ آذَانٌ يَسْمَعُونَ بِهَا

قُلْ ادْعُوا شُرَكَاءَكُمْ

jinni'iifii mukaafii ,dhagaan,si cubbisaa waan hamtu'uun isaan hin dubbatin je'ee,si sodaachisuun wanni jettu; mee waan isin Rabbii achitti ibaaddan san yaama'aa,

\*Eegasii natti diraa,

ثُمَّ كِيدُونَ

195} \*Qaaxaroo naan qabina'aa laalaa waa takka na miidhuu isi'ii hin sodaadhuu ji'in.

فَلَا تُنظِرُونَ ﴿١٩٥﴾

\*Waliyyiin kiyya kan naaf dirmatu Rabbi, waaqa,

إِنَّ وَلِيِّ اللَّهِ

\*Rabbii kitaaba qur'aanaa buuse,

الَّذِي نَزَّلَ الْكِتَابَ

196} \*Inni kan warra tole hundaaf dirmatu, gargaaru.

وَهُوَ تَوَلَّى الصَّالِحِينَ ﴿١٩٦﴾

\*Ammoo wanni isin Rabbii achitti ibaaddan, mukni isin gabbartan,

وَالَّذِينَ تَدْعُونَ مِنْ دُونِهِ

\*Isinii dirmatuu hin dandayan, waa isinii taruu hin dandayan,

لَا يَسْتَطِيعُونَ نَصْرَكُمْ

197} \*Akkasuma lubbuu ifille'ee dirmatanii

وَلَا أَنْفُسَهُمْ يَنْصُرُونَ ﴿١٩٧﴾

hamtuu ifirraa dhoowwuu hin dandayan, waan biraa dhiisii, sanamni isaan gabbaran yoo jeedalloon yookaa sareen irratti fincooyte ifirraa deebisuu hin dandayu ,tanaaf jecha namichi tokko jeedalloon luka ol qabatee sanamarratti fincooytu argee ,akki je'e; si wanni isin Rabbi jettaniin waanuma jeedalloon irratti fincooytu kanaa? yoo kanuma taate wanni jeedalloon irratti fincooyte numa xiqqaate je'e .

\*Orma kuffaaraa san yoo karaa qajeello'otti yaamtan,

وَإِنْ تَدْعُوهُمْ إِلَى الْهُدَى

\*Isin hin dhagayan, isin dhagayanii isin jala hin deeman,

لَا تَسْمَعُوا

\*Wanni ati gartu isaanii ija hamtu'uun si laalu,

وَتَرْبُهُمْ يُنظِرُونَ إِيَّاكَ

198} \*Isaan haqa isin itti yaamtan hin argan ,waan qalbiin isaanii jibbansa keessan guutamteef jecha.

وَهُمْ لَا يُبْصِرُونَ ﴿١٩٨﴾

\*Haala namarra waanuma isaan dalaguu dandayan qabadhu, waa hunda laaffisiif nama sitti balleessef araarami,

خُذِ الْعَفْوَ

\*Waan gaari'itti isaan gorsi

وَأْمُرْ بِالْعُرْفِ

199} \*Warra homaan beyne kan sitti ballee-

وَأَعْرِضْ عَنِ الْجَاهِلِينَ ﴿١٩٩﴾

sse irra dabriif ,balleessaa isaanii balleessa'aan hin deebisin, makgnaan kanaa; nama ifirraa si fageessu ifitti dhiyeysi, nama si aarsurraa aara hin bayinii yookaa gadoo hin bayinii obsi, nama si miidhe irra dabriif jechu'.

\*Yoo sheyxaanni waan itti si ajajne kana-  
rraa si mayse, si jallise, si waswaasee, waan  
hamtuu si dalaysiisu'uu ke'e, dallansuufaa  
sitti fidee,

وَأَمَّا يَزْعَمَنَّكَ مِنَ الشَّيْطَانِ نَزْعٌ

\*Sheyxaanarraa Rabbitti maganfadhu , rab-

فَأَسْتَعِذْ بِاللَّهِ

biitu sirraa deebisaa,nabi Muhammad akki je'e; {sheyxaanni afaan isaa qalbii ilma namarra kaayateeti taa'aa yoo namichi Rabbi maqaa dhawe , dheyseti dachii seena, ammoo yoo Rabbi maqaa dhayuu baate qalbii isaaati liqimsaa} je'e, tanaaf jecha dawaan qalbi'ii, dallooyni sheyxaana qalbi'irraa eegu zikrii Rabbiiti, Rabbitti maganfatu,

**200** } \*Rabbiin kan waan namni je'u dhag-  
ayuu, kan waan dalagamu beekhu .

إِنَّهُ سَمِيعٌ عَلِيمٌ ﴿٢٠٠﴾

\*Warri Rabbi sodaatu hoggaa wanni isaan  
yaachisu ,

إِنَّ الَّذِينَ اتَّقَوْا إِذَا مَسَّهُمْ طَائِفٌ

\*Sheyxaanarraa isaanitti dhufe , balaan she-  
yxaanni deemun isaan tuyxee, karaa haqa-  
rraa jallatu'uu ka'e,

مِنَ الشَّيْطَانِ

\*Qixaaxa Rabbii yaadataniiti xilaatummaa  
sheyxaanaa beekhanii,

تَذَكَّرُوا

**201** } \*Hoggaa san haqa arganii jallina inni  
itti isaan yaamurraa deebi'an .

فَإِذَا هُمْ مُبْصِرُونَ ﴿٢٠١﴾

\*Ammoo obboleeyyan sheyxaanaa kuffa-  
arfii warri jallate, kan Rabbi hin sodaanne,

وَإِخْوَانُهُمْ

\*Sheyxaanni jallina keessa isaan fageessa,  
waan isaan Rabbitti balleessaniif jecha,

يَمْدُونَهُمْ فِي الْغَيِّ

**202** } \*Duuba warri jallate sun eega sheyxa-

ثُمَّ لَا يَقْصِرُونَ ﴿٢٠٢﴾

anni akkasitti jallina keessa isaan fageessee jallinarraan dhaabbatan, akka ormi Rabbi sodaatu qixaaxa Rabbii yaadatee irraa dhaabbatutti, jallinarraan dhaabbatan.

\*Warra Rabbi moromutti mukgjizaa isaan  
barbaadan yoo fiduu baatte,

وَإِذَا لَمْ تَأْتِهِمْ بِآيَةٍ

\*Wanni isaan je'an maalif mukgjizaa sirra  
barbaanne ifumarraa kaaftee nuttin finne  
siin je'an,

فَقَالُوا لَوْلَا أَجْتَبَيْتَهَا

\*Wanni isaanin jettu; an waa takka if biraa hin fidu, an waan Rabbii kiyyarraa naa dhufe jalan deema ji'in

\*Qur'aanni kun waan Rabbirraa isinii dhufe kan karaa haqaa isin garsiisu,

**203}** \*Ammallee inni waan qajeello'oofii ragata warra Rabbi dhugo'oomsuf qabu.

\*Hoggaa qur'aanni qara'ame isa dhaggeeffadhaa, waan dubbii taye dhiisaa, khuxbaanis akkasi,

**204}** \*Akka rahmata Rabbii keessanii

argattan nabi Muhammad nageenyi isarratti haa jiraatuu akka je'an ; namni aayata takkittii qaraatii isiidhaa dhageeffate galata dacha dacha'aatu isaaf katabama, ammoo namni aayata takkittii qur'aanarraa qara'e guyyaa qiyaama'aa nuura isaaf taati.

\*Rabbii kee qalbii teetin yaadadhu dhoysa'atti ,

\*Isaaf gad je'aadhaa ,

\*Isa sodaata'aa ,

\*Ammallee dubbata'aa, kan akkaan qooqa ol hin fuune ,kan akkaan qooqa gad hin qabanne, zikrii godhi,

\*Ganamaafii galgala,

**205}** \*Warra zikrii Rabbii dagatteraa hin tayin.

\*Warri Rabbii kee bira jiru, malaaykan Rabbii jechuudhaa,

\*Ibaadaa Rabbirraa ifin guddisan hogguma takka ibaadaa Rabbirraa hara hin baafatan,

\*Ormi malaayka'aa halkanii guyyaa Rabbii isaanii waan isaan hin malle hundarraa qulqulleessan,

**206}** \*Isaaf sujuudanii, isuma qofaaf gad je'anii, isuma qofa ibaadanii, isinis akka isaanii tayaa yaa ilmaan aadam.

قُلْ إِنَّمَا أَتَّبِعُ مَا يُوحَىٰ إِلَيَّ مِنْ رَبِّي

هَذَا بَصَائِرٍ مِنْ رَبِّكُمْ

وَهُدًى وَرَحْمَةً لِّقَوْمٍ يُؤْمِنُونَ ﴿٢٠٣﴾

وَإِذَا قُرِئَ الْقُرْآنُ فَاسْتَمِعُوا لَهُ وَأَنْصِتُوا

لَعَلَّكُمْ تَرْحَمُونَ ﴿٢٠٤﴾

وَأَذْكُرَنَّكَ فِي نَفْسِكَ

تَضَرُّعًا

وَخِيفَةً

وَدُونَ الْجَهْرِ مِنَ الْقَوْلِ

بِالْعُدُوِّ وَالْأَصْبَالِ

وَلَا تَكُنْ مِنَ الْغَافِلِينَ ﴿٢٠٥﴾

إِنَّ الَّذِينَ عِنْدَ رَبِّكَ

لَا يَسْتَكْبِرُونَ عَنْ عِبَادَتِهِ

وَيَسْجُدُونَ

وَلَهُ يَسْجُدُونَ ﴿٢٠٦﴾